

**WAALLEE DUBBII WALQUUNNAMTII DAREE BARUMSA  
AFAAN OROMOO KEESSATTI: HAALA MANA BARUMSA  
SADARKAA LAMMAFFAA BIIFTUU AAYIRAA**

**KUTAA 10FFAA**

**TAMASGEEN TAAYYEE HIIKAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANII,  
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE  
AFAAN OROMOO,OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA,2011/2019**

**FINFINNEE**

**WAALLEE DUBBII WALQUUNNAMTII DAREE BARUMSA  
AFAAN OROMOO KEESSATTI.HAALA MANA BARUMSA  
SADARKAALAMMAFFAA BIIFTUU AAYIRAA  
KUTAA 10FFAA**

**TAMASGEEN TAAYYEE HIIKAA**

**GORSAAN:ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRRII LAMMAFFAA (MA)  
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUN GAMISAAN  
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,  
OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOTAA  
JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE  
AFAAN OROMOO,OGBARRUUFU FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

## **Yuuniversiitii Addis Ababaa**

### **Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaaqorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii guuttachuuf Tamasgeen Taayyee Hiikaatiin mata duree ‘waallee dubbii walquunnamtii daree barumsaa Afaan Oromoo keessatti’mana barumsaa Biiftuu Aayiraa sadarkaa lammaffaa kutaa kurnaffaa irratti qophaa’e adeemsa barbaachisu guutee kan dhiyaate.

### **Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa:\_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa\_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa :\_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa\_\_\_\_\_

Gorsaa :\_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

**Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

## **Axereera**

*Kaayyoon qorannoo kanaa, Waalleen dubbii walquunnamtii daree barumsaa Afaan Oromoo keessaa xiinxalurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, gaaffiiwwan waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti mul'atu maal fakkaata, ergaan waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessa dabarsuufi eenyummaa barataafi barsiisaa daree barumsichaa keessatti waallee dubbiiin ijaarame maal fakkaata kan jedhuufi deebii isaa bira gahuuf waallee dubbii afaaniifi walquunnamtii Afaan Oromoo irratti argamu gadifageenyan ragaaleen mana barumsichaa keessa funaanaman qaaccessaan ilaalameera. Kanaafuu, qorannoo kana geggeessuuf qorataan saxaxa ibsaatti fayyadameera. Saxaxa ibsaa keessaa ammoo, mala akkamtaatti kan fayyadamee yoo ta'uu, Sababni akkamtaatti fayyadameef immoo qorannoo kana irra caalaatti qabatamaa taasisuuf jechaatti fayyadamee odeeffannoo waan funaanteefidha. Argannoon argame akka agarsiisutti, Kan barsiisaa giddu galeessa godhateedha. Carraan waallee dubbichaa haala dalaga gochaawwan adda addaa itti dalagu hin jiru; kaka'umsi yookiin si'aayinni barattoonni hiika waallee dubbii caasichaa keessatti argachuuf itti carraaqan hin mul'atu; haalli barattoonni ergaa waliigalaa isaan hawaasa keessatti jiruufi jireenya isaanii keessatti isaan muddatu kutaatti calaqqisiisan baay'ee gadi aanaadha; hojiileen kutaa adda addaa barsiisaadhaan qofa kan kutaatti hojjetamaniidha. Kana malees, haalli gilgaalonni garaagaraa kitaaba barataatiin ala ta'an itti hojjetaman, itti fayyadamni meeshaalee deggeersa barnootaa baay'ee muraasa. Hanqinni leenjii barsiisonni jijjiirama tooftaa barnoota afaaniirratti argachuu qabanirraa kan ka'e, kaka'umsi isaan qaban kan haalaan seerota adeemsa hayyuuleen jedhaniin kan walsimatu miti. Kana waan ta'eef, mala baruufi barsiisuu keessatti waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa xiyyeeffannoodhan yoo irratti hojjetame hirmannaafi dandeettiin dubbii barattootaa foyyaa'a adeemuu akka danda'a yaada furmaata isaa keessatti hubachisa.*

## **Galata**

Duran dursee waan hundumaa caalaa bu'a bahii hedduu keessa na dabarsee iddoo kanaan kan na gahe Waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti aansuudhaan, gorsaa koo kan tahan Dr.Addunyaa Barkeessaa dadhabbiifi nuffii tokko malee yeroofi humna isaanii aarsaa godhanii jalqaba qorannoo koo irraa hanga galma gahiinsa qorannoo kootiitti muuxxannoo qaban hunda kan naaf qoodaniifi deggeersa barbaachisu hundaan gargaarsa walirraa hin cinne kan naaf godhaan baay'ee guddaan galateeffadha.

Akkasumas,hojii qorannoo kootiif deggeersa nama barnootarraa jiruuf barbaachisuufi yaada isaaniitiin nuffii tokko malee na faana bu'aa kan na jajjabeessa turan maatii koo hundaaf galata guddaan qaba.Itti dabalatannis,jechootaaf hiika kennurratti deggeersa kan naaf godhaa turan hiriyyoota koo,odeeffannoo adda addaa kan naaf kenna turan hundaafi barsiisota muumme Afaan Oromoo,ogbarruufi fookilooriitti haala dhimma qorannoo na barsiisan naan galateeffadha.

## BAAFATA

### QABIYYEEWWAN

### FUULA

<b>Axereera</b> .....	i
<b>Galata</b> .....	ii
<b>BOQONNAA TOKKO: SEENSA</b> .....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa .....	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
1.7. Hiika Jechootaa.....	7
<b>BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU</b> .....	8
2.1. Seensa .....	8
2.2. Walquunnamtii (Communication) .....	8
2.2.1. Walquunnamtii Daree Barumsa Keessaa .....	8
2.2.2. Dalagalee Daree Barumsa Keessaa .....	9
2.2.2.1.Kaayyoo Dalagaalee Daree Barumsa Keessaa .....	10
2.2.3.Gosoota Walquunnamtii Afaan Oromoo Daree Keessaa.....	11
2.2.3.1.Dalagalee Walquunnamtii Gochaa .....	11
2.2.3.2.Dalagalee Walquunnamtii Hawaasummaa .....	11
2.2.4.Waallee Dubbii Daree Barumsa Afaan Oromoo Keessaa .....	12
2.2.4.1.Fayyadama Afaanii Daree Barumsa keessaa .....	12
2.2.4.2.Haalotaa Fayyadama Afaanii Murteessan .....	13
2.2.5.Ergaa Waallee Dubbii Daree Keessaa.....	13
2.2.5.1.Ulfeessanii Haasa’uu .....	14
2.2.5.2.Hayyaataan Dubbachuu .....	14
2.2.5.3.Kabajaan Dubbachuu .....	14
2.2.5.4.Waallee Dubbii Walitti Dhiheenyaan Dubbachuu.....	14

2.2.5.5.Akkafeeteen Dubbachuu.....	15
2.2.6.Waallee Dubbiifi Ijaarsa Eenyummaa.....	15
2.2.7.Hojiilee Walquunnamtii Keessatti Gaheewwan Barsiisaafi Barataa.....	16
2.2.8.Mala Baruu-Barsiisuu Daree Barumsaa Keessaa .....	17
2.2.8.1.Waallee Dubbii Bu'aaf Barsiisuu .....	17
2.2.8.2.Waallee Dubbii Akka Adeemsaatti Barsiiuu .....	18
2.2.8.3.Waallee Dubbii Akka Ogummaatti Barsiisuu.....	18
2.3. Waallee .....	21
2.3.1.Maalummaa Waallee Dubbii Daree Barnootaa .....	21
2.3.2.Akaakuu Waallee Dubbii .....	22
2.3.2.1.Waallee Dubbii Salphaa.....	23
2.3.2.2.Waallee Dubbii Ulfataa.....	23
2.3.3.Xiinxala Waallee .....	24
2.3.3.1.Maleenya Xiinxala Waallee .....	25
2.3.3.2.Sadarkaalee Xiinxala Waallee .....	26
2.3.3.3.Xiinxala Walhubannoo Waallee .....	26
2.3.3.3.1.Waallee Dubbii Akka Meeshaa Walquunnamtiitti Gargaaramuu .....	27
2.3.3.3.2.Ergaa Tokko Dabarsuuf Humna Waalleen Afaanii Qabu.....	27
2.3.3.3.3.Waallee Dubbii Afaanii Bakka Buusuuf.....	27
2.3.3.3.4.Waallee Dubbii Hariiroo Hawaasummatiif .....	27
2.3.3.3.5.Waallee Dubbii Nama Dhuunfaa .....	28
2.3.3.3.6.Waallee Dubbii Walquunnamtii Faayadamuun Waa Xiinxaluu.....	28
2.3.3.3.7.Waallee Dubbitti Fayyadamuun Waa Kalaquu.....	28
2.3.3.4. Walhubannoo (Interaction) Waallee Dubbii Daree Keessaa Mijjeessuu .....	28
2.3.3.5.Faayidaa Waallee Dubbii Daree Barnoota Keessaa.....	30
2.3.3.6.Deggeersa Waallee Dubbii Daree Barnoota Keessaa .....	30
2.4. Barnoota Waallee Dubbii Daree Barumsa Keessaa.....	31

<b>BOQANNAA SADI:SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA .....</b>	<b>34</b>
3.1.Saxaxa Qorannichaa.....	34
3.2. Mala Qorannichaa.....	34
3.3.Mala Filannoo Iddattoo.....	34
3.4.Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	35
3.4.1.Bargaaffii.....	35
3.4.2.Daawwannaa daree.....	36
3.4.3.Afgaaffii .....	36
3.5.Malleen Xiinxala Ragaalee.....	37
<b>BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAA FI XIINXALA RAGAA.....</b>	<b>38</b>
4.1.Seensa .....	38
4.2.Xiinxala Ragaalee .....	38
4.2.1.Xiinxala Ragaa Barattootaa.....	39
4.2.2.Waallee Dubbii Barsiisaafi Barataa.....	44
4.2.3.Xiinxala Gaaffilee Bargaaffiifi Deebii Barattootni Laatan .....	47
4.3.Ragaalee Barsiisotaa .....	49
4.3.1.Xiinxala Ragaa Barsiisotaa.....	49
4.3.2.Waallee Dubbii Barsiisaafi Barataa.....	54
4.3.3.Xiinxala Gaaffilee Bargaaffiifi Deebii Barsiisotaa .....	55
4.4. Ragaa Bargaaffii Hoggaantootaa Barnootarraa Argame .....	60
4.4.1. Haala Qabiyyee Waallee Dubbiin Walqabate .....	60
4.4.2.Haala To’annoo Barnootaan Walqabate.....	61
4.4.3.Haala Walitti Dhufeenya Barnootaan Walqabatee.....	62
4.4.4. Meeshaalee Deggeersa Barnootaan Walqabate.....	62
4.4.5. Mala Waallee Dubbiin Walqabatee.....	63
4.4.6.Haala Leenjiin Walqabatee.....	63
4.5.Xiinxala Daawwannaa Daree (Result of classroom observation).....	64
4.6.XiinxalaWaallee Qabxii Barataafi Barsiisaa Ilaalchisee Kaa’ame .....	65



<b>BOQONNAA SHAN:GUDUUNFAA,ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA .....</b>	<b>68</b>
5.1. Guduunfaa.....	68
5.2. Argannoo.....	69
5.3. Yaada Furmaataa .....	70
Wabiilee.....	73
Dabalee ‘A’Haala Daawwannaa Daree	
Dabalee ‘B’ Gaafilee Barattootaa	
Dabalee ‘C’ Gaafilee Barsiisotaa	
Dabalee ‘D’ Gaafilee Hoggaantootaa	

# **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

## **1.1.Ariirrata Qorannichaa**

Godinni Wallagga Lixaa, godinnota digdamii tokkoon mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa isaa tokkoodha. Godina kana keessa aanaa digdamii sadiitu jira. Isaan keessa Aanaan Aayiraa ishee tokkoodha. Manneen barumsaa sadarkaa lammaffaa kan mootummaa hedduutu jiru. Aanaa Aayiraa keessa manni barumsa sadarkaa lammaffaan sadiitu jiru. Isaan keessa kan mootummaa sagalii hanga kudha lamaafi miti mootummaa sagalii hanga kudha lamaa kan ta'u, iddoo adda addaa yoo jiratu, sagalii hanga kudhanii ammoo bakka kan birootti argama. Kanneen keessaa manni barumsaa Biiftuu Aayiraa sadarkaa lammaffaa akka carratti iddoo bu'aa (Sampling area) ta'anii akka carraa taasaatti fudhatamee jira.

Magaalaan Aayiraa Finfinneerraa kiloomeetira dhibba shaniifi afur irratti kallattii dhihaattiin kan argamtu daandiin konkolaataa gara dhihaa deemu walakkaa magaalatti kutee kan darbudha. Haalli qilleensa ishee waktii gana baay'ee kan dillaala'u yoo ta'uu, waktii bona ammoo ni oo'itti. Uummanni ishee martiyyuu Afaan Oromoo dubbatu. Magaalaa kana keessatti manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaa sadii, sadarkaa giddugaleessaa lamaafi sadarkaa lammaffaa sadiitu jiru.

Godinni Wallagga Lixaa, godinnota digdamii tokkoon mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa isaa tokkoodha. Godina kana keessa aanaa digdamii sadiitu jira. Isaan keessa Aanaan Aayiraa ishee tokkoodha. Manneen barumsaa sadarkaa lammaffaa kan mootummaa hedduutu jiru. Aanaa Aayiraa keessa manni barumsa sadarkaa lammaffaan sadiitu jiru. Isaan keessa kan mootummaa sagalii hanga kudha lamaafi miti mootummaa sagalii hanga kudha lamaa kan ta'u, iddoo adda addaa yoo jiratu, sagalii hanga kudhanii ammoo bakka kan birootti argama. Kanneen keessaa manni barumsaa Biiftuu Aayiraa sadarkaa lammaffaa akka carratti iddoo bu'aa (Sampling area) ta'anii akka carraa taasaatti fudhatamee jira.

Magaalaan Aayiraa Finfinneerraa kiloomeetira dhibba shaniifi afur irratti kallattii dhihaattiin kan argamtu daandiin konkolaataa gara dhihaa deemu walakkaa magaalatti kutee kan darbudha. Haalli qilleensa ishee waktii gana baay'ee kan dillaala'u yoo ta'uu, waktii bona ammoo ni oo'itti. Uummanni ishee martiyyuu Afaan Oromoo dubbatu. Magaalaa kana keessatti manneen

barumsaa sadarkaa tokkoffaa sadii,sadarkaa giddugaleessaa lamaafi sadarkaa lammaffaa sadiitu jiru. Bara kana mana barumsa Biiftuu jedhame kan waamamuu,keessa dareewwan barnoota digdamnii kan jiran yoo ta'u,kutaa 10ffaa daree tokko keessa barattoota saddeetamii shan fattu ta'ee barata.Barattoota gara dhibba ja'aafi saddeetama ta'niifi barsiisota lamatuu ramadamanii Afaan Oromoo barsiisaa jiru.Bara 1997 eegalee bara kana waliin marsaa 14 ffaadhaaf kutaalee sagalii hanga kudha lama barsiisee qoruuf deema.Mana dubbisa kitaaba gahaa tokkoo,handhuura barumsa tokkoofi manneen fincaanii dhiiraafi shamarranii kan barsiisota tokko tokkootu mul'ata.

Dhalli nama addunyaa kana irratti erga argamee kaasee afaan fayyadama jira. Afaan meeshaa walquunnamtiiti. Meeshummaa isaa kanaanis hawaasa garee adda addaa walquunnamsiisa.Walquunnatiin kunis,dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuun ta,a.Dhaggeeffachuufi dubchuun kan walquunnaman warra hin baranne yoo ta'u,warri baratan garuu,ogummaawwan afaanii hundaanuu walquunnamtii uumuu danda'u.Namoota baratanis ta'ee warri hin baranne haala adda addaatiin afaanitti fayyadamuun walquunnamtii uumu.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa haala ittii barsiisonniifi barattoonni daree keessatti afaanitti fayyadaman xiinxaluu ta'a. Walquunnamtiin daree barumsa afaanii keessatti taasifamu haala fayyadama afaanii daricha keessaa bu'uureffata.

Atkins et al,(1995) akka jedhutti, waalleen dubbii afaan dubbiidhan dhiyaate tokkoo hiika ykn dhaamsa isaa kennuu yookiin himuu danda'uudha.Kana jechuunis,dhaamsa dubbii afaan barsiisaa, barataa,barataafi barsiisaa qamoolee mana barumsicha adda addaa keessatti dhiyaatu hubachuu danda'uudha.Waalleen dubbii dhimoota dubbii dubbata duuba jiran haala jireenya hawaasattiin wal qabsiisuun hiikuufi guddunfuun,buusuufi baasuun ergaa tokkoo uummachuu ykn dabarsuu barbaada.

Akka Rogers,(2001),jedhutti,waallee dubbii jechuun tuuta seerota afaanii akkaataa itti barataniifi barsiisaniidha. Akka ilaalcha kanaatti,waalleen dubbii haala hawaasni tokko akka dhalootaatti walii galuuf baay'ee rakkisa ta'a.Sababni isaas,waallee dubbii akka barnoota himtee qophaatti haalaan qu'atamutti wanta ilaalamuufi namoota gaheen waalleen dubbii walquunnamtii kitaabilee adda addaa manneen barumsaa keessatti bakka guddaa akka qabu irraanfataniiif waallee dubbii meeshaa falaasamaa (philosophical material)afaan kamirrattiyyuu hojiirra ooluu maluu danda'u akka ta'eetti kan ilaalamuudha.

Akkuma yaada hayyoota irra hubatamuutti ilaalchi isaa barnoota irratti kan bu'uure ta'ee, barumsa seera,tartiibawwan jechoonni walitti dhufaniifi waalleen dubbii walquunnamtii barnoota mataa isaa danda'ee afaanota biroorratti hojiirra akka oolu ta'uu kan ibsuudha.Ilaalchawwan hayyuulee garaagaraatiin dhiyaatan, Nasr,(1972); Atkins,(1995) saayinsii xinqooqa afaanii (Linguistic Science) irratti kan xiyyeeffate ta'ee,walumaagalaatti haala barumsa afaan tokkooffadhaan walitti bu'iinsi hin uumamneen walquunnamtiirratti kan hunda'eedha. Akka yaada mala barnoota afaanii amaleeffannaatti,waallee dubbii akka sirna caasota xin-himaa (system of rules of syntax) kan duraa duubaa jechoonni walitti dhufanii himoota dhugumaa qabatan ittin ijaaran yoo ta'u,akka isaa yeroo ammaatti tooftaalee namni tokko hojii walquunnamtii keessatti ergaa fudhatama qabu ittin dabarsuudha. Atkins etal (1995). Himni tokko walitti dhufeenya (tartiibawwan) jechootaatiin malee sirriifi hiika qabeessa ta'uu wanta hindandeenyeef qabxii “tartiiba jechootaa” jedhu kanallee kan of keessa qabu ta'ee xiyyeeffannaan waallee dubbii garuu hiika dabarsuurratti ta'e,caasaa seerluga (Form),hiika isaa (Meaning)fi hiika walitti dhufeenya jiruufi jireenya hawaasa keessatti uumamu (pragmatics) kan keessatti argamuudha.Gama caasaa Afaan Oromootiin yoo ilaalles,kanumaan walsima.Beekumsa waallee afaanii qabachuun dogoggoora uumamuu danda'uurraa kan nama eegu ta'uu, Addunyaa (2010:28) yoo ibsu “Oromoon tokko yaadas ta'ee eenyummaa isaa ibsachuuf ammo,beekumsi caasaa afaan isaa murteessaadha “ jedha.Kanaafuu,caasaa afaanii beekuun barbaachisaa ta'uu hubanna.

Haaluma kanaan,seenaan barnoota waallee dubbii ilaalchawwan baramoofi ammayyaa namoonni garaagaraa qaban kana yoo fakkaatu,tooftaa barumsa walquunnamtii waallee dubbii, keessumattuu kan Afaan Oromoo ilaalchisee, gochawwan barnoota Afaan Oromoo keessatti,mala ammayyaa barnoota waallee dubbii afaan kanaa ilaalchisee,wanti mul'ate hinjiru. Akka muuxannoo qoratichaatti Afaan Oromoo dhiibbeentaan irra caalaan isaa akka afaan tokkoffaatti kan barsiifamuudha.Kana waan ta'eef,barattoonni beekumsa waallee afaanichaa,aadaafi kan kana fakkaatan salphaa ta'een akka hubataniifi haala walquunnamtiin utuu baratani baay'ee filatamaa akka ta'e beektonni barnoota afaanii (Harmer,1987;Atkins et al,1995) ni ibsu.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Akka adeemsa qorannichatti, “Xiinxala waallee dubbii walquunnamtti daree barumsa Afaan Oromoo keessatti” jedhurratti geggeessuuf kan na kakaasee, mana barumsa kana yeroon barsiisuu barattoonni Afaan Oromoo baratan, harki caalaan isaanii adeemsawwan waallee dubbii fayyadamuudhaan of ibsuurratti rakkoo guddaa qabu. Kun ammoo caasaa dubbiitti fayyadamuun waallee dubbii gochuu ta’innaa jedhamee waan yaadamuuf qoratiichi qorannoo kana geggeesse. qorannoon geggeeffame akka waliigalaatti hin argamne. Haa ta’u malee, namoonni tokko tokkoo; Genenew (1992); Lema (1997) mata dureewwan “The problem of teaching grammar” fi “teaching passive voice” akka tartiibaatti ta’anirratti caasaalee gooreewwan waliin dubbiirratti qorannoo adeemsiisanii jiru. Haa ta’u malee, kun kan hojiirra oolinsa mala barumsa walquunnamtii waallee dubbii duukaa waan bakka gahuu hin fakkaatu. Fakkeenyaaf, qoratiichi mana barumsichaatti yeroo waallee dubbiitti fayyadamuun walquunnamtii barsiisuu, barattoonni seenaa isaanii fuula durratti ba’anii akka of ibsan barsiisaan al tokko tokkoo ni taasisa. Barattoonni garuu, gara barattoota fuulduratti ba’uun of ibsuuf fedha kan qaban miti. Barsiisaan garuu, akka isaan ba’anii of ibsan yeroo irraa deebi’e itti himuu, ka’anii gara fuula duraatti erga ba’anii booda, ni sodaatu yookiin of ibsuu jalqabani utuu hin xumuriin, eeyyama barsiisaa osoo hin eegiin fiiguun gara iddoo taa’umsa isaanitti deebi’anii taa’u. Kanumaan kan walqabatu, barsiisaan daree keessatti waallee dubbitti fayyadamuun walquunnamtii barsiisuuf barattoota daree fuuldura ba’anii akka isaan baacoo garaagaraa himan ajajan. Barattoonni sun garuu, barataa fuuldura ba’anii baacoo sana himuuf of kennoo miti. Yookiin immoo akkuma fakkeenya jalqabarratti kaasetti, jalqabani osoo himanii hin xumuriin fiigani gara bakka teessuma isaanitti deebi’uun callisu. Haalli kunis, kallatiin ykn alkallattiin milka’iina jiruufi jireenya isaaniirratti dhiibbaa irraan gahuu danda’a. Kanaarra ka’uun, rakkoon barattoota kanaa maali? Gaaffii jedhu deebisuuf, gaaffilee armaan gadii bu’uura qorannoo kanaa gochuun kaa’een jira:

1. Waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti mul’atu maal fakkaata?
2. Ergaan (message characteristics) waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa dabarsu maal fa’i?
3. Eenyummaan barataafi barsiisaa daree barumsichaa keessatti waallee dubbiitiin ijaarame maal fakkaata?

### **1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa**

Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa, mana barumsa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Godina Wallagga Lixaa daree barumsa Afaan Oromoo keessatti, waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa daree barumsa xiinxaluudha. kaayyoowwan gooreen ammoo kan armaan gadii ta'a:

1. Haala Waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa irra jiru adda baasuu.
2. Ergaa (message characteristics) waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa adda baasuu.
3. Eenyummaa barataafi barsiisaa daree barumsichaa keessatti waallee dubbiitiin ijaarame xiinxaluudha.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kaayyoo jiruun kan wal fakkaatu yoo ta'u, barattoonni ergaa dandeetti waallee dubbii shaakalaan deeggeramanii rakkoo tokkoo malee dubbachuun karaa waa tokko himuttiin duub-deebii jiruufi jireenya akka kennaniif baay'ee isaan gargaara. Barattoonni rakkoo yeroo waallee dubbii isaan muddatu hambisuuf isaan fayyada. Akkuma kanas, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti mala barsiisaan itti gargaaramuun rakkoo dandeetti barattoota waallee dubbii barattoota isaa ittiin furuudha.

Kan malees, sababiin hanqina hojjiirra oolma mala barnoota waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo irraa ka'een, sadarkaa Oromiyaatti manni barumsa gulaantaa lammaffaa keessatti barattoonni waallee dubbiitiin of ibsuu irratti rakkoo qabu. Kan waan ta'eef, qorannoon kun adda dureedhaan barsiisota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaniifi mala barumsa afaanii yeroodha yerootti uumaman irratti akka xiinxalan ni gargaara. Kana malees, dandeetti waallee dubbii kutaa garaagaraa akka gabbisaniifi namoota qorannoo bal'aa waa'ee kanaa irratti geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsatti tajaajiluu danda'a.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Aayiraa mana barumsa sadarkaa lammaffaa Biiftuu barattoota kutaa kurnaffaa baratan irratti kan xiyyeeffatudha.

Sababni qorannoon kun mana barumsa tokkoof waallee dubbii walquunnamtii qofarratti murtaa'eef,rakkoo hanqina yeroofi mallaqaa bu'uura taasifachuunidha.

Akkasumas, rakkoon akka ka'umsa qorannoo kanatti fudhatamee kun naannoo Oromiyaa keessatti argaman qunnamuu danda'a jedhameeti ilaalama. Ta'uus, odeeffanno barbaachisuu manneen barumsa kan hundarraa walitti guruunis humna qorataatiin oli. Kana waan ta'eef, daangaa qorannoo kanaan kan wal qabatu:

- Xiinxala mala barsiisonni kutaa kurnaffaa waallee dubbii Afaan Oromoo barsiisuuf hojiirra oolchuu qaban;
- Miidhaa mala barsiifataa sochii baruufi barsiisuu waallee dubbii walquunnamtiirratti mul'atu ykn yoo argame adda baasuu;
- Sochii baruufi barsiisuu manneen barumsa sadarkaa lammaffaa sadii keessa mana barumsa Biiftuu Aayiraa sadarkaa lammaffaa qofa handhuura qorannoo kanaa taasifachuufi daree garaagaraa (9-12) jiran keessa kutaa kurnaffaa qofarratti kan hunda'eedha.

## **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qoratichi yeroo qorannoo kan adeemsise keessatti hanqinnooni qoraticha mudatan heddun ni jiru.Isaanis,hojii hojjechaa waan baratuuf hanqinni yeroo mudateera.Kanaas,qoratichi yeroo isaa akkumaa ta'etti waliin geessisuun amma tokko furateera.Inni biraan ammoo,namoota waa'ee haala raawwii waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa keessatti odeeffannoo gahaa kennaan akka yaadetti argachuu dhabuufi kanneen beekaniifi odeeffannoo akka kennaniif kan filataman yeroo beellamamaniitti isaan dhabuufaatu mudateera.Kana malees,hanqinni qarshis qoraticha mudateera.Rakkoolee isaa mudatanis,hojii hojjechaa barachuusaaf hanqina isa mudateef odeeffannoo funaanuuf yeroo gahaa waan hin qabneef guyyoota sanbataa lamaan dabalatee halkanillee hojjechuun furachuu danda'eera.Namoota haala raawwii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo barsiisuu beekan hamman irraa barbaade argachuu dhabus yeroo isaaniif mijataa ta'etti deddeebi'uun odeeffannoo barbaachisu walitti qabachuu danda'eera. Rakkooleen adda addaa yoo isa mudatan illee obsaafi tooftaa garaagaraatti fayyadamuun keessa darbuun qorannichi akka milkaa'u godheera.

## 1.7. Hiika Jechootaa

Adeemsa qorannoo kana keessatti jechoonni tokko tokkoo hiika adda ta'e qabachuun faayidaa kenna jiru. Haaluma kanaan, hiikni isaanii kan armaan gadii ta'uun beekamuun, qaamni qorannicha dubbisu akka hubatu qoratichi ni hubachiisa.

**Caasaa waallee dubbii**-akaakuu waallee dubbii qofa utuu hin taane, ergaa dubbichan darbu-urratti kan xiyyeeffateedha.

**Eenyummaa**-namni tokko ergaa dhalate kaasee afaaniifi aadaa inni ittiin beekame ofisaa ibsu-dha.

**Mala baay'inaa**-mala odeeffannoon kaayyoo murtaawaa ta'e tokko filannoowwan murtaawoo ta'aniin ittiin walitti qabamu.

**Mala ibsaa**-mala meeshaalee adda addaatiin odeeffannoon yaada ykn ilaalcha hirmaatotaa ittiin walitti qabamu.

**Waallee**-ijaarsa qaama dubbii walquunnamtii tokkooti.

**Walquunnamtii daree**-dandiiwwan barsiisaafi barataan yaada isaanii ittiin walgeedaran.

**Walhubannoo (interaction)**-waliigaltee yaada wal jijjiiruudhan namoota gidduutti uumamu.

**Waallee dubbii**-wal jijjiiraa yaadotaa garaagaraa.

**Waallee dubbii cimdii**-akkaataawan dubbii namoota lamaafi isaa ol ta'an gidduuttii adeemsifamudha.



# **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

## **2.1. Seensa**

Boqonnaa kana keessatti matadureewwaan garaagaraa kanneen qabiyyee waalleefi walquunnamtii daree barumsaafi ergaa waallee dubbiiif eenyummaa ijaarsa waallee barsiisaafi barataa,dalagalee daree barumsa Afaan Oromoo waliin hariiroo qabaniifi yaada hayyootaan deeggeramantu keessatti dhi'yaate jira.Kunis,haala armaan gadiin kan kaa'amaniidha.

## **2.2. Walquunnamtii (Communication)**

Hayyoonni xinqooqaa tokko tokkoo sagalee dubbiirratti xiyyeeffachuun,afaan kan dhalli nama sagalee dubbii walitti qindeessuun ittiin walii galuu waan ta'eef,meeshaa walquunnamtiiti jedhu.Akka hayyoota xinqooqa hawaasatti ammoo,afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti.Kanneen walitti dhufeenya afaaniifi aadaa qoratanis (Antropologists) gama isaaniitiin afaan baatuu aadaa jedhanii hiiku yaalu isa jedhu.(Addunyaan ,2010:2) ibsee jira.

Hubannoo dhuma yaada hayyootarraa ka'uun,adeemsa kan keessatti jechootaafi himootaaf hiika kenna adeemu.Xumuraarratti ergaan walquunnamtii kanaan darbu isa kan jedhanii cuunfaa isaa kaa'u.Seeraawwan barnootaa walquunnamtii adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti beekamoo ta'an keessaa; Atkins et al; (1995:85) walitti dhufeenya hirmaattoota lamaan dubbataafi dhaggeeffataa gidduu jiru haala murtaawwa ta'e keessatti;xiyyeeffannoon yaada tokkoo akka waalleen dubbii walquunnamtii walirraa hincinne (On going discourse);yeroo wanti tokko itti hojjetame,haala garaagaraa kan akka abdi ofii kennuufi kan kana fakkaatan ni mulatu.

### **2.2.1. Walquunnamtii Daree Barumsa Keessaa**

Mala baruufi barsiisuu afaanii keessatti barnooticha keessa seenuun duraa,maal gochuun qaba? Akkamittin barsiisa,qabiyyeen koo maal ta'uu qaba? Yaada jedhuun of xiinxaluun gosoota barnoota walquunnamtii waallee dubbii akka gaariitii,hubachuuf nu gargaara (Ur,P. 1988:5). Akka yaada beeka kanatti,amaloonni walquunnamtii kanaa walxaxaafi salphaa kan ta'ee of keessa qaba. Kana waan ta'eef; barsiisaan waallee garaagaraa dhiyeessuu dandeetti beekumsa afaanichaatiifi beekumsa ogummaa unkaafi hiika isaa walsimsiisuudhaan barsiisuu qaba. Fakkeenyaaf,dhaggeeffannaa keessatti akkaata waallee dubbichaa hubachuu,hiika waan

dubbatamee dhaggeeffatanii qalbeeffachu;dubbii keessatti itti fayyadama hiika yookaan ergaa (message characters) dabarsuu waalichaatti fayyadamuu;dubbisa keessatti waanta barbaachisee kana ijaan ilaaluudhaan hubachuu,akkasumas,hiika isaa beekuufi barreeffama keessatti fakkeenyawwan adda addaa waallee dubbicha ibsan ijaaruuf waallee dubbichaatti gargaaramuudhaan hiika isaa beekuudha.

Jechoota birootiin;barnoota walquunnamtii waallee dubbii yoo jennu;dubbii garaagaraa kan caasaa waallee dubbicha keessatti hubatamu,akkaata inni barreeffama keessatti itti argamu,mala inni hiika garaagaraa haalotaa adda addaa keessatti itti laatuufi kan kanaan wal fakkaatan of keessatti hammachuu qabuudha (Ur,P.1988) akka jedhetti.

### **2.2.2. Dalagalee Daree Barumsa Keessaa**

Yaadawwan garagaraa dalagalee walquunnamtii barnoota afaanii keessaa inni jalqabaafi ijoon kallatti afaanii kan tajaajilaafi waallee (Functional and discourse aspects of language) irratti bu'uura ta'uudhan (LittleWood,1981:1).Gaaffii "Qabxiilee hojii baruufi barsiisuu afaanii keessatti dareetti hojjetaman kan walquunnamtiiti jechisiisan maal fa'i?" jedhuuf,Atkins and et al (1995:152) yaada qaba.Akka ibsa beeka barnoota afaan kanaatti,sirnaawwan (Principles) handhuura ta'an lamattu dalagalee walquunnamtii keessti hubataman:Sirna qaawwa (The gap principle)fi sirna gochaa (The task principle).Sadarkaan kun barattoonni waallee dubbii barnoota afaanii itti jalqabani kaasee hanga xumura barnootichaati deemuun gocha raawwatudha.Adeemsa kana keessatti kaayyoon egamuufi hojiirra oolu: Kaayyoo waallee dubbii isa bu'uura akka xiinxalan taasisuu,haala waallee dubbii akka qalbeeffatan deeggeruufi qabiyyee waallee dubbichaa keessa walquunnamtii ifa taasisuu.

Dalagalee waallee dubbii walquunnamtii daree barnoota yemmuu filataman,barattoonni hunduu ergaa garaagaraa ta'ee qabaachuu isaa yaada keessa galchuudhaan ka'uu.Inni sirna kanaa,baratan tokko yeroo baratu hir'ina barsiisan isaa wanta inni kana jedhee hin eegne natti hima ykn na barsiisa jedhee qophaa'ee wanta haarawa yemmuu dhagahu dandeetti dubbii yeroo gabaabaa keessatti guddifachuun alattis nufii ofiirra hir'isuu danda'a (Atkins et al,1995). Akka beekan kun jedhutti,barattoonni dareetti wanta tokko hojjechuuf ykn kaayyoo tokko bakkan gahuuf afaanichaatti gargaaramuu qabu.Faayidaan isaas,barattoonni adeemsa (procedure) gochibsa adda addaa dalaguuf jecha caasaa waallee dubbichaa utuu hin taane waanta jedhamerraatti hundaa'u.

Haalli kun immoo barattoota gara itti fayyadama waallee seerlugichaa ykn afaanichaatti kan geessuudha (Atkins et al,1995).

### **2.2.2.1.Kaayyoo Dalagaalee Daree Barumsa Keessaa**

Gaaffii “Gaheen barattoonni hojiilee barnoota afaanii daree adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii keessatti gumaachan maal fakkaata?” jedhuuf, LittleWood (1981:17). deebii kennuuf, kaayyoolee isaan akka ka’umsaatti fudhatan: shaakala hojii dimshaashaatiif gargaaru (They help to carryout the whole task practice); kaka’umsa fooyyessuu (The improve motivation); dandeetti barnoota uumamaa gargaaru (The support natural learning); haalawwan uumu (The create natural learning). Hayyoonni baay’een kan barbaachisummaa barnoota waallee dubbii walquunnamtii akka waliigalaatti daree barnoota afaanii keessatti haalaan dhiyeessan, fakkeenyaaf, Atkins and et al 1995; Harmer, 1987; Nasr, 1972; Celce-Murcia, 1988; LittleWood, 1981 fi kan biro, jabina beekumsa waallee dubbii hinqusatan. Haata’u malee, gaaffiin isaan kaasan “gochaawwan raawwii waallee dubbii tokko tokkoon addaan baasanii akka galma afaan barsiisuutti hubachisuun hagam bu’a qabeessa?” kan jedhudha (LittleWood, 1981:-17-18).

Akka hayyuun kun jedhuutti, barsiisaan yaada dhuunfaa isaa qofa sammuutti fudhachiisuu osoo hin taane, gocha akka walquunnamtii uumuun danda’amuutti shaakalchiisuu qaba. Jecha biraatiin walquunnamtii akka tooftaa beekumsa waallee dubbii itti gargaaramuun afaanicha yeroo gabaabaa keessatti beekuufi itti fayyadamuuf mala filatamaadha. Caaculee si’aayina barattootaa kakaasan keessaa inni guddaan, barumsicha walquunnamtii ittiin adeemsisuuf kaayyeffachuudha. Kanaafuu, kaayyoon hojiilee walquunnamtii daree inni ijoon, caasaa waallee dubbii ta’e qaamota biraa barumsa afaan tokkoo akka karaa waliin dubbii ykn yaada waljijjiiraatti fayyadamuudha. Akka beekan, (LittleWood, 1981) jedhutti, barsiisaan adeemsa waallee dubbii kamuu akkaataa gochaatiin barattoota shaakalsiisuu qaba.

### **2.2.2.2. Adeemsa Ogummaa raawwii Hojii Daree Keessaa**

Ogummaan afaan barumsicha utuu hin eegalamiin dura iyyuu sammuu barattootaa keessatti kan kuufameedha (LittleWood, 1981). Kanaafuu, kan isaaniirra eegamu, beekumsa durumaan horatan kana ittiin dubbachuu ykn yaada waljijjiiru qabu. Akka ilaacha beekaa kanaatti, barsiisaan afaan tokko barsiisuu, akka gahee isaa dareetti, caasaa waallee dubbii tokko akka mata dureetti yoo fudhatu, beekumsa afaanii kan dhalootaa kana gara walquunnamtii haasatti fiduu qaba. Faayidaan

hojiilee walquunnamtii daree adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gumaachan keessaa inni biraa, walitti dhufeenya barattoota gidduu yookiin barsiisaa jidduu jirachuu malu guddisuudha. Walitti dhufeenyi haala kanaan uumamus gama isaattiin haalota adda addaa uumuuf gargaarsa guddaa kenna. Gargaarsi kunis, barumsa afaanichaa yookiin caasaa waallee dubbichaa kan haqaarratti hundaa'e, kan jireenya barattoonni jiraataniin akka walsimu taasisa (LittleWood, 1981). Kanaafuu, barattootarraa sadarkaa kanatti wanti eegamuu inni guddaan hubannoo ofii mirkaneeffachuudha. Kun ammoo, hubannoo dimshaashaa waallee dubbichaa addunyaa qabatamaan wal simsiisuun dandeetti dubbachuufi barreessuu shaakaluuf kana ta'a.

Barsiisaan ammoo, kaayyoo waallee dubbichaa galmaan ga'uuf gaaffilee walii gala hamma dandeetti dubbachuu isaanii madaalu gaafachuu qaba.

### **2.2.3. Gosoota Walquunnamtii Afaan Oromoo Daree Keessaa**

Barattoonni afaaniin maal gochuu akka qaban yaada keessa galchuudhaan gosoota hojiilee walquunnamtii hayyuun LittleWood (1981) lama kaa'a: dalagalee walquunnamtii gochaa (Functional Communicative Activities) fi dalagalee walquunnamtii hawaasummaa (Social verbal interaction Activities) tiin kaa'e.

#### **2.2.3.1. Dalagalee Walquunnamtii Gochaa**

Dalagaleen walquunnamtii gochaa akka ibsa beekaa kanaatti, beekumsa afaanii barattoonni qabaniin sodaa dogoggora waallee dubbii malee gochawwan adda addaa kan akka rakkoowwan garaagaraa hiikuu, hubannoo adda addaa waljijjiiruu, seenaa ofii ykn kan nama biro himuufi kan kana fakkaatan dareetti hojjechuu kan of keessatti hamatuudha.

#### **2.2.3.2. Dalagalee Walquunnamtii Hawaasummaa**

Haalawwan dalagalee walquunnamtii haasawa adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii dareetti hojiirra itti oolu (LittleWood, 1981:44) yoo kaa'u, "We should not forget that the classroom is also a real social context in its own right, where learners and teachers enter into equally real social relationships with each other" jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'aamutti, dareen adeemsi baruufi barsiisuu keessatti adeemsi famu akkaata hawaasa keessatti mul'atu ta'uu kan danda'u barattootaa, barsiisotafi barataa gidduutti mul'atu haala jireenya isaanii yoo giddugaleessa godhateedha. Kanaafuu, barsiisaan seerluga waallee dubbii afaan tokko barsiisu adeemsa ykn

mala godhachuudhaan yaada waljijjiirraa hawaasa kana daree barnoota keessatti mul'isutu irra jira.

#### **2.2.4.Waallee Dubbii Daree Barumsa Afaan Oromoo Keessaa**

Gaaffilee dabalee "A" jalatti ilaalaman qabxiilee ijoo qorannoo kanaa ta'an kan akka amala barattootaa yookiin barsiisaa kutaatti calaqqisu, carraalee adda addaa waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa keessa fayyadamuudhaan,hojiilee yeroo adda addaa kutaatti dalagamaniifi gahee barataafi barsiisaa hojiilee walquunnamtii keessatti maal akka ta'e kan ilaallamaniidha.

Qabxiilee ijoo kun kan armaan gaditti tarraa'an hubachuuf kan tajaajilaniidha:

- Barattoonni dalagaalee waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa keessatti argamanii itti hirmaachuufi dhiisuu isaanii;
- Malawwan meeshaaleen barnoota waallee dubbiiif oolan hirmaannaa barattootaa guddisuufi dhiisuu isaanii;
- Taateewan biro kallattiin yookaan alkallattiin waallee dubbii daangessuu fedhan.

Qabxiilee tokko tokkoon isaanii jalatti waa'ee barnoota waallee dubbii walquunnamtii qabatamummaa deebii barattootaa murteessuuf gaaffiileen lama ol ta'an gaafatamanii jiru.Akkuma kutaa sakatta'a wabiilee keessatti caqafametti,gaafannoon kun barattoota kutaa kurnaffaa dhibbaa tokkoof kan dhiyaatedha.

##### **2.2.4.1.Fayyadama Afaanii Daree Barumsa keessaa**

Afaan waliigaltee ilman namaa gidduutti uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba.Afaan wantoonni jireenya hawaasaa keessatti barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa itti fayyadaman ta'a. Haalli fayyadama immoo iddoowwan garaagaraatti bifa garaagaraatiin hojiirra oola. Fayyadama afaanii rakkoo waallee dubbii daree barumsa keessan walqabataniif furmaata barbaaduun yaadiddama bu'uuraa kaa'uudha. Fakkeenyaaf, rakkoo afaan barnootaa yoo ta'e, afaan tokkoffaa, afaan lammaffaa ykn afaan alaa baruu-barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaaniirratti mul'ataniif furmaataa barbaaduudha. Haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper,L.R (1976) "Itti fayyadama afaan jechuun xiyyeeffannoo garaagarumaa afaan tokkoo yookiin looga tokko keessatti haala dubbii seerlugaan ykn jechaan uumamu,afaanota ykn looga gidduutti uumama

jedhuudha”. Jechuun kaa’a.Kana malees,fayyadama afaanii jechuun tajaajila iddoo adda addaa dhimmota hawaasa keessatti qabudha.

Hayyuun Clark,H. (1996) qabxilee afur kaa’e.Isaanis,fakkeenyummaa itti fayyada afaanii (instance of language use), bal’ina itti fayyadama afaanii (areas of language), ta’iinsa itti ayyadama afaanii (assumption of language use)fi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of language use) kanneen jedhaman itti fayyadama afaanii waliin walqabsiisee kaa’era. Itti fayyadamni afaanii yeroofi iddoo murtaa’e tokkotti ragaa baayina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchaafi amantii akkamii keessatti akka dubbataman kan hammatuudha.Kanaaf,daree barnootaa keessatti akkaata baratan itti fayyadamuufi barsiisan itti fayyadamuu akka yaada hayyotaatti dhugumaan adda addaa ta’uun isaa ni hubatama.

#### **2.2.4.2.Haalotaa Fayyadama Afaanii Murteessan**

Faayidaan afaanii tokko haa ta’u malee,fayyadama afaaniirratti garaagarummaa bal’aatu mul’ata. Afaanota addunyaa kanarraa jiran sababa adda addaan garaagarummaa adda addaa akka qaban beekamadha. Garaagarummaan kun kan dhufuu danda’us, garaagarummaa seenaa, iddoo jireenyaa, siyaasaa, teekinoolojii, amantaa, aadaafi kan kana fakkaatan irraa kan uumameedha. Yaada kana ilaalchisee, Crystal,D. (1987:84) “Language varies enormously in global importance, because historical, demographic, political, technological and social uses.” Akka ibsa kanatti haallan fayyadama afaanii murteessan; dinagdee, teekinoolojii, aadaa, gahee hojiifi kan kana fakkaataniidha.Dabalatanis, sodaafi maal na dhibeen rakkoo guddaa jireenya hawaasummaa nama irratti fiduu danda’a.

#### **2.2.5.Ergaa Waallee Dubbii Daree Keessaa**

Daree barnoota keessatti haalli dhiyaanna baruufi barsiisuu haala barattoota giddugaleessa godhaten yeroo baay’ee hin mul’atu.Kanarraa kaa’un,dhaamsi waallee dubbii daree keessatti calaqqisuu kan barata nuffiisuu fi dadhabsiisuu dabarsa.

Hayyuun Martin Joos (1967) jedhamu haala dhiyeenya ergaa afaanii kan barataa,barsiisaafi hawaasa illee dabalatee akka mul’atutti bakka shanitti qoodeera.Isaanis,akka armaan gaditti kan mul’achuu danda’aniidha.

### **2.2.5.1.Ulfeessanii Haasa'uu**

Haalli dhiyeenya waallee dubbii walquunnamtii kun dhaggeeffattoota hedduu kan barbaadudha. Sadarkaa kanatti dubbataan namoota fuuldura dhaabbatee haasa'uu tokko fayyadama jechootaafi akkaataa toonii waallee dubbii afaan isaa utuu hin filatin of eegannoo malee kan dubbatu yoo ta'e, kanaan ilaalama. As keessatti ergaadhuma gabaabaa tokko dabarsuudhaaf haala ifaata qabuufi tasgabii qabuun dubbachuun ni hubatama. As keessatti ifaan yeroo jennu, namni akka rifatutti yoo ta'uufi waallee dubbii waanta tokko xiyyeeffanna itti kennudhan kan ta'uudhu.

### **2.2.5.2.Hayyaataan Dubbachuu**

Haalli dhiyeenya dandeetti waallee dubbii quunnamtii inni kun akkuma isa ulfeessanii dubbachuu dhaggeeffattoota fuuldurratti kan ta'uudha. Haa ta'u malee, akka isa ulfeessanii dubbachuu kan haasawaa sadarkaa isaa eegu kan dubbatu miti. Yeroo tokkoo tokkoo barattoonni daree barumsa keessatti haala namatti toluun hin dubbatan. Akkasumas, hawaasa keessa jiraatan irraa waallee dubbii adda addaa argaa waan oolaniifidha. Garuu, gosti waallee dubbii kanaa kaayyoo tokkoof karooran haala dubbii ofii mijjeeffatanii kan dubbatamuudha. Fakkeenyaaf akkaataa dubbii barsiisaan tokko daree barumsa barsiisu keessatti itti dubbatudha.

### **2.2.5.3.Kabajaan Dubbachuu**

Dadeettiin waallee dubbii walquunnamtii haala dhiyeenya kun namoota sadarkaa barnootaafi umuriin walcaalaan gidduutti kan taasifamufaa dha. Fakkeenyaaf, maatii barattootaa gidduutti, barsiisotaa, barattootaafi bulchitoota mana barumsa gidduutti taasifamuun taa'uu dha. Haa taa'uu malee, yeroo hedduu barattoonni harki caalaan isaanii barsiisota isaanitti yammuu dubbatan haala kabaja barsiisichaaf qaban kan ittiin mul'atuufi beekamu ilaalcha fuula isaanii dubbana waallee isaanirraa ni argama.

### **2.2.5.4.Waallee Dubbii Walitti Dhiheenyaan Dubbachuu**

Namoota hariiroo akka maatiitti, hawaasumaafi hiriya jjaalalaa jidduu jiruufaa kan xiyyeeffatuufi barattootaa daree barumsa keessatti akka walfilanna taa'umsa isaanii naannoo jireenyan wal beekaniifi garaa walbeekaniidha. As keessatti filannoon jechoota waallee dubbii of eegannoo kan barbaadu ta'us baay'ee kan dhibu miti. Gama waallee dubbii barsiisaatiinis jjaalala

barnooticha uumachuuf jecha baratan tokko tokkoo haala baay'ee gaarii ta'een yammuun barsiisatti siquudha.

### **2.2.5.5.Akkafeeteen Dubbachuu**

Waallee dubbii filannoo jechootaatiif of dhiphisuun hin mul'atu.Kun namoota hariiroo hiriyummaa cimaa qaban biratti baay'ee mulata. Akkaataa hawaasa keessatti baratameen alatti dubbatama. Barattoonni jechoota isaan fayyadaman yoo ilaalle gammootaatu itti baay'ata.Akka fakkeenyaatti maqaa masoofaa walii kennuu isaaniiti.

### **2.2.6.Waallee Dubbiifi Ijaarsa Eenyummaa**

Adeemsi baruufi barsiisuu saayinsii faana kan walqabate ta'uu irraa kan ka'e barsiisanis ta'ee barattoonni saayinsii barsiisaniin walqabsiisanii afaan kan fayyadamaniidha.Fakkeenyaaf afaan fayyadamaniin walqabatee mana barumsa kana keessatti daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti barsiisaanis ta'e,barataan akkaataan isaan itti fayyadaman mala saayinsii kan hordoffeefi yeroo ibsaa,gaaffiifi deebii haala toora qabeessan itti geggeeffamudha. (Nobert, 2002) afaaniitti fayyadamuuf afaan barachuu ilaalchisee,kallattii garagaraan akka adda bahan miti. Haaluma walfakkaatuun Crystal (1997) gama isaatiin akka hiikuutti waalleen dubbii sirna waliigaltee sagaleeti,mallattoofi fakkoommii barreeffamaan namoonni ittiin waliigalan,walitti dhufeenyas dabalata.Afaan mallattoo eenyummaa sabani tokko ittiin walii galuu hadhuura jireenya ilma namaatti. Hayyoonni maalummaafi ijaarsa eenyummaa afaaniif hiikaa kennan hedduutu jiru.Beektonni tokko tokkoo hiika waallee afaanii aadaa saba afaanichaatiin walitti fidanii hiiku “Language is the expression of ideas by means of speech sounds combined to words;words are combined in to sentences,these we combination answering to that of ideas in to thoughts.” Encyclopidia of Britancica (1999:548). Akka yaada kanatti afaan sirna qaba.Seerri kunis,sagaleen walitti qindaa'anii hima uumu.Kanaafuu,waalleen dubbii ijaarsa eenyummaa barattootaafi barsiisota illee daree barumsa keessatti hojjileen hojjetaman martii iyyuu qindaa'ina dubbana afaanitti fayyadamuudhan darbuu isaa barbaachisa.

Gama hariiroo afaaniifi hawaasa keessa jiru ilaaluutiin gaafa eegallu,afaan akka meeshaa ijaarsatti tajaajila;afaan jireenya hawaasa ibsuu irra darbee ni murteessa. Jijjiiramni gama aadaatiin,siyaasaan,dinagdeen,hawaasummaan hawaasa irratti godhamu ta'uunsaa ni beekama. Afaan akka mallattoo eenyummaafi meeshaa waliigalteetti tajaajila ture.Yaada kana,Carlos



J.Ovando (1985:4) yoo ibsu.Afaan malee,seenaa,duudhaa eenyummaafi tokkummaa hawaasa tokkoo beekuufi ibsuun hin danda'amu jedha.Haaluma kanaan,eenyummaan barataafi barsiisaa illee daree barumsa keessatti waallee dubbiin walqabatee yeroo calaqqisuu yaaduma kan bu'uura godhatetti argama.

### **2.2.7.Hojiilee Walquunnamtii Keessatti Gaheewwan Barsiisaafi Barataa**

Akkaata barsiisaan sadarkaa haala barattoonni ittiin shaakalan itti too'atu guddinaafi kutaattii-dha.Ogummaa walquunnamtiitiif (Communicating skill) rakkina cimaa qaba (Atkins and et al, 1995 fi LittleWood,1981).Walumaattiqabatti,gaheen barsiisaa dalagalee waliin dubbii keessatti kallattiin osoo hin taane al-kallattiidha.Karaa biraatiin barsiisaan yoo haalan barbaachisaa ta'e,fakkeenyaaf,yeroo inni ykn isheen barattootaa waliin hirmaatuu ta'e malee,adeemsicha keessa galee hirmaannaa barattootaa dhiphisuun daangeessuun irra hin jiru LittleWood, (1981:19). Akka yaada hayyuu kanaatti,barsiisaan gaheen isaa inni gurguddaan akka armaan gadiiti:

- ✓ Barattoonni yeroo isaan maalummaa wanta tokkoo wallaalan,adeemsa walquunnamtii yaada waljijjiirra keessatti hubachuu dadhaban,degeersa yookiin gorsa kennuu;
- ✓ Ciminaafi dadhabbina gochaawwan yeroo sana barattoonni dalagan sakkatt'u;dadhabbina hubate kallatti fedhii isaaniitiin adda baasuun qorachuu.

Haaluma kanaan,Atkins et al (1995:152) akka waliigalaatiin bakka gurguddaa lamatti ilaallun kaa'e jira:

- ✚ Hojiile adeemsa barumsa too'achuuf akka barbaachisummaa isaatti barattoota waliin hirmaachuu.
- ✚ Akkaataa walquunnamtii hirmaattoota daree giddutti taasifamu,akkasumas hirmaattootaafi hojiilee adda addaa giddutti haala mijeessudha.

Ibsa kanarraa hubachuun akka danda'amutti,barsiisaan madda gorsaafi deggeersa,hirmaataafi too'ataa adeemsa hojiilee ta'uun gahee ofii isaa raawwata.

Akka Atkins and et al (1995:152) jedhanitti,gosoota hojii daree mala barnoota afaanii tokko kan walquunnamtii taasisaan keessa inni jalqaba hirmaannaa barattootaa giddugaleessa godhachuudha.Akkaata kaayyoon dalaga kana hojiira ooluu fedhus,yaada kanaan walqabsiisuu-

dhaan yoo adeessan, gochaawwan gareefi cimdiidhaan hojjetaman tooftaa ijaarsa daree (Modes of classroom organization) iddoo guddaa kan qabuudha jedha.

Yaaduma waliigalaatiin, amaloonni hojiilee walquunnamtiif bu'uuraa ta'an Ur,P.(1988:17) kaayyoo ifaa ta'e (Clear objective) qabachuu, itti fayyadama afaanii cimaafi si'aayina keessaa (Active language use) qabachuudha. Kaayyoon hojiichaa kan caasaa bu'uureeffate ykn itti fayyadama isaa ykn laman isaa of keessa qabaachuu danda'a. Dalagni daree kun haala ammayyaatiin walquunnamtiirratti xiyyeeffate ta'uu qaba. Kanneen keessaa ajaja kennu, barreeffama jajuu, wal-beekuufi kan kana fakkaatan ni mul'atu.

Fayyadama afaanii keessatti akka adeemsa waliin dubbiitti yaada muraasa tokkorratti ibsa kennuurratti yeroo dheeraa balleessuun hin barbaachisu (Ur,P.1988). Matadureen filatamu; xiyyeeffannaan itti gargaarama fakkiilee garaagaraa; haalli jabbinni gaaffiileen adda addaa dareetti gaafataman, akkasumas fakkeenya yaada mata ofii maddisiisuuf gargaaran; uumamuun qaawwa odeeffannoo; akkaataa muuxannoon barattootaa itti mul'atuufi kan kana fakkaatan barattoota harkisuu danda'u.

### **2.2.8. Mala Baruu-Barsiisuu Daree Barumsaa Keessaa**

Akka yaada hayyuu Bastone, R. (1995) jedhuutti, barsiisan hiika waallee dubbii afaan tokko barsiisuuf mala saditti fayyadamuu danda'a. Isaan kunis, waallee dubbii bu'aadhaaf barsiisuu (Teaching Discours as Product); waallee dubbii akka adeemsaatti barsiisuu (Teaching Discours as process); waallee dubbii akka ogummaatti barsiisuu (Teaching Discours as skill) kan jedhuun ka'a.

Akka yaada hayyuu armaan olitti, galmi barnoota waallee dubbii haala beekumsi waallee dubbii walquunnamtii bu'uurawwa ta'e tokko irra gahuudha. Kanaaf, kaayyoon tooftaa kanaa yaada murtaawwa waallee dubbichaa kutaatti barsiisuudha.

#### **2.2.8.1. Waallee Dubbii Bu'aaf Barsiisuu**

Akka beekaan kun jedhuutti, "Barattoonni waallee murtaa'e tokko fudhachuudhaan yeroo murtaa'e keessatti fedhiidhaan yoo baratan beekumsa afaanichaa gaariitti baruu" kan jedhudha. Akka hayyuun kun jedhuutti, mala kan keessatti sadarkaalee gurguddaa lamatu jira. Isaanis; waallee murtaawwa haaraa hubachuu (Noticing new language input) fi waallee beekumsa

sirna afaanii (Discours knowledge of the language system) kan jedhuudha. Akka yaada beekaa kanaatti, malli waallee dubbii akka bu'aatti barsiisuu keessatti barattoonni dura maalummaa ykn akkaataa isaa hubachuun isaan booda adeemsa isaatti gargaaramuu qabu. Adeemsa kana keessatti yeroo hunda haalotaafi hojiilee barattoota gara shaakala waallee dubbichaatti gargaaramuudhaan gocha tokko ittiin dareetti dalaguu akka danda'an gochuudha. Gaheen barattootaaf kennamu of eeggannoo gochuudhan yaada waallee dubbii tokkorraa kan birootti jijjiiruudha.

### **2.2.8.2. Waallee Dubbii Akka Adeemsaatti Barsiiuu**

Hubannoon waallee murtaawa haarawaaa jalatti barattoonni gocha murtaa'e tokko mala garaagaraatiin fayyadamuudhaan akka hubatan taasisuudha. Adeemsa beekumsi walquunnamtii sirna afaanii (Communicative knowledge of the language system) keessatti barattootaafi barsiisota irra waliin dubbii tokko gara birootii jijjiiruu ykn akka qindeeffamuu gochuudha.

Malli inni lammaffaan, waallee dubbii akka adeemsaatti barsiisuun, akkaataa garaagaraatti gargaaramuudhaan hiika wanta tokkoof sochii mataa ofiin kan taasisaniidha (Batstone, R. 1995:52). Jecha biraatiin, barattoonni waallee dubbichaa sirriitti shaakaluu; gochaawan adda addaa hojjechuun waallee dubbii ykn walquunnamtii baay'ee uumuu qabu.

### **2.2.8.3. Waallee Dubbii Akka Ogummaatti Barsiisuu**

Gama waallee dubbii akka ogummaa afaanitti guddifachuun kan hin haafneefi ta'uu kan maaludha. Kanaafuu; tooftaalee sadeen kan keessatti, barattoonni waallee murtaawwa ta'ee tokko hiika waliin bu'aa isaa ni beeku, ogummaawwan afaanii keessatti ni shaakaluu, afaanitti ni fayyadamu, beekumsa afaanichaa duraa duuba isaa ni hubatu, waallee dubbii akka adeemsaatti fayyadamuun yaada isaanii waljijjiiru, ogummaa qabaniin waliin haasa'uu.

Qabxiin mala kana kan barumsa waallee dubbii bu'aarratti hundaa'en adda godhu, barnootichi ni sadarkeeffama (Learning becomes proceduralized). Barattoonni sadarkaa tokkorraatti hojjetan erga agarsiisani booda isa itti aanu haala jirurratti hundaa'uudha. Kaayyoon isaas hiika argachuudha. Sadarkaalee lamaan addaan baasuuf, Batstone, R. (1995:52) fakkeenya afaan ingliziitin kenne kan kanaatti aanuudha; (Underline all the past verbs in the dialogue or product). Fakkeenya kana keessatti, barattoonni waallee gochima darbee agarsiisan jala sararuudhaan akka hubatan ykn adda baafatan taasisuudha. Akkaata isaan hiika mataa isaanii ijaaruuf haalatti fayyadamaniin

hinjiru.Tooftaan kun,akka olitti mari'atametti,kan bu'aa beekumsa dubbichaarratti xiyyeeffateedha.

Kara biraatiin,(Look at these pictures,order them any way you like,then make up a story and tell it to the rest of the class.Can they give you the correct order of your pictures?) hima kana keessatti,barattoonni fakkiilee garaagaraati ilaalu.Hiikni barataan tokko fakkii tokkoof kennu kan barataan kan biraan kennuun adda ta'uu mala.Adeemsi kun iyyuu haala adda addaa agarsiisa. Galteen adeemsa kanaa waallee itti gargaaraman beekuu qofa utuu hintaane hiika garaagaraa argachuudha.

Hayyuun kun akka jedhutti,barsiisaan afaan tokko barsiisuu tooftaalee lamanittuu of eegannoodhaan fayyadamuu qaba.Sadarkaa bu'aaf jecha barattoonni odeeffannoo beeku fedhan hunda barsiisaarraa qofa akka hin eeganne hordofuu qaba.Hubannoon faayida qabeessa caasaallee waallee yoo ta'u,hiika malee seera afaanii beekuun qofti galma barumsa afaanitti fudhatamuu hin qabu.Kana waan ta'eef,barsiisaan tooftaalee lamanitti haala walsimateen itti gargaaramuu qaba.Hiikoowwan adda addaa haalarratti hundaa'e uumachuuf barattoonni duran dursanii waa'ee waallee dubbii hubachuu qabu.Itti ansuudhaan shaakaluu qabu,shaakalli isaanii kunis,haala barattoota nuffisiisun utuu hin taane adeemsa tokko tokkoon isaa keessatti tarsiimoo ogummaa afaanii adda addaa akka uumatan taasisa Bastone,R.(1995).Jecha biroottiin,qaawwa mala barumsa waallee dubbii bu'aafi kan adeemsa giddutti uumamuuf yaalli gochuun waallee dubbii akka ogummatti hubachisuudha.Sababni isaas sadarkaa garaagaraatti gochawwan dareetti hojjetaman keessatti ogummaa afaanii foyyeeffachuun dirqamaafi kan hin hafne ta'uu isaati.

Yaada kanarraa wanti akka waliigalaatti hubatamu tokko,tooftaalee sadanuu walitti hirkatan malee,tokko kan birarraa hafe galma barumsa waallee dubbii walquunnamtiirra gahuun nama dhiba Bastone,R,(1995:53).Kanaafuu,malawwan sadaan kana keessatti,barattoonni yaada murtaawwa ta'e tokko hiika waliin ni beeku (bu'aa);ogummaa afaanii keessatti ni shaakalu, afaanitti ni gargaaramu,beekumsa afaanicha ni sadarkeeffatu.Kana jechuun,waallee dubbii akka adeemsatti fayyadamuudhaan yaada wal jijjiiru,ogummaa qaban waliin duddubatu.

Akkaataa barattoonni haala daree keessatti hiika waallee dubbichaa itti hubatan kan biraan, hubannoo adeemsa dhaggeeffannaafi dubbisa daree keessatti itti cimsatniidha.Kana gochuuf, hojiilee adda addaa barattoonni dubbisa yookaan dhaggeeffannaa keessatti seerluga murtaa'e

tokkorratti xiyyeeffatan gosiisuutu irra eegama Batstone,R.(1995:100).Akka beekan kun jedhutti, barumsi waallee dubbii asii kaasee hanga achitti jedhamee wanta kaa'ame miti.Sababni isaa bu'uura haalawwan irratti hundaa'e akki barattoonni adeemsa waallee dubbii tokko itti hubatan akka beekumsa jechootaa (lexis) ta'uu mala,ykn akka faallaa kanaatti ta'uu mala ta'a. Kanaafuu,akka ibsa hayyuu kanatti,barsiisaan caasaa ykn seerluga haalaan barsiisa jedhamu tokko tooftaalee sadan asiin olitti dhiyaatan walsimsiisuun barsiisuu qaba.Akkasumas,akka hayyuun,Celce-Murcia (1991:280) jedhuutti immoo,tooftaalee barumsa waallee dubbii afaan tokko adeemsi baruufi barsiisuu waallee dubbii qabxii baay'ee barbaachisa ta'ee sadii of keessatti qabachuutu irra jira jedha.Kunis,caasaa (form),hiika (Meaning)fi erga haalaa (Pragmatics) kan jedhamaniidha.Akka xiinxala hayyuu afaanii kanatti,caasaa afaanii warri jedhaman sagalee,jechootaafi dhamjechoota,sanyii isaanii,kan gaalee,ciroo hima kan of keessa qabaniidha.Hiika (semantics) yoo jedhus; hiika jechaafi waallee dubbii jechuu yoo ta'u,ergaa haalaa (pragmatics) yoo jedhu immoo haala hawaasummaa (social context);fi haala qaama xinqooqaa (Lingustic Discourse Context) fakkaatan of keessa qabu.

Tarree gosaawwan waallee dubbii kana yoo teessisan,caasaan (form) unka caasaa qaama ifaan ifatti (Overt) barattootaaf barsiifamuttu ta'a.Hiikni (Semantics),gara biraatiin,waallichi mala jechuu akka ta'e kan ibsuudha.Kana malees,yaad-rimeen erga haala (Pragmatics),qorannoo walitti dhufeenya afaaniifi haala dubbataan tokko keessa jiru kan mul'isudha.

Akka Celce-Murcia (1991:280)fi LittleWood (1981:44) jedhanitti ,adeemsi baruufi barsiisuu walquunnamtii waallee dubbii keessatti gosoonni haalan barbaachisa ta'an kan biroon qaamota wiirtuu waallee dubbii sadan armaan olitti eeramaniin walgituu qaban (Murcia,1988:8-10) gosawwan hawaasummaa (Social factors);gosawwan hiika (Semantic factors);haalawwan erga waliigalaa (Discourse factors);Xinsammuu (Psychological factors)fi kan kana fakkataniidha.

Qabxiiwwan asii olitti eeraman qofattu adeemsa barnoota waallee dubbii keessatti adeemsicha adeemsa walquunnamtii (Communicative process) jechisiisuu danda'a jechuu osoo hin taane,balinaan qoratichii qorannoo geggeessuu keessatti akka kaasuu hubachiisa.Kun hundu hojjiirra oolee fedhiin,tarsiimoofi tooftaan yaada barattootaa xiyyeeffanna keessa galuu yoo baate rakkoo cimaa fiduu mala Batstone,R.(1995:116).

Akka beekan kun jedhutti,Hawwii dhuunfaa isaanii hunda walitti fiduun baay'ee danqaa ta'uus, hojiiwwan kaayyoo kanaatiin tajaajilan barattootaaf kennuudhaan fedhii isaanii adda baasuun ni danda'ama.

Walumaattiqabatti,barsiisaan tokko mala barumsa waallee dubbii walquunnamtiin waa'ee afaan tokko barsiisuu kan danda'u,akkaataa danda'ameen,tooftaalee wiirtuu waallee dubbii sadan, gareewwan jiruufi jireenya barattootaa yookiin kan hawaasummaa keessatti calaqqisan,kan ergaa garaagaraafi xinsammuu hundiyyuu fedhii barattootaatiin yoo fudhataniidha (Batstone,R,1995; Celce Murcia,1988 fi 1991;LittleWood,1981).

### **2.3. Waallee**

Dhalli nama jiruufi jireenya isaa keessatti waa hedduu dubbata. Kaayyoo garaagaraatiif haalota adda addaa keessa taa'ee dubbata.Kanaafuu,afaan waan hunda namootaa kan itti jiraatan,kan iittiin jiraatan jireenyadha.Afaan kan ittiin yaadaniifi walquunnamaniidha.Afaan ittiin yaadani hojjechuun immoo,walitti dhufeenya yaadaa,aadaa hawaasaa caalaatti ifa taasisa.Afaan tokko hawaasaafi aadaa isarraa addaan ba'ee jiraachuu hin danda'u.Haalli qabatamaan afaanii kun baattuu aadaa,aadaan ammoo ibsituu jiruufi jireenya hawaasaa jechisiise isa kanadha. (Addunyaa 2010:1).Yeroo kana tarsiimoowwaniifi tooftaalee dubbii adda addaa fayyadama.Kanaafuu, waallee jechuun afaan dubbitti fayyadamne haalaafi yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti ergaa inni dabarsuu barbaade hubachuudha.

#### **2.3.1.Maalummaa Waallee Dubbii Daree Barnootaa**

Waallee dubbii ilaalchisee beektonni yaada adda addaa dhiyeessuu.Yaada garaagaraa haa dhiyeessan malee,waa'ee waallee dubbiiirratti,hayyuun Nasr, (1972),Free-man,(1996),akka jedhanitti,beekumsa,barumsaafi afaan alaa ykn lammaffaarratti ibsaafi hojiiira ooliinsa isaarratti dhiyaatan kaa'anitti hiika waallee dubbii walquunnamtii dhiphaafi bal'aa jedhanii kaa'uun ni danda'ama.Akkuma kanas,waalleen dubbii dhiphaan maalummaa waallee dubbii isa durii qofa utuu hin taane,kaayyoo,tooftaafi xiyyeeffannoo afaan barsiisuu boodetti hafa hojii baruufi barsiisuu afaanii akkaataa ittiin ibsuudha.Mala jechoonni garaagaraa himoota sirrii ta'an ijaaruufi walitti dhufaniidha.Kunis,caacculee afaan garaagaraa 'himoota'qofa akka walquunnamtiitti of keessatti hammata.Himoota gararraafi gadijalatti mul'atan kan ergaa guutuu dabarsuu danda'an

kan of keessattiqabe miti.kaayyoon barnoota waallee dubbii himoota akkaataa sirrii ta'aniin ijaaru danda'uudha (Nasr,1972).

Ur,P. (1996:75) yaaduma kan walitti fiduun yoo kaa'u,"Discours is sometimes defined as the way the words are put together to make correct sentences" jedhe ibsa.Wanti yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda'amu waallee dubbii karaa waan dubbatamaa jiru tokkorraa hiika argachuuti.Adeemsa kana keessatti dubbatan muuxannoofi beekumsa qabu waallee dubbiin walbira qabuun walitti dhufeenya walquunnamtii waliin taasisu keessatti yaadaan walmormaa waldeeggeraafi walqeeqaa kan deemu ta'uu kan agarsiisudha.

Akaakuun hiika waallee dubbii kun,akka Atkins and et al(1995) jedhanitti,mala baruufi barsiisuu afaanii keessatti jabeenya mataa isaa ni qabata.Kunis,jechoonni walitti dhufanii ergaa tokko dabarsuuf baay'ee murteessadha.

Adeemsi hiika waallee dubbii kun,dubbataan rakkoo isaa muddate xiinsammuu xinqooqawwatti fayyadamuun bakka fala itti argatudha.Adeemsa fuula duraa keessatti maaltu na mudachuu danda'a? jechuun tilmaama inni fayyadamudha.Dubbatan waan tokkoo gochuuf,hiikni bal'aan waallee dubbii (Comprehensive meaning of discourse) yoo isaa dhiphaan madaalamuu,caasaa garaagaraa sadarkaa sagaleetti hanga qaamolee dubbii ykn barreeffama himaa ta'anii ergaa guutuu dabarsuu danda'an hunda;adda addummaa sagaleessuu (Variation in pronunciation),kan qubeessuu (spelling variation);akkaata saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabalatudha.(Ur,P.1996:75).Dubbatan waan tokko raawwachuuf,mata duree barreeffamichaa,sirna barreeffamaa ykn waallee dubbii,beekumsa afaanichaafi dandeetti hiika waan tokkoof kennuuf beekumsa walii galaa fayyadaman gargaara.

### **2.3.2.Akaakuu Waallee Dubbii**

Waallee dubbii akka adeemsa tokkoofi filannootti dandeettiiwwan xixiqqoofi gurguddaatti yookaan salphaafi ulfataatti qoodamu ni danda'u.Haaluma kanaan,adeemsa waallee dubbii walquunnamtii daree barumsaafi akka waliigalatti ta'u tokko akkuma akaakuu laman eerame kanatti gosi kenname kun armaan gaditti ibsamani jiru.

### **2.3.2.1.Waallee Dubbii Salphaa**

Barsiisan yookaan barataan yeroo dubbatu dandeettiinwan xixiqqoo (Salphaa) kan ta'an kanneen biroo ni hubatu. Yaada dubbatee hubachuuf tooftaawwan hedduu fayyadamu isaa barbaachisa. Qabxiilee akaakuu hiikalee lachuu walitti fidan keessaa 'himni' akka qaama afaanitti fudhatamuufi tartiibni jechoota bakka guddaa qabachuu isaaniti. Akka hiika kanatti, erga hiika qabatani qaaamoni afaanii martuu (sagaleerraa hanga qaamota himaa oliitti jiran) fudhatama qabu, barumsi caasaafi hiikniqaamota afaanii hundi xiyyeeffannaa gaafatu. Walumaagalatti, akaakuun hiika waallee dubbii kun yaadota adda addaa (Assumptions) hayyuuleen barumsa tooftaa waliin dubbii waallee dubbii ilaalchisanii teessisan kan fudhatuudha.

Hubannoodhuma kana cimsachuuf, barumsi caasaafi hiikni qaamoti afaanii hundi xiyyeeffannaa barbaadu. Akkasumas, akaakuun hiika waallee dubbii kun kan hubannoo garaagaraa ogeeyyiin barumsa tooftaa waallee dubbii walquunnamtii ilaalchisanii raawwatan kan hammatuudha. Kan malees, ibsii kun walitti bu'iinsa dubbiiwwan haalota afaan duraafi afaan lammataa kan salphisuudha (Nasr, 1972).

Kanarraa wanti hubannu immoo, namni kaayyoo adda addaatiif akka dubbatu kan nama hubachiisudha. Xiyyeeffannoon adeemsa barumsa afaanii keessatti akkaata hawaasa afaan sana dubbatu keessa jiru afaanichaa ibsuu, dogoggora uumamuu, sodaa salphisuu, caasaa afaanichaa dhalootaan barachuufi kan kanaan walfakkaatan irratti.

### **2.3.2.2.Waallee Dubbii Ulfataa**

Waallee dubbii akka adeemsa xinqooqa hawaasatti, namni waa dubbatu tokko yammuu dubbatu, waallee dubbii walquunnamtii qalbeeffachuuf, amantaa, siyaasa, ijaarsa hawaasummaa ofii keessa jiru gargaarama. Kanaafuu, dubbiin hawaasa adda addaa keessaa dhufan haala garaagaraatin dubbii tokkoof hiika kennu. Kana jechuun seerri altokko dubbii tokko keessatti fayyadu si'a kan biroo seeraan ala ta'uu mala (Atkins and et al, 1995).

Akka adeemsa mala waallee dubbii walquunnamtiitti, hiikni waallee dubbii maloota ergaan garaagaraa hojii walquunnamtii keessatti ittiin deggeeramuudha (Atkins and et al, 1995:82). Akka yaada beeka kanaatti, ogummaa waallee dubbii walquunnamtii guddisuuf walitti dhufeenya jechoota qofa osoo hin ta'in akkaataa namni itti dubbatuufi barreessuu tokko yaadasaaittiin ibsuu



danda'u hundi murteessadha.Kanaaf,namni dhaamsa tokko erga dhagahee booda waa'ee haala dubbii ergicha akkaata ittiin darbe qofa beeku utuu hin taane ibsi inni dabarse ykn laate maal akka fakkaatu kan of keessatti qabatudha.

Waallee dubbii kan jennu,afaan dubbiitti fayyadamne haalaafi yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti ergaa inni dabarsuu barbaade hubachuu jechuudha.Waallee dubbii kana hubachuuf duraa duuba walta'iinsa jechoota,caasaa dubbiifi walumaagalatti,seerluga beekuun ergaa darba jiru hubachuu miti,jedhu hayyoonni afaanii.Kanaafuu,dhaggeeffataafi dubbataan akkasumas, barreessaafi dubbisaan waliigaltee uumuu kan danda'an seerluga irratti qofa xiyyeeffachuun osoo hin taane haala fayyadama afaanii hubannoof gargaara.Waa'ee walquunnamtii afaanii kana irratti ibsa kennuuf (Brown,G 1994), fi Michael Halliday (1973) kan jedhaman wabeffachuudhaan yaada kanatti aanee jiru kaa'eera.Waalleen dubbii walquunnamtii karaa ofii ittiin waa hubataniifi namoota biroo hubachisaniidha.

### **2.3.3.Xiinxala Waallee**

Gaaffiilee“Waalleen bakka barnoota afaanii keessatti qabu maal fakkaata,akkamitti”jedhu deebisuuf,yaadolee beektonni garaagaraa kaa'an afur qaaccessesse teessisee jira.Tarsiimoowwan waallee dubbii keessatti fayyadamnu kanas,haala kaayyoofi akaakuu nutti dubbanutu murteessa.Ur,P.(1969:76-78).

Yaadawwan hayyooleen kennan inni jalqaba;afaan tokko gaariitti beekudhaaf yookaan barachuudhaaf,akka yaada hayyuuleen waa'ee yaada dhaloota irratti kaasanitti,qorannoon waallee dubbii hundi fudhatama miti.Akka beekamuttis,kan ilaalamu akkaata adeemsa afaan tokkoffaa (Mother Tongue) daa'imman itti barataniidha.Kana haa ta'uu iyyuu malee,Ur,P.(1996:77 yaada kana yoo qajeelchu “The important question is not whether teaching and learning discours is necessary and sufficient for language learning,but whether it helps or not” jedha.Kun immoo kan nama hubachisuu,barnoonni waallee dubbii walquunnamtii muraasa beekuuf otoo hin taane akka mala ykn beekumsa afaanitti barsiifamuu qaba.

Ta'ullee kun akka ulaagaa bu'uurratti ilaalamuu hin qabu.Sababni isaas,waallee dubbii jijjiiruu; kaayyoo,akaakuufi haala irratti hunda'uu waan danda'uuf,barsiisan waallee dubbii walquunnamtii barsiisuu tokko haala ittiin dubbatan barsiisuu yoo barbaade waallee dubbii jechoota haaraawwa hin qabne filachuun gaarii ta'a.

Yaadni hayyuuleen kaa'an inni lammaffaa, yaaduma hayyuu jalqabatiin kan ka'e baratan tokko waallee dubbii seeraan barachuuf daree barnoota keessatti qofa osoo hin taane, dhuunfaan kitaabilee adda addaarra barachuu danda'a jechuudha. Sababni barbaachisumaa barumsa waallee dubbii dareen alaa seeraan ta'uu baatus tooftaa barnoota walquunnamtii waallee dubbiiif, ergaa cimaa dabarsa. Kun immoo haala jiruufi jireenya barattoonni hawaasa keessatti beekan barnoota daree afaanii keessatti calaqqisiisan gochuun barumsa haqummaan baratan (real learning) mulisa. Kunis, kan isaan gargaaru dandeetti barnootaa gara fuula duraa cimsachuufidha.

Akka yaaxina hayyoota isaa sadaffaatti, tooftaan kun immoo odeeffannoo garaagaraa dubbataa irra barbaaduuf nu gargaara. Kan malees, barattoonni haala hiika qaamota afaanii hundayyuu barachuu akka danda'aniidha malee, haalota himoonni waallee dubbii itti qindaa'an barsiisuun jireenya isaan keessa jiraatan ergaa wanta ijaan argamuurratti hundaa'e dabarsuuf gargaarsa hin kennu. Kunis, baratan tokko barnoota afaaniif jaalalaa akka qabatu, fedhii gaha ta'een akka hin hordofne kan taasisuudha.

Akka yaaxina hayyoota isaa arfaffaatti, hubannoo waallee dubbii sirritti qabachuun murteessadha. Xiyyeeffannoon gadifageenyaan dubbii baruu tokkoo yaada walii galaa itti yaadanii dubbachuun argachuudha. Barnoota waallee dubbii haala gaha ta'een barachuuf, walquunnamtiin bakka guddaa qaba. Kunis, hubannoo ilaalcha barnoota afaanii isa aadaa kan adda taasisuudha. Sababni isaas to'aannoon waallee dubbii kan ilaalamu karaa beekumsa afaaniiti. Haa ta'u malee, (Ur, P. 1996) akka jedhutti, barumsi waallee dubbii si'aayina keessa (Intrinsic motivation) uumuurratti hanqina qaba. Akka Bastone, R. (1995:3) jedhutti, barbaachisummaa waallee dubbii yoo ibsu "Language with out Discourse would certainly leave us seriously hand scapped" jedha.

### **2.3.3.1. Maleenya Xiinxala Waallee**

Daree barsiifamu tokko keessatti waallee dubbii walquunnamtii yeroo dubbanu haalli duraa duuba hordofnu ni jira. Greilet (1981) akka jedhutti, waa'ee waan dubbanu barsiisuu yookaan shaakalsiisuu osoo hin eegaliin dareen barnootaa callisaa ta'uu isaa hubachuu qabna kan jedhuudha. Kun immoo kan hubachiisu osoo garaa dubbiitti hin seeniin hojiin tartiibaan hojjetamu jiraachuu isaati. Isaan kunis, gochawwan dubbii barnoota duraa, yeroo barnootaafi yeroo barnootaa boodaati ilaalluu dandeenya. Akkasumas, maleenya walquunnamtii xinqooqa hawaasa (interactional socio-linguistics) beekumsa waallee afaanii waliin qoratuudha. Waallee

dubbii afaanii tokko garee hawaasaafi murtaa'aa gidduutti kan ibsamuufi hubatamu xiinxaluun ibsuudha. Maleenyi kun akkaataa amalli walquunnamtii afaanii tokko haalaafi yeroo mura'aa tokko keessatti ittiin uumamuufi ibsamu xiinxaluun balballoomsuudha. Kunis, haala kamiin waallee afaan tokko fayyadamuun garee hawaasa waliin walitti fiduun danda'ama, Bakkaafi yeroo jedhametti waallee akkamiin fayyadamuu illee akka dandeenyu kan ibsuudha.

### **2.3.3.2. Sadarkaalee Xiinxala Waallee**

Haalawwan barsiisonni baay'een akka waliin dubbatanii yaada waljijjiiran gahee kennuufi dhiisaan keessaa inni tokko, adeemsi kun yeroo balleessuu malee bu'a wayii wanta qabuu itti fakkachuu dhiisuu danda'a. Akka beektonni hedduun jedhanitti garuu (Rivers, 1983; Richard and Lockhart, 1994:152), akka fakkeenyaatti, walquunnamtiin faayidaalee baay'ee qaba.

Rivers (1983:49), barsiisonni adeemsa walquunnamtii akka meeshaa yeroo fixuutti akka ilaalan kan gorsuudha, "We must not feel that interaction is some how wasting time where is much to learn" jetti. Kanaafuu, yeroo barattoonni waallee dubbii tokkoo akka ka'umsatti (input) fudhatanii mala waallee adda addaatiin waliin haasan afaanicha haalaan barachaa akka jiran barsiisaan hubachuu qaba.

Walumaagalaatti, faayidaalee garaagaraa walhubannoon daree keessaa qabu keessaa kan asiin gaditti tarraa'an warreen gurguddoo barattoonni argataniidha. (Richard fi Lochhart, 1994): Isaan, waallee qaama ka'umsaa (input); carraa ibsa gaaffii (chance to ask for clarity); carraa caasaa haarawa baruu; sadarkaalee hubannoon walhubachuuti.

### **2.3.3.3. Xiinxala Walhubannoo Waallee**

Akka yaada-dimaa barnoota Afaan Oromoo walquunnamtiitti, gosoonni hojiilee dareetti hojjetaman kamiyyuu, haalli tooftaa kamiyyuu akka haala jirurratti hundaa'ee haa tajaajilu malee, kaayyoon gara seerluga barsiisuu inni guddaan walquunnamtii afaanichaan waliigaluu ta'uu qaba (Atkins, and et al 1995; Celce-Murcia 1984:2).

Celce-murcia, (1989:2) yaada rimee wal hubannoo (interaction) yoo kaa'u, "Human interaction is a process where by two or more people engage in reciprocal action." jedha. Akka yaada waraabii kanaarra hubatamutti, walquunnamtiin qabxiilee adda addaa asii gaditti tarraa'an keessaa isa tokko yookiin mara isaaniyyuu of keessatti qabaachuu danda'a:

Adeemsa yaada waljijjiirraa dubbattoota lamaafi isaa olta'an jidduutti adeemsifamu;fedhii waliin dubbattoota xiinxaluu;ergaa waliin dubbattoota gidduu jiruuf hiika barbaaduuf;ibsa gochoota sosochii qaama dubbataafi dhaggeeffataa addaan baasuun hubachuufi kan kana fakkaatanidha.

Gama biraatiin,Michael Halliday (1973) namni jedhamu waallee dubbii walquunnamtii hubannoo afaanii kana karaa torbaan ibseera.Isaanis,akka armaan gaditti ibsamuun waallee dubbii eenyummaafi ijaarsa dubbii garaagaraaf oolan kaa'amaniiru:

#### **2.3.3.3.1.Waallee Dubbii Akka Meeshaa Walquunnamtiitti Gargaaramuu**

Gosti waallee dubbii kun gabaabaadhumatti,waan naannoo ofii jiru tokko ibsuuf kan nama gargaarudha.Ergaa waallee dubbii gabaabaa tokko dabarsuuf,hima ajaja tokko ijaaruuf,ajaja kennuufi eenyummaa waan tokkoo ibsuuf nu fayyada.Fakkeenyaaf,olka'i dubbadhu,taa'i dubbadhu jechuufi.

#### **2.3.3.3.2.Ergaa Tokko Dabarsuuf Humna Waalleen Afaanii Qabu.**

Waallee dubbii afaanii kanaa isa inistiruumantaalii irraa addaan baasuun kan nama dhibudha. Haata'u malee,bakka kanatti amala barattoonni mala baruu-barsiisuu daree barumsa Afaan Oromoo keessatti waan tokkoo mirkaneessuufi mirkaneeffachuu dhabuu isaaniifa'iin kan walqabate dha.

#### **2.3.3.3.3.Waallee Dubbii Afaanii Bakka Buusuuf**

Waalleen afaanii waan tokko bakka ba'u yoo jennu,yaada xumuraa yookaan hima xumura ta'een taa'uu danda'a.Ibsa yookaan gabaasa waan tokkoo gochuuf ni gargaara.Kanaaf akkaataa barsiisaan barata isaa itti qajeelchu,ajajuufi sirreessuu kan itti raawwatamudh.

#### **2.3.3.3.4.Waallee Dubbii Hariiroo Hawaasummatiif**

Hariiroo hawaasa keessa jiruun walqabatee aadaa,duudhaafi kanneen biros kan hawaasa keessa jiruun faayidaa waalleen dubbii kennuudha.Faayidaan waallee dubbii kun qosaafi tapha adda adda akka jechoota gamnootaa (jargon words) kan ilaallatudha.Fakkeenyaaf,cimaadhaan qamaddii,qarshii abbaa kudhaniin gundoo tokkofaa jechuun namoonni akka barbaadanitti waallee dubbitti fayyadamuun kan ibsaniidha.

#### **2.3.3.3.5. Waallee Dubbii Nama Dhuunfaa**

Afaan akkuma namni dhuunfaa tokko itti gargaaramuu barbaadetti tajaajila. Waalleen dubbii afaanii kunis, akka namni tokko eenyummaa waallee dubbii isaa itti ijaare ergaa yaada qabu dabarsu kan inni keessatti mul'achuu danda'u, yeroo namni osoo itti hin yaadin tasa dubbatuufi itti yaade dubbatu kan mul'atudha. Haala baratan altokko tokkoo utuu itti hin yaadin gaaffi barsiisaaf daree barumsa keessatti deebii itti kennufa'i.

#### **2.3.3.3.6. Waallee Dubbii Walquunnamtii Faayadamuun Waa Xiinxaluu**

Gadi faggeenyaan waa hubbachuuf yookiin beekumsa waliigalaa argachuuf naannoo ofii baruuf kan namoonni bifa gaaffiifi deebiitiin waa xiinxalidha. Kunis, barattoonni waa beekuuf gaaffii isaan maaliif? Eenyuu? Akkamitti? jechuun nama gaafataniifi barsiisaa isaanirraa hubannoo gaha argachuuf carraaqaniidha.

#### **2.3.3.3.7. Waallee Dubbitti Fayyadamuun Waa Kalaquu**

Akkaataa barattoonni waallee dubbii afaanitti gargaaramuun dandeetti yaada isaanii mul' isanidha. Fakkeenyaaf, haala waliin dubbii ta'aa jiru tokko keessatti qosaafaa ykn baacoo uumanii haasa'uu, oduu durii, nama gammachiisu himuun nama hubachiisuufi walaloo, asoosamootafaa barreessuun fakkeenya ta'uu danda'a.

Rakkoolee naannoon barnootaa waallee dubbii irratti hir'ina guddaa fiduu danda'u agarsisuuf, afaan tokko haalaan baruuf, akka hayyuuleen adda addaa yaada kennanitti, barbaachisummaan walhubannoo baay'ee murteessadha. Kanaafuu, yeroo barattoonni adeemsa waallee dubbii tokko akka ka'umsatti fudhatanii tooftaa walquunnamtii garaagaraatiin waliin dubbatan afaanicha haalaan barachaa akka jiran barsiisaan isaanii beekuu qabu.

#### **2.3.3.4. Walhubannoo (Interaction) Waallee Dubbii Daree Keessaa Mijjeessuu**

Tooftaawwan walhubannoo hunda kaasani irratti mari'achuun baay'ee rakkisa ta'us, kanneen ijoo ta'aniifi kaayyoo kanaa duukaa haalaan deeman yartuun isaanii, haala qindaa'a daree uumuu, itti fufuufi (Creating and Maintaining Cooperative Classroom Atmosphere) hojii garee (Organizing group work) ijaarudha.

Akkaataa jiruufi jireenya hawaasa keessatti hiikaafi walgalteen (negotiation) ergaarratti hundaa'uun walquunnamtii haasawa geggeessuun waan hin hafneedha. Kana gochuufis, fedhiin (Willingness) heddu barbaachisaadha. Gochaawwan hawaasa keessatti yeroo gara yerootti hojjetamu kallattiidhaanis ta'e al kallattiidhaan sochii baruufi barsiisuu afaanii daree keessatti mul'atu malee barumsichi bu'uura haqumaafi kaka'umsa barattootaa ta'uu hin danda'u (Malamah-Thomas, 1987:11). Beekan kun yaada kana walitti qabuun yoo kaa'u, "Only where is cooperation between both sides involved in the interaction can communication effectively take place" jedha. Waraabbiin kun akka waliigalaatti, namoota kamifiyyuu kan tajaajilu fakkaatus, waliin dubbiin barattoonni daree keessatti adeemsisanis haqa kanarraa kan fagaatu miti. Sababni isaas durduubeen isaanii haawaasummaa ta'uu isaati.

Yaada kana cimsuuf, Kral. T.J. (1984-88:33) "Students are not different from any one requiring as a cure learning environment for performing their best" jedha.

Hirinna naannoo barnootaa qindaawa walquunnamtiirratti rakkoo guddaa uumuu danda'u ibsuuf, Celce-Murcia (1984:2) "If students are not at ease and do not feel good their language class, there will be no communication" jedha. Afaan tokko haalaan baruuf, akka beektonni garagaraa yaada kennanitti, barbaachisummaan walhubannoo baay'ee cimaadha. Haa ta'u malee, adeemsa kana galmaan ga'uuf, haala sirnaawwa uumuun barbaachisa yoo ta'u, inni kunis haala barattoonni dalagaawwan adda addaa cimtii ykn garee muraasa garaagaraa ijaaruu dirqama murteessadha. Kaayyoon isaas, adda dureedhaan olaantummaa ibsa ykn dubbiilee barsiisaa salphiisuudha. Yaada kana, Rivers (1987:9) yoo jabeessitu, "...teacher dominated classroom cannot, by their very nature, be interactive classrooms, and this is what language teachers need to learn" jetti.

Haala ibsa kanarraatti, barattoonni cimtiidhaan hanga gareewwan unka garagaraa qabanitti ijaaramuudhaan ta'uu malu kan deebisuudha. Haalli kunis bal'ina daree tokko in xiqqeessa, walquunnamtii ammoo ni cimsa., Brumfit, C. (1984:35), "Any use of group work will massively increase the likelihood, in large class, of students both producing and receiving language." jedha. Faayidaa itti fayyadama itti gaafatamummaa barnootichaa fudhachuu qabu. Faayidaa gareedhaan barachuu ilaachisee gareetiin ala, gaaffii ykn rakkoo baay'ina barattootaa daree tokko keessa ilaalchisee, ka'uu malu kan deebisuudha.

### **2.3.3.5.Faayidaa Waallee Dubbii Daree Barnoota Keessaa**

Faayidaleen barnoota waallee dubbii walquunnamtiif;sababa kan ta'aan wantoonni dhalootaan mul'ataniifi afaan waliin walduukaa deemaan hedduu ta'uu danda'u.Celce-Murcia(1988:11) akka jedhutti,walta'uummaa hawaasa keessatti waallee (discourse social match) tooftaa akkaataa diraamaatti fayyadamuudhaan dalagaalee hawaasa biraatti fudhatama qaban mulisiisuudhan barsiisuufi haala barnoota sona hawaasicha itti eeguun barsiisuudha.Walta'insi ergaa adda addaafi filannoo caasaa waallee (structural discourse match) mala tarree ibsaa (lecture, explanation) hojiiilee asiin oolitti eeramaniin caasaawwan waallee hunda barsiisuun ni danda'ama.Kana malees,walfaana hiika waallee (discours meaning) tooftaa agarsiisatiin (Demonstraton or Illustration) waalleewwan akka 'qartuu'gochima gargaartuu,barsiisuu,sababni isaas tooftaan akkanaa barsiisaan hiika waallee dubbichaarratti akka xiyyeeffatu gargaraa.

### **2.3.3.6.Deggeersa Waallee Dubbii Daree Barnoota Keessaa**

Akka Celce-Murcia (1988:13) ibsutti,tooftaawwan barnootaa kamiin waallee dubbii afaan tokkoo isaa kamiin deggeeramani barsiisuun akka barbaachisu beekuu qofti barnoota afaanii kan walquunnamtii taasisuun rakkoodha.Kana waan ta'eef,adeemsa waallichaa karaa sadiin wal fudhachiisuun murteessadha.Isaanis,karaa hawaasummaa (Social factors), karaa hiikawaa (Sementic factor)fi karaa ibsa addaa (Discourse factors).Akka yaada beeka kanatti,maddi deggeersa barnoota kan akka taphaawwan biro hawaasa keessatti beekamanitti gargaaramuun waallee hawaasummaa (Social discours) barsiisuu;fakkiiwwan adda addaafi gabatee garagaraatti fayyadamuudhaan hiika waallee (Semantic discourse);tooftaa dhaggeeffatanii deebisuuti fayyadamuudhan madda akka weedduu/faaruu,qosaa gargaraa, malleen dubbii, mammaaksota, durdurii, seenaa himuutti fayyadamuudhaan ibsa biraa caasaa waalleewanii (Other Discourse structure) dhiyeessuudhaan walta'insa qabiyyee,tooftaa madda deggeersa barnootaa cimsuun ni ta'a.Barattootaa waallee dubbii walquunnamtii shaakalsiisuuf yommuu jennu wantoonni irratti xiyyeeffatamuu qaban ni jiru:

- Tarsiimoowwan waallee dubbii barattoonni akka shaakalan taasisuu.
- Qabiyyeen barnootaa haaraafi hawwataa ta'uu barbaachisa.
- Sadarkaan guddina afaanii barattootaa wajjin wal-simuu qaba.
- Daree keessatti barsiisuuf haalli mijaa'aan uumamuu qaba.

## 2.4. Barnoota Waallee Dubbii Daree Barumsa Keessaa

Mala baruufi barsiisuu barnoota afaanii kamiyyuu keessatti, barnoota waallee dubbii irratti sadarkaan inni duraa madda kitaabilee waallee dubbii walquunnamtii adda addaarra waallichii attamitti akka ijaaramu, yeroo kam akka hojiirra oolu, seera idileefi al-idilee hordofan garaagaraa walitti qabuudha (Celce-Murcia; 1988).

Erga maddi adda addaa fedhii, tarsiimoofi tooftaa barattootaa giddugaleessa godhate sakkatta'amee booda sadarkaan itti aanu qophii waallee dubbii beektonni garaagaraa bakka afuritti qoodan qopheeffachuudha: Dhi'eessa (presentation): dhiyeessa gaaffileefi gilgaalota garaagaraa dandeetti waallee dubbii barattoota madaalan qabiyyee kana fudhachuun barsiisuu, Shaakala xiyyeeffannaa (focused practice): mata duree dandeetti barattootaan walsimu qabiyyee waallee dubbii keessa filachuun dubbii barsiisuu, Shaakala walquunnamtii (communicative practice): yaada deebii barsiisaafi sirreessa (Teacher feedback and correction Celce-Murcia, 1988; Ur, P. 1988; Larsen-free man, 1991).

Sadarkaaleen arfan qophii waallee dubbii: dhiyeessa (presentation), ibsaafi gargar bahinsa (explanation and Isolation), shaakalaafi madaalli (Practice and Evaluation) jechuun kaa'a (Ur, P. 1988:6-10). Beekan kun hanqina sadarkaalee arfan erga tarreessee booda tokko tokkoon isaanii jalatti kaayyoo wwan, akaakuu hojii wwan hojjetamanii, gosoota qabiyyeewwaniifi kan kanaa fakkaatan ni teessisa.

Free-man (1991:284) gama isaatiin gulaantaalee kutaa barnoota waallee dubbii barsiisuuf hojjetaman kana inni ammoo, gara sadiitti gadii buusa: Dhiyeessa, Shaakalaafi walquunnamtii. Walumaagalatti, tartiibni maalummaa gulaantaalee kanaa, hojii wwan sana of keessatti qaban, kaayyoo isaanii, qabiyyee tokko tokkoon isaanii jalatti kennaman akka kanatti aane jirutti cuunfuun ni danda'ama.

Akka Celce-Murcia (1988:27) kaa'utti, sadarkaa kana jalatti tooftaawwaniifi maddawwan barnootaa garaagaraaf fayyadan, amaloonniifi gosoonni hojii wwan sadarkaa kanaa waallee wwan adda addaa haala mul'ata yookiin dhokataa ta'een ni kennamu; kaayyoon sadarkaa kanaa maalummaaafi unka waallee dubbichaa barattoota hubachiisuu yoo ta'u, hiika haqarratti hundaa'e argachuuf meeshaalee deggeersa barnoota adda addaa gargaaramuun murteessadha. (Ur, 1988:7);



maddaawwan akka seenaa himuu,waliin dubbachuu (dialogue) garaagaraa barattootaan yookiin barsiisotaan dubbisuutti.

Atkins and et al,1995:50),tooftaawwan waalleen walquunnamtii tokko itti kennamu akka armaan gaditti teessisuun ka'a:Irira deddeebii (repeating key parts);Xiyyeeffannaa (focusing);Jala sararuu (underlining key parts)fi Ibsuu (explaining) yoo ta'uu,gulantaaleen dhiyeessa immoo haalessuu (Contextualizing);sakkatta'a beekumsa (Cheeking understanding)gaaffiilee adda addaa waallicharratti hundaa'an gaafachuu;ijaaruu (oomishuu) barattoonni fakkeenya mataa isaanii waallee dubbii akka gargaramanii himoota baay'ee ijaaran dadamaqsuufi xiyyeeffannaa waallee dubbii (Discourse focus):Barattoonni tartiibaafi akkaata isaan itti sagaleessan hubachisuufi akka hima bakka bu'aa (simple sentence) irra deebi'anii haasan taasisuu.

Haalawwan shaakala xiyyeeffannatti (Focused practice),barattoonni waalicha akkaataa gaaffiifi deebiitiin,deggeersa bira malee,akka too'attan gochuudha.Kana malees,barsiisaan hubannoo barattoonni walquunnamtii waallee qaban xiinxaluuf gaaffilee kaayyoo kanaaf fayyadu filatee gaafachuutu irra jira.

Akka qaaccessa Celce-Murcia,(1988)titti,gulantaalee shaakala walquunnamtiitti (Communicative practice),dalagalee walquunnamtii (Communicative activities) garagaraatu barattootan geggeeffama.Isaan keessa:

- ✚ Barataan yoo dubbatu,yaada dhaggeeffataa giddugaleeffachuu qaba.
- ✚ Barattoonni wanta jechuu barbaadaniifi haala itti dubbatan nimurteeffatu.
- ✚ Barataan odeeffannoo tokko qabu isa hin qabneef yaada kenna ykn qaawwa odeeffannoo.

Akka yaad deebii barsiisaafi sirreessatti,akka unka sadarkaa isa dhumaa haa ta'u malee,gulantaalee hunda keessatti mul'achuu qaba (Celce-Murcia,1988).Akka yaada kanaatti,sirreessi barsiisaan kennu,haala yookiin amala gochaalee sadarkaa hundaatti kennuu yoo danda'u,keessumattuu isa lammaffaatti yeroo maraafi battallumatti ta'uu qaba.Sadarkaa sadaffaarratti (walquunnamtii) hojii sirreessaatti jechi waliin dubbii addaan cituu hin qabu.Kanaafuu,barsiisaan yaadannoo isaa qabachuudhaan dalagalee sadarkichaa booda kennu qaba.

Haaluma waliigalaatiin,seenaan barnoota waallee dubbii ilaalchawwan barsiifataafi isa ammayyaa namoonni adda addaa qaban kana yoo fakkaatu,tooftaa barumsa walquunnamtii

waallee dubbii keessumattuu kan Afaan Oromoo ilaalchisee,qorannoon adeemsifame akka waliigalaatti hin argamne.Kana malees,adeemsa barnoota Afaan Oromoo keessatti,tooftaan ammayyaa barnootaa waallee dubbii afaan kana ilaalchisee,wanti argane hin jiru.

Akka muuxaannoo qoratichaatti,Afaan Oromoo dhiibbeentan irra caalaan isaa akka afaan tokkooffatti.Kanaafuu,barattooni beekumsa waallee afaanichaa,aadaafi kan kanaa fakkaatan haala salphaa ta'een waan barataniifi haala walquunnamtiitiin utuu baratani filatamaa akka ta'e hayyuuleen barnoota afaanii (Harmer,1987;Atkins and et al,1995) ni hubachiisu.Haa ta'u malee, namoonni tokko tokkoo (Genenew Bekele,1992:2;Lema Gemechu,1997) mata dureewwan "The problem of teaching grammer"fi "Teaching passive voice" akka tartiibaatti ta'anirratti caasaalee gooreewwan waliin dubbiirratti qorannoo adeemsiisani jiru.Haa ta'u malee kun kan hojiirra oolmaasaa mala barumsa walquunnamtii waallee dubbii faana darbu miti.

Haaluma kanaan,yaaxinaalee hayyoota adda addaatiin kaa'aman keessaa fayyadamummaa gargaaramuun kan dhiyaateedha.Haa ta'u malee,yaaxxinni fayyadamummaa kan bu'uureffame hayyuu biyya Jarmanii Wittingstein (1953) hiika waan tokko beekuuf ergaa ykn akkaata fayyadama waan sanaa beeku barbaachisaa akka ta'e ibsee jira.

# **BOQANNAA SADI:SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA**

## **3.1.Saxaxa Qorannichaa**

Odeeffannoon qorannoo kanaa kan ittiin funaanamu,gosa qorannoo akkamtaa irratti hundaa'uuni.Kana jechuunis,qorannoo akkamtaa of keessatti qabachuun ragaaleen funaanaman bifa barreeffaman dhiyaatanii erga tilmaama dhiibbeentaan ibsamaniin booda qorataan yaada walii gala odeeffannoo argaterratti hunda'uun hubannoofi muuxannoo qabuun yaada mataasaa itti dabalee cimsuun kallatti kaa'uun ibsa kan kennudha.

## **3.2. Mala Qorannichaa**

Saxaxa qorannichaa ibsuuf akka Addunyaa (2011:63) barreesetti,” saxaxni qorannichaa waliigala qorannichaa to'ata. Kunis,qorannichi maal fakkaata,maalirratti bu'uureffame gaaffiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu,” jechuun kaa'eera. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti baa'amu saxaxa addeessaati.Daree barnootaa keessatti waallee dubbii barsiisuun maal akka fakkaatu odeeffannoo funaanamu kan bifaa barreeffaman tarreeffamuun dhiibbeentaatti hiikamuun ibsamee,ibsaan deggeeramee taa'udha.Ragaaleen funaanaman irratti hundaa'uun rakkoolee waallee dubbii barsiisuun walqabatanii mul'atan saxaxa addeessaa fayyadama.

Tarreen goodattoota qorannoo kanaa,sababi barattoonniifi barsiisonni akka madda odeeffannootti filatamaniifis,adeemsicha keessatti wanta yeroo hunda argamaniifidha.Kanaaf,hirmaattoota qorannoo kanaa kan ta'an akka armaan gaditti kan ta'an yoo ta'u,sababni barattoonniifi barsiisonni xiyyeeffannoodhaan akka madda odeeffannootti filatamaniifis, dalaga kana keessatti yeroo mara deddeebi'anii kan jiraniifidha (Lewy,A 1979).

## **3.3.Mala Filannoo Iddattoo**

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffachuun adeemsifamu dhimmoota barumsa waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo irratti hirmaatan haala barsiisuu daree barnootaa kutaa 10ffaan walqabatan mana barumsa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Aayiraa bu'uurreeffachuuni. Haaluma kanaan,barattoonniifi barsiisoonni odeeffannoof filatamuun ragaan

madda jalqabaafi lammaffaarraa funaanamuun kan qorannoon irratti raawwatudha. Kanaafuu filannoon namoota kana hunda bakka bu'an filachuun barbaachisadha. Kanamalees, dogoggoroota garaagaraa dhuunfaafi meeshaalee qoranootiin muddachuu danda'an xiqqeessuuf malli filannoo akka feete carraa salphaan (Simple Random Sampling Technique) fudhatamee jira.

Tooftaa kana giddugaleessa godhaachuudhaan barattoota mana barumsa Biiftuu keessa jiran 1626 keessaa kutaa 10ffaa kuma tokko yoo ta'an, barattoonni saddeet-saddeetti daree 8 keessaa iddoo bu'ee (Sample) ta'anii barattoonni 100 filatamaniiru. Kana gochuuf, galmee irratti hundaa'uudhaan barataa lakkoofsa jalqabaarratti galmaa'e fudhachuudhaan maqaa barattoota ja'a irra darbuudhaan lakkoofsa itti fufuu fudhachuudhaan amma barattoonni saddeet daree tokko keessa filatamanitti haala kanaan deemuudhaan barattoonni filatamanii jiru. Kanaafuu, barattoonni kutaa hunda keessatti lakkoofsota galmee barattootaa keessatti 1,7,14,21,28,35,41,48; jalatti galmaa'an handhuura qorannoo kanaati. Haa ta'u malee, barattoota haala garaagaraatiin barnoota addaan kutaniif mala akkafeete gargaaramuudhaan barattoota lakkoofsa biro jalatti galmaa'aniin iddoo bu'anii jiru. Gama biraatin barsiisonni kutaa 10ffaa Afaan Oromoo barsiisaan, qindeessittonniifi hoggaantoonni adeemsa baruufi barsiisuu hoggaanan manneen barumsa kanaa kan aanaafi godinarraa baay'ee waan taniif filannoon kun barbaachise.

### **3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorannoo tokko adeemsifamu keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurawwan malaafi meeshaaleen ittiin funaanamu shooraa olaanaa qaba. Yaada kanarratti ragaan hayyootan deggeeramu, Dastaa (2013:83), "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deggeeramee geggeeffama. Ragaan yookaan bu'uura qorannoo ta'e kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qabu." jechuun ibseera.

Dabalatanis, akka hayyuun Gootzfi Lecompete (1984) jedhanitti, ragaalee funaanuuf meeshaalee garaagaraatti gargaaramuun haqummaa odeeffannichaa ni jabeessa. Kanaafuu, qorataan kun meeshaalee bargaaffii, daawwannaa dareefi Afaaaffii gargaaramee jira.

#### **3.4.1. Bargaaffii**

Bargaaffiin mala qorataan ragaa ittiin walitti qabate keessa isa tokko. Sababa meeshaan kun filatameefis, odeeffannoo dhimmamtoota hedduu irraa altokkotti ragaa hedduu walitti qabachuuf

mijataa waan ta'eef,odeeffannoo kennitoonni sodaa tokko malee bilisa ta'anii yaada isaan kennan walitti qabachuufidha.Kana malees,barattoonni itti fayyadamtoota qabiyyee sanaa waan ta'aniif,qabiyyichaa xiinxaluun yaada isaanii ni kennu jedhameeti.Qorataan kunis,gaaffii barreeffamaa bifa gaaffii banamoofi cufamootiin barattootaaf waraqaa irratti qopheessuun daree barnootaa keessatti yeroo wal fakkaatutti rabsuufiidhaan akka deebisan taasiseera.Gaaffileen kunneenis,gaaffiiwwan cufaa kanneen bifa filannootiin lakkoofsan kennaman digdamaafi gaaffiiwwan banaamoo kan barattootni yaada isaanii barreessuun ibsan tokko kan hammatedha.

### **3.4.2.Daawwannaa daree**

Yaadni deebii barattoonni,barsiisoniifi hoggaantoonni qaamota qorannoo garaagaraa ilaalchisanii kennan kan hojii baruufi barsiisuu hoggaananiin walmadaallu dhiisuu danda'u.Qaawwa walgitiinsa argama deebiiwwaniitiin mulachuu fedhu kana duuchuuf maleen daawwannaa daree waalleef (Discourse Classroom Observation Technique) muuxannoo barumsa waallee dubbii Afaan Oromoo barsiisotaafi barattootaa (akkaataawwan daree,tooftaa barsiisuu,shaakala waallee dubbii waliigalaa walquunnamtii guddisuufi kan kana fakkaatan) ilaaluuf qophaa'en daawwannan daree geggeeffamee jira.Sababni meeshaaleen kun kaayyoo kanaaf filatamefis, hojiirra oolinsi sirna barnootaa mala kanaan utuu sakkatta'amee wanta ijaan mul'atu tokko qabachuuf salphaa waan ta'eefi (Sowell,E.J.1996:216).Muuxannoon baruufi barsiisuu waallee dubbii afaanii barsiisotaafi barattootaa daqqiqaaf afurtama wayitii shan daawwatamee jira.

Adeemsa kana keessatti qorataan akka barataatti hirmaachuudhaan utuu hintaane daawwataa ta'uudhaan gurraandhala 10 hanga bitootessa 11 tti dareewwan 'A','C','E','G','I',mana barumsa keessatti daree tokko tokkoorra darbuudhaan daawwatee jira.

### **3.4.3.Afgaaffii**

Mala qorataan odeeffannoo ittiin walitti qabate inni sadaffaan afgaaffiidha.Sababni malli kun filatameefis,afgaaffiin odeeffannoo bargaaffii jalaa harca'anii hafan gadi fageenyaan ibsee argamsiisuu irratti mijataa waan ta'eefidha.(Kumer,1996:105).Malli ragaa funaansaa inni kun immoo barsiisotaa,barattootaafi hoggaantootaaf qophaa'e.Kunis,karaa lama ilaalameeti.Tokkoffaan,baay'inni barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa kanaatti barsiisa jiran muraasa waan ta'aniif yeroo hedduu hin gaafatu.Inni lammaffaan immoo,gaaffilee kallattiifi qaxxaamuraa dhiyeessuun ragaa ykn odeeffannoo quubsa ta'e waan argamsiisuufi.Qoratichis,dhugaa jiru

kana bu'ura godhachuun haala gaariitiin madda ragaa qorannoo kanaa ta'uu danda'u kan jedhu mariisiseera. Qoratiichi fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaatiif madda odeeffannoo ta'anii yaada isaanii bilchinaafi gadi fageenyaan ibsuu danda'u jedhee kan itti amane mala iddatteessuu ammargeetti gargaaramuun barsiisota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biiftuu Aayiraatti Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisan sadii, barattoota dhibbaafi hoggaantoota mana barumsichaafi muuxannoo qaban irraa ka'anii odeeffannoo qorannoo kana gabbisu waan kennaniif akka madda odeeffannootti dhimma itti ba'eera. Kanaafis, afgaaffiin waallee dubbii qophaa'eera.

### **3.5. Malleen Xiinxala Ragaalee**

Odeeffannoon meeshaalee garaagaraa armaan olitti dhiyaataniin walitti guuramee erga barreeffamaan kaa'ame booda (harki caalaan isaa), dhugumaa daree sakkatta'a wabiilee keessatti mari'atame handhuura taasifachuudhaan xiinxalame hiika gahaa argatee jira. Odeeffannoon armaan gaditti dhiyaatanii dhiibeentaadhaan ibsa addeessa jechaatiin dhiyeffamanii jiru.

Odeeffannoon ibsaman kunis: deebiiwwan barattoonni gaaffileef kennaan walquunnamtii ykn qaamota qorannoo garaagaraarratti; deebiiwwan barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa kennan; deebiiwwan gaaffiifi deebii hoggaantoota to'annoo hojii baruufi barsiisuurratti sadarkaa mana barumsaatti hanga godinaatti hirmaatan kennan; bu'aa daawwannaa daree muuxannoo baruufi barsiisuu; kun hundi lakkoofsan utuu hin taane ibsa gabaabaadhaan.

# **BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAA FI XIINXALA RAGAA**

## **4.1.Seensa**

Akkuma kutaa mala barnoota jalatti eerametti, kutaa kanaa jalatti odeeffannoon adda addaa barattoota kutaa kurnaffaa Afaan Oromoo baratan; barsiisota sana barsiisan; akkasumas hoggaantoota barnoota mana barumsaaf;bargaaffiifi afgaaffiin barattootaafi barsiisotaa, hoggaantoota mana barumsichaaf bargaaffiin dhiyaateera. Akkasumas,daawwannan daree barumsatti godhame xiinxaleen jira.Adeemsa isaa ilaalchisee deebii gaaffilee qabxii ijoo ta'e tokko jalatti gaafatamanii yaada walitti qaba tokkoon dhiyaatan. Waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa, ergaa barsiisotaafi barattootaa, argama odeeffannoo hoggaantootaafi xiinxala daawwan dareefi eenyummaa waallee dubbii barattootaafi barsiisotaatiifi gaaffiiwwan dhiyaataniifi deebii kennameetu duraa duubaan dhiyaate jira. Itti aansuundhaan,bu'uura walitti dhufeenya odeeffannoon kun hojiirra oolinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo waliin qabuufi fayyadama afaanii wajjin qabu ibsuu,akkasumas ulaagaalee haqa kutaa sakkatta'a wabilee keessatti kaa'amaniin addeeffamee jira.

Durduubee barattootaa ilaalchisee, dhiirri 56,dhalaan 44 yoo ta'an, kan waggaa 15-17 ta'an 81;waggaa 18-20 kan ta'an 11;akkasumas waggaa 20 ol kan ta'an barattoota 8 ta'u.Barattoonni kun hundumti isaaniyyuu Afaan Oromootti afaan kan hiikataniidha.

Barsiisonni hirmaattota qorannoo kanaa lama dhiira yoo ta'an,tokko ammo dubbartidha.Dhiirri tokkoofi dubbartiin tokko umurii 40-50 keessa yoo ta'an,inni hafe immoo waggaa 30-35 keessatti kan argamudha.Sadeen isaanii sadarkaa digirii tokkoffaarra jiru.Hundii isaanii iyyuu Afaan Oromoo akka (major)tti kan barataniidha.Barsiisonni lama tajaajila Afaan Oromoo barsiisuu inni dhiira tokko waggaa 32;isheen dubbartiin immoo waggaa 30 yoo ta'an;tokko moo waggaa 7 lakkoofsisanii jiru.

## **4.2.Xiinxala Ragaalee**

Haaluma hubatamu qabuun,as jalatti dhimma barbaadameef galmaan gahu danda'a kan jedhamu bifa garaagaraan xiinxalamee jira. Isaanis,bargaaffiifi afgaaffiin barattootaafi barsiisotaaf akka

dhiyaatetti dura-duubaa ragaa deebii isaanii waliin walqabatee xiinxalamettu dhihaate. Akkaumas, bargaaffiin hoggaantotaa barnootaa kan taa'an nama sadiif dhiyaatee kan jiruudha.

#### **4.2.1.Xiinxala Ragaa Barattootaa**

Akka odeeffannoo ragaa barattootti,"Fedhiin ati waallee dubbiiif qabdu ammami?" jedhuuf,deebiin barattoonni barnoota waallee dubbii walquunnamiif daree barumsa Afaan Oromoo keessatti qaban baay'ee olaanaadha. Harki saddeetama ol kan kana agarsiisuu yoo ta'u,dhibbeentaan tokko fedhii kana hin qaban.Kanneen hafan fedhii jiddu galeessa qabu.

Akkasuma haa ta'u malee, kana jechuun haala walitti dhufeenya barnootaa ergaa waallee dubbii walquunnamitiitiin,fedhiin olaanaa ta'e kun adeemsa afaanichaa barachuu duwwa ta'a malee walquunnamtii bu'uureeffachuudhaan fedhii yaada ofii ibsuu ta'uu dhiisuu danda'a."Gaaffiin waallee dubbii haala yookiin tooftaa kamiin yoo baratame ykn barsiifame jaalatu?" jedhuuf deebii murtaa ta'e kaa'uun rakkisaadha. Kanaafuu,adeemsa waallee dubbii tokkoo bu'uura godhachuudhaan eenyummaa waallee dubbii of ibsuun jira moo hinjiru yaada jedhuuf deebii kennuun barbaachisaadha. Kaka'umsuma ibsa barsiisaan latuu yoo ta'e garuu,sababni barattoonni baay'een waallee dubbii jaalataniif,gaaffii ykn deebii isaa deebisuun yookiin barreessuun karaa salphaa waan ta'eef ta'uu danda'a (Nasr,1972).

Karaa kan birootiin, akka yaada biraa jalatti mul'atutti,barattoonni irra caalaan isaanii adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti dogoggora waallee dubbii ni qabu. Dhibbeentaan lama,kan barattoonni "jiddugaleessaa" jedhanii kaa'an akka sadarkaa giddugaleessaatti fudhachuudhaan yoo ilaalamu,gara dhibbeentaa shantamaa haqa kan yoo agarsiisuu,harki soddonii ja'a sadarkaa kanaa dhibbeentaan kudha ja'a gadii ta'u, dhibbeentaan kudhan gadii aanaa; dhibbeentaan ja'a harka gadii aanaa, akkasumas dhibbeentaan saddeetti taasumaa akka hinjire mul'isa. Walummaagalatti,barattoota yaartutuu soda uumama dogoggora waallee dubbii malee barata.

Barattoonni gaaffii hinqaasamiinillee akka ibsanitti sodaan uumamu dogoggora waallee dubbii sanaaf qaban guddaa taa'un isaa ni argama.Bu'aa kana fedhii barnoota waallee dubbii kanaan olitti sadarkaa guddaa ta'e argameen walitti fiddun nidanda'ama. Hawwiin isaan erga guddaa ta'eefi beekumsa caasaa dhalootan horatan (boqonnaa 2 fuula 18 ilaalaa) ykn immoo haala adda ta'een barataniin yaada ofii ibsuurratti hirinni ofitti amanuu (lack of confidence) jiraachuun isaa



ni argama. Gaaffiin “hirinni ofitti amanataa maalirra madda?” jedhu yoo ka’u, hirinni waliin dubbachuu, lama yookiin gareedhaan mari’achuun sababawwan ijoo ta’aniidha. Kunis, gara yaada tooftaan barnoota waallee dubbichaa yeroo hunda hojiirra ooluu isa akka barsiifataati jedhutti kan nama geessuudha. (Atkins et al, 1995).

Akkuma seensaa jalatti ibsametti, Afaan Oromoo barattoota heddudhaaf afaan duraa waan ta’eef ergaa waallee dubbichaa guutumaa guutuutti hin beekan jechuun hindanda’amu. Haata’uu malee barsiisaan gahee yaada walgeeddarsiisuurratti hanqina qabachuun isaa ni argama. Daawwannaan dareefi deebiin barattootaa irra caalaan isa dhugaadhuma kana mul’isa.

Akka yaada barattoota kanarraa hubatamutti, gaheewwan barattoonni gochaawwan adda addaa kan akka; seenaa himuu, baacoo ykn sheekko; diraamaa hojjechuufi of ibsuu kutaatti dalaguun ga’adha. Akka yaada deebii barattootaatti dhibbeentaan digdamii ja’a qabxii ol aanaa ta’e argamuudhaan qabxiileen isaa ol ykn gadii ta’e yoo madaalaman, dhibbeentaan afurtamii afur gahee sadarkaa olaanaa yoo agarsiisuu dhibbeentaan kudha tokko sadarkaa gadii aanaa agarsiisa. Qabxiin olaanaan (dhibbeentaan afur) gahee ga’aa ta’e haa agarsiisuu malee dhibbeentaan kudha tokko hirinni guddaan jiraachuu isaatti mul’isa.

Qabxiwwan gahee dalagawwan adeemsisuu agarsiisan, isa olaanaafi gadii aanaa mul’isan, walmadaalu jechuun nidanda’ama. Kunis, hirinni gahee waallee dubbii fayyadamuudhaan gochaawwan kana dalaguun bal’aadha. Akkuma sakkatta’a wabiilee jalatti ibsametti barattoonni ergaa ijaarama waallee dubbii afaan tokkootti gargaaramuu baannan; wantootaa dalagan yaadu yoo baatan hiika seera waallee dubbichaa kallatiin hin beekan (Atkins, 1995). Hiikni bu’aa kanaatis, galmi barnoota waallee dubbichaa seerota afaanichaa haalaan beekuu ta’a, sababni isaas, akka (Atkins et al 1995) kaa’etti qabxiwwan adeemsa barnoota waallee dubbii afaan tokkoo kan walquunnamtii (communicative) jechisiisan keessaa inni guddaafi ijoon yaad-rimee sirna gochaa (Task principle) jedhu yoo ta’u, kunis, adeemsa hojiilee dareetti fayyadamuudhaan walquunnamtii waallee dubbichaa qofa utuu hin taane (hiika) isaa hubachuu kan ilaalatuudha. Ibsi (Celce Murcia 1991) boqonnaa 2 fuula 15) irratti kenne barnoonni waallee dubbii kan caasaa, hiikafi ergaa haalaa (pragmatics) mul’isu ta’uu baannan isa barnootaatiifi bu’uwwan kun kan walfaana adeemaniidha. Kanumaafuu, dhiibbaa tooftaa barnootaatu argamaa jira jechuun ni hubatama.

Gareen lama yookaan gareen adda addaatiin waalleedhaan dareetti maree adeemsisuu ilaalchisee,harki irra caalaan isaanii gahee guddaan jiraachuu isa yoo mul'isuu (dhibbeentaa sodoomni), ammallee hirinni jiraachuu isaa ni argama (dhiibbeentaa digdamii lama). Carraa kanaa (dhiibbeentaa kudha shan) akka sadarkaa qabxii giddugaleessaa fudhachuudhaan ta'e,walumaatiqabatti,gaheen kun gaarii irra akka jiru ni argama.

Haalli kun gaheen cimdiidhaan barachuu guddaa ta'ee hirinnis jiraachuu isaa haa mul'isu malee,deebiin barsiisotaa kanaan yoo madaalamu,sadarkaa sadaffaatti al-tokko tokkoo qofa hojiirra akka oolu mul'isa. Itti dabalees,garaagarummaa uumame kan ija ilaalcha daawwanna dareetiin yeroo ilaalamu,adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haalli fayyadama cimdii tasumaa hin jiru jechuun ni danda'ama. Akkataan barattoonni itti taa'an,teessuma tokkorra sadii qofatu taa'a. Haalli adeemsa maree unkaa garaagaraa qabun teessisuun rakkisaadha. Kunis,eega adeemsi cimdii hin jiraanne (hirinna guddaa mul'isee) akkuma kana gareedhan barachuun hin jiraannee. Malli adeemsa daree (system of classroom organization) kutaa hunda (whole class) ta'uu mul'isa. Akkana ta'uun isaa immoo,haalli barnoota waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo kan barsiisaa giddugaleessa godhateedha jechuun ni danda'ama. Kunis,walquunnamtiin yookiin kaka'umsi barattotaa baay'ee gadii aanaa ta'uu yoo mul'isu,jireenyi barattootaa gara fuulduraatti hawaasatti (Social Competence) miidhaa kan fiduudha.

Gama gahee waallee dubbii ogummaa dubbisaatiin walqabsiisanii barachuutiin dhiibbeentaan shantamii tokko olaanaa ta'ee hubatama. Kanaaf,akka waliigalatti,gaheen waallee dubbii gilgaalota dubbisa keessatti barsiisuu sadarkaa gahaadhaan ol ta'us,hirinni qooda kanaa jiraachuunsaa ni argama. Bu'aan deebii barsiisotaallee kanuma haa agarsiisu malee,bu'uura haala qabatama daawwii kutaatiin,matadureen waallee dubbii Afaan Oromoo akkaataa of danda'een jiraachuu baatus (kan daree kurnaffaa),waallee dubbicha ogummawan afaaniitiin (Language skills) walsimsiisuun hin jiru. Eenyummaa waallee dubbii gilgaalota adda addaa keessatti laataman gabatee gurrachaarratti laataman kana fakkaatan sirreessuu qofatu adeemsifama. Kunis,tooftaalee barnoota waallee dubbii (bu'aa,adeemsaafi ogummaa) keessa isa bu'aa ta'etuu hojiirra oola kan nama jechisiisudha.Sababni isaas,akka waallee dubbichaa murtaawwaa ta'ee tokko akka barattoonni seeraan beekan godhuurratti duwwa waan xiyyeeffateedha (Boqonnaa 2 fuula 12 irratti).

Gama gahee barnoota waallee dubbii dhaggeeffannaa keessatti mul'atutti yoo darbamu, akka waliigalatti gaheen kun sadarkaa jiddugaleessa kan jechisiisuu (dhiibbeentaan digdamii lama) gadi aanaa (gara dhiibbeentaa sodoomii ja'a ol) ta'uu isaatu argama. Kanaafiyyuu, adeemsa waallee dubbii Afaan Oromoo gilgaloota garaagaraa dhaggeeffannaa keessatti barachuu ykn barsiisuu irratti hirinni baay'een mul'achuu isaa argisiisa.

Haaluma ibsaawwan barnoota waallee dubbii barreeffama keessatti barachuu asiin olitti ilaalameen, bu'aan daawwii dareefi deebiin barattootaa kun ibsuutti, gaheen adeemsa kanaan waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo baay'ee gadi aanaadha yookiin immoo tasumaa hinjiru jichuun nidanda'ama. Kana jechuun, waallee dubbii afaan kanaa hiika haala (pragmatics), ergaa waliigalaa (Discourse factor), hiika hawaasummaatiin (Social meaning) barachuun hin mul'atu. Haalli kunis gama isaatiin, waallee dubbii barattootaan adeemsifamuu qabu kan gadi xiqqeessudha. Kunnis, jireenya barattootaa hawaasa keessa jiraatan irratti dhiibbaa guddaa ta'ee kan uumuudha.

Gahee walquunnamtii waallee dubbii waliigalaa ilaachisee, qabxiin jiddugaleessa dhiibbeentaa kudha afur taa'udhaan dhiibbeentaan qabxii gara oliifi gajalatti argaman, dhiibbeentaa kudhan harka gadi aanuu yoo agrasiisu dhiibbeentaan afurtamii afur immoo sadarkaa olaanaa agarsiisa. Kanaa waan ta'eef, gaheen waliin haasa'uu daree barnoota hedduu gadi aanaa ta'uu isaatu mul'ata.

Kanaafiis, akkatuma dhiyyeessa garaagaraa kanaan olitti ibsamaniin, qabxii wiirtuu hojiirra oolinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtiitiin kan walqabatuudha. Gaheen walhubannoo daree (Classroom Verbal Interaction) baay'ee gadi bu'aa yookiin hinjiru taanan, waa'ee tooftaa waallee dubbii dubbachuun nama dhibba. Yaadni armaan gadi kun dhugaa hedduu ta'an mul'isuuf ta'a:

Adeemsi tooftalee barnoota waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo ittiin laatamuu qaban (kan bu'aa, adeemsaafi ogummaa) keessa kan bu'aarratti qofa fuuleffatu hojiirra oolaa jiraachuu isaa; Yaad-deebiin barsiisonni tokko tokkoo laatan garuu, faallaa dhugaa kanaa taa'uun isaa, barsiisonni wanta dalagaarra hin oolle (dubbii) barreeffamaan kaa'ame akka odeeffannoo qabatamaatti akka laachuu danda'an kan calaqqisiisuudha.

Akkuma odeeffannoon barattootarraa argame armaan olii agarsiisutti,barattoonni harki caalaan (dhiibbeentaa sodoomii lama) gahee hojjiilee waallee dubbii walquunnamtii adda addaa kan akka rakkoo furuu,waliin haasa'uu,waliin dorgommii dubbii dareetti geggeeffamu tasumaa hin qaban. Kana malees,shantamii sagal ol hirinna carraa kanaati agarsiisa. Akka deebii kanaatti,qabxii gahee giddugaleessaa (dhibbeentaa kudha tokko) fudhachuudhaan,dhibbeentaan digdamii torba qofatu haala gocha kana mul'isa.

Gaaffiin “bu'aan kun hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtii waallee dubbii Afaan Oromoo waliin firooma maalii qaba?” jedhu yoo ka'u,gochaawwan kun ulaagaalee barnooticha kan walquunnamtii jechisiisan kan akka sirna dalagalee daree (Classroom task principle) fi qaawwa odeeffannoo (Information gap) ta'an kan of keessa hin qabne fa'iitu argama.Kana jechuun ammo tooftichi hojiirra oolaa akka hinjirre mul'isa.Sababni isaas maddi beekumsa afaanii barsiisaa qofa ta'ee waan amanamuufi malli barnoota kana waliin dubbachuu kana hojiirra oolchuuf dhiibbaa guddaa uumaa jiraachuu isaati.

Gama iftoomina kaayyoo hojiilee barsiisaadhaan laatamutti yoo darbamuu,akkaataa barsiisaan kaayyoo qabiyyee yookiin hojiin tokko ifa (harka ja'atamii sadii ol) ta'uun isaa ni argama. Haata'uu malee,barattoonni tokko tokkoo rakkoo hubannoo adeemsa waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo ni qabu gara dhiibbeentaan (sodoomii shanii) kan ta'an haqa kana mul'isutti.Haaluma ibsa kaayyootiin walfakkaatun,barattoonni harki caalaan ajaja barsiisaan hojii gilgaalotaatiif laatu guddaa (dhiibbeentaa shantamii shan ol) ta'u. Akkasums,barattoonni hubannoo ibsa qajeelfama hojiilee laatamu hin qabne (dhiibbeentaa kudha afur akka mul'isutti) ni argamu.

Yaadni deebii barsiisotaas kanuma hubachisuu malee,yaada bu'aa kanaa haalaan laachuuf gaaffii”Qulqullina hojiilee dareetti laatu galma barnoota waallee dubbii isa kamirratti kan xiyyeeffateedha?” jedhu deebisuun barbaachisaadha.Bu'aa daawwii kutaalee handhuura godhachuudhaan, barsiisaan galmi barnootichaa waan barsiisuu sana yookaan seerota isaa haalaan hubachisuudha.Akkaataan barattoonni illee gaafficha itti hubatan kanuma fakkaata. Kunis,hanqina daddamaqina barsiisonni walquunnamtii kanarraatti qaban jiraachuu kan agarsiisudha.Gama kananis,hojiirra oolinsa tooftaa kanaarratti rakkoo guddaa calaqqisiisa.

Dandeetti hojiilee gilgaalota adda addaa kitaaba barataatiin alaa hojjechuu ilaalchisee,daran gadi aanaa (dhibbeentaa shantama ol) akka ta'ee ni agarsiisa. Dhibbeentaan torba gadi aanaa, dhibbeentaa shan baay'ee gadi aanaa, akkasuma dhibbeentaa lama tasumaa akka hinjirre agarsiisa. Dhibbeentaan kudha sagal akka sadarkaa dandeetti jiddugaleessaatti yoo ilaalaman harka digdama qofatu hubannoon kun jiraachuu isaa agarsiisa.

Adeemsi hojiilee gilgaalota adda addaa kitaaban ala ta'an hojjechuu dhabuu,carraa odeeffannoo fedhii barattootaa,dadamaqqinsa jijjiiramawwan tooftaalee barnoota waallee dubbii afaaniifi beekumsa tooftaafi tarsiimoo barattoonni barnoota waallee dubbiirratti qaban dhibuu kan agarsiisudha.Kunnis,gama isaatiin,odeeffannoo madda meeshaalee gargarsaa barnootaa kan dhabamsiisu malu waan ta'uuf,barnootichi hiika malee seerotuma waallichaa sammutti akka qabatan irratti kan xiyyeeffate ta'uu mul'isa (Celce-Murcia,1988).

#### **4.2.2.Waallee Dubbii Barsiisaafi Barataa**

Deebii gaaffiilee barattootaafi barsiisotaa gahee hojiilee barnoota waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa ilaalchisee.Akkuma odeeffannoo kanarraa hubatamutti,barsiisaan yeroo inni dubbii godhu itti fayyadamu haala waallee dubbii barattootaatiin daree barumsa keessatti yoo madaalamu,haala nama dinqisiisuun kan barsiisaan fudhatutu caala. Dhibbeentaan barattoonni giddugaleessa godhatan (perseentii digdamii lama qofa) fudhachuudhaan yoo ilaalamu perseentiin digdamii shan daran olaanaa;perseentii ja'a qofa gadi aanaa,perseentiin shan tasumaa akka hin jirre kan agarsiisuudha. Kanaafuu,akka waliigalaatti,garri dhibbeentaa saddeetamii shan yeroo barsiisaan ergaa waallee dubbii gahee isaa itti dalagutu baay'ee fudhata.

Yaaduma kanarraa ka'uudhaan,kaayyoolee garaagaraa hojiirra ooliinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo waliin deeman keessa:

Dalagaawwan adda addaa kan akka yaadannoo ibsuu,barreessuu, sirreessuufi kan kana fakkaatan hunda kan hojjetu barsiisaa waan ta'eef,shaakalli barattoota yeroo muraasa qofa waan fudhatuuf malli kun kan bu'aa irratti xiyyeeffatee fakkaata.Galmi barnoota waallee dubbiis seerotuma isaa haalan beekuu qofa yoo ta'u,kunis,walquunnamtii haasawwa dareetti barattootaan yookiin barattootaafi gochaalee giddutti geggeeffamu kan hinjirre ta'a.Sababni isaas walta'iinsi waliin dubbattoota gidduu waan hin jirreef (Malamah Thomas,1987:11).(Boqonnaa 2 fuula 24 ilaalaa).

Gosoonni walhubannoo waallee dubbii daree (Classroom Interaction Type) kan barsiisaafi barattoota hunda gidduutti geggeeffamuudha. Sababni isaas yeroo dhiibbeentaan saddeetamii shan kan fudhatu ibsa barreeffama yaadannoo waan ta'eefi (Atkins et al, 1995). Haalli kunis yaada odeeffannoo barsiisonni kennaniin kan walfaallesse argamuudha. Yaaduma kanarratiis, barsiisonni odeeffannoo laataniifi yaadannoo laatan madda barreeffama jecha mala walquunnamtiirratti hundaa' uddhan malee gocha jiraniirratti akka hintaane agarsiisa. Barattoonni haalli fedhii isaanii akkaataa itti eegamuun hin jiru. Daawwannaan darees dhugaadhuma kana agarsiisa.

Adeemsawwan hojiilee dareetti hojjeetaman hojiilee walquunnamtii waallee dubbisiin (afaan akka walquunnamtii waliigalatti barachuu; kaka'umsa barattootaa guddisuu; barnoota afaanicha akka dhalootaatti barachuu; haala uumamaa) kan walsimsiisu miti. Haalli kun ammoo gama isaatiin tooftichi hojiirra ooluu sun kan barsiifata akka ta'e mul'isa.

Qoodni barsiisaa yaadannoo barreessuu, ibsa laachuufi gilgaalota adda addaa sirreessuutti baayata ta'a. Fayyadamni meeshaalee gargaarsa barnoota waallee dubbii yoo ilaalamu, perseentiin kudha saddeett sadarkaa giddugaleessa ta'ee, perseentiin torbatamni fayyadamni meeshaalee barnoota gadi aanaadha; perseentii sadii gadi aanaa; perseentiin tokko daraan gadi aanaa akkuma kana dhiibbeentaan afurtamii ja'a tasumaa akka hinjirre kan mulisudha. Perseentii kudha shan duwwatu meeshaalee kanatti akka gargaaraman agarsiisa. Yaadni barsiisonni laatanis kanumaan kan walfakkaatudha.

Gaaffii "haalli hojiirra oolinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtiitiin walqabatu maali?" jedhuu deebisuun hiika bu'aa kana haalaan beekuuf kan gargaarudha. Akka (Celce-Murcia 1988) jedhutti, yaadni itti gargaarama meeshaalee adda addaa hiika barnoota waallee dubbii akka hin irraanfatanetti hubachuudha. Kunis, alkallattiidhaan si'aayina barattootaa isa keessaa (Internal motivation) haalaan kan fooyyessuudha. Kana waan ta'eef hanqinni itti gargaarama meeshaalee hanqina hiika waallee dubbichaa kan ol kaasuudha.

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gahee barsiisaafi barattootaa haala waallee dubbii walquunnamtii ilaalchisee, barsiisaan yeroo mara (harhi jaatamii shanii ol) kan inni itti fayyadamuu yaadannoo kennuufi ibsa laachuudha. Gaheen yaadannoo barreessuufi ibsa isaa

kennuutti aanee immoo yeroo dheeraa kan fudhatu (harki shantamii sadii) hojii manee gilgaalota adda addaa sirreessuudha.

Akka gahee barsiisaatti sadarkaa sadaffaa kan fudhatu dhiibbeentaa digdamii shan barattoonni waliin dubbiirratti akka shaakalan gochoota adda addaa dareetti hojjechisiisuudha. Akka odeeffannoo argame kanarraa hubachuun danda'amutti, barsiisonni baay'een dalagawwan kana hojjechisurratti rakkoo qabu (harki kudha afur) kan ta'u. Bu'aan (hubannoon) kun gama daawwan kutaatiin tokko yoo ta'u, gama deebii barsiisotaatiinis xinnoo kan wal fakkaatudha. Haata'u malee, yaadni bu'aa kanaa kanneen armaan olitti kennamaniin kan walfakkatuudha. Malli isa barnoota akka ta'e (Atkins et al, 1995); gosoonni waallee dubbii isaa barsiifataa heddu giddutti geggeeffamu akka ta'e, hirina daddamaqsu qabachuu akka mul'isu kan hubachisuudha.

Gaaffiin "Maree garaagaraa adeemsisuuf, barsiisaan haala mijeessuurratti maal fakkaata?" jedhu yoo ilaalamu, dhiibbeentaa sadarkaa giddugaleessa agarsisu (dhiibbeentaa saddeetti) fudhachuudhaan, barsiisonni sochii gaarii agarsisaa akka jiran mul'isa. Haa ta'u malee, barattoonni ammallee waliin maree adeemsisurratti dhiibbeentaan shan rakkoo ni qabu. Haa ta'u malee, bu'aan daawwannaa daree faallaa kanaa ta'uu kan mul'isuudha. Kunis, mareen adda addaa waallee dubbiin walqabattu dareetti adeemsifamu hinjiru. Sababni isaa hanqini teessuma mijaawaa ta'ee, miidhaan malli barsiifataa barsiisaafi barattootarratti fidu, hanqina kaka'umsa faayidaa hojiilee waallee dubbii barsiisaafi barataa ta'uu mala. Barattoonni himoota mataasaanii, waallichatti gargaaramun, akka uuman jabbinni fakkeenyawwan barsiisaan kennuuf, dhiibbeentaa deebii " giddu galeessa" jedhu ibsu (harka kudha ja'a) jiddugaleessa tasifachuudhaan yoo xiinxalamu, dhiibbeentaan afurtamii ja'a jabbina barsiisotaa yoo mul'isu, harki saddeetti rakkoo isaan qaban calaqqisiisa.

Hanqinni jiru xiqqoo haa fakkaatu malee, daawwannaan dareetti adeemsifame faallaa kanaa kan mul'isuudha. Fakkeenya muraasatu kenname, kanneen kennamanis, kan waliigalatti malee gaheewwan baratan keessa jiraatu kan ibsan miti. Kana malees, seeroonni adda ta'an (Exceptionals) kan ofitti fudhatan miti. Kunis, barattoonni dandeetti eenyummaa waallee dubbiin himoota mataa isaanii maddisiisan ijaaruurratti mul'isan argamu baay'ee yartuudha. Bu'aan kan irraa argamus, hirinni dandeetti waa tokko uumuu kan agarsiisuudha. (Harmer, J1987).

Yaadni armaan gadii, akka kutaa mala jalatti kennameetti, yaad-deebii barattoonni gaaffiiwwan banaatiif kennaniirratti hunda' uudha.

Haaluma gaaffilee kanaan dura addeeffaman jalatti dhiyateetti rakkoon inni guddaan gahee yeroo shaakala waliin haasawa dhabuudha. Deebiin barsiisotaa akka mul'isutti, garuu. Barattoonni carraa gahaa ta'e qabu. Hirina deebii isaaniif barattoota gudduu jiru duuchuufi haqumaa qorannichaa eeguuf daawwannaa daree adeemsisuun murteessadha ta'a. Akkatuma kanaan carraan jedhame tasumaa hin argamne. Kanumaafis, akkuma irra-deddeebuudhaan eerametti malli marri odeeffannoo tokko duwwatu barsiisarraa barattoota hundaaf kenname jira. Kunis, gama isaatiin, hamilee barachuu, tooftaa barnootaa afaanii isaa salphaa ta'e kan balleessuudha.

#### **4.2.3. Xiinxala Gaaffilee Bargaaffiifi Deebii Barattootni Laatan**

Deebiin gaaffii isaa dhumaa barattoonni kennanii gaaffii “gosooni biraa wantoota barumsa walquunnamtii waallee dubbii daree Afaan Oromoo daangessuu ykn miidhaa uumuu danda'an maal fa'i?” kan jedhuudha. Deebiin barattoonni kennan adda adduma waan qabuuf haala walitti cimifameen dura duubaa baay'ina deebii barattoonni irraa deddeebi'uun kennaniin kaa'ame jira. Hirinna gaheen haasa (shaakala) hojiin waallee dubbiitti afaanitti fayyadamuuf kenname kun al-jatamii lama kan ta'eedha.

Qabxiin sadarkaa lammaffaarratti ka'e, soda barattoonni barataa fuulduratti bahaanii dubbachuufi dogoggora jechoota waallee dubbii yoo ta'u, naqa afurtama ka'eera. Kunis, haaluma kanaan dura eerametti, hanqina yaada waljijjiirraa barattootarraa kan kaa'e ta'uu kan maluudha. (Celce-Murcia, 1984) boqonnaa 2 fuula 24 ilaalaa.

Hanqina yeroo ilaalchisee: yaadni kun gaaffii dubbii afaanitti gargaaramuu waan deemsisu fakkaatus akka yaada addaatti barattoonni si'a digdamii jaha kaasani jiru. Yaadni kun, (daqiiqaa afurtama) dareef kenname keessaa irraa caalaa barsiisaatu ibsa gochuuf fudhata, kan jedhuudha. Haalli kunis, barsiisaa gidugaleessa kan godhatu ta'uu kan mul'isuudha. Kitaaban ala gilgaalota jiran hin hojjenu kan jedhuudha. Hirinna kitaaba; deebiin kun akka rakkootti al kudha shan kan ta'eedha. Maayii kana ilaalchisee, akkaata unkaatiin gaafiilee kana jalatti haalli barattoonni kitaaba itti argatan gaafatamanii deebiin irraa argame akka ibsutti, dhiibbeentaa jahatama dhuunfaadhaan; dhiibbeentaa jaha cimdiidhaan, dhiibbeentaa sadii gareedhaan perseentii tokko tasumaa kan hin argamne ta'uu mul'isa. Kanarraa waanti hubatamu barattoonni irra caalaan



kitaaba akka argatan dhiibbeentaa saddeetama oliifi rakkinni yartuun akka jiruudha. Haata'uu malee, kitaabotaa kaayyoo barnoota waallee dubbiitiif barbaachisan dhuunfaadhaan argachuu jechuun ulaagaa tooftaa walquunnamtii waallee dubbiiti jechuun rakkisadha. Faallaan yaada kanaallee guutumaa guutuutti rakkina isa ijoo fida jechuun kan nama adeemsisuu miti. Sababni isaas gaaffiin kitaaba mijaa'ina daree, si'aayina barattootaa, muuxannoo marii adeemsisuutti aanee dhufuu kan danda'uu ta'uu mala.

Dandeetti Afaan Oromoo dhabuu si'a kudha afur kan ka'e. Haata'uu malee, akkuma kutaa seensaa keessatti eerametti, dhiibbeentaan dhibbi tokko Afaan Oromoo akka afaan isa duraatti kennamu ta'uun isaa kan mirkanna'eedha. Haata'uu malee, gaaffii "afaan lammaffaa haala walquunnamtii waallee dubbiitiin barachuun hin danda'amu?" kan jedhuuf akka sakkatta'a wabiilee keessatti dhiyaatetti, deebii miti jedhutu argama. Sababni isaas, kaayyoon barnoota waallee dubbii walquunnamtii inni guddaan akka dhalootaatti barachuudha. (Little Wood, 1981). Waan kan ta'eef kun rakkoo guddaa ta'ee fudhaatamu dhiisuu danda'a.

Rakkoo gama sodaa barsiisatiin si'a digdamii lama kan ka'e; rakkoon kun sodaa uumama dogoggora seera waallee dubbiitiin kan walfakkaatudha. Sababni isaas, maddi hanqina waliin haasa'uu barsiisaafi barataa giddutti adeemsifamuu ta'a. Keessuma barattoonni umurri walgitu yoo waliin mare adeemsisan sodaa xiqqeessa adeemu, dhumarrattis sodaa barsiisaarratti qaban xiqqeefatu (Little Wood, 1981). Rakkoon kun haalan jiraachuun daawwannaan dareefi deebiin barsiisotaatiin kan dhugoomedha. Haalli kunis gama isaatiin, hojiirra oolinsa mala kanarratti rakkoo kan fiduudha (Little Wood, 1981).

Yaadni barsiisaan fakkeenya gahaa haala gilgaalonni itti hojjetamaniif kennu quubsaa miti kan jedhu (al-kudhan). Hamilee dhabuu (si'a afur), akka deebii barattootaatti harki afur barattoonni qofti yaada kana haa dhiyeessan malee, hoggaantoonni barnoota Afaan Oromoofi bu'aan daawwannaa daree (harki saddeetamni) kan kana agarsiisuudha. Akka Little Wood (1981) jedhetti, daree waliin haasawun hinjirre keessatti kaka'umsi gadi aanaa ta'e mul'ata. Kanaaf, hamilee dhabuun kun jiruufi jireenya gara fuuladuraatti barattoonni qabaniif rakkoo guddaa qaqaabsiisuu danda'a.

Barattoonni jeequmsa uumuu isaanii ilaalchise sa'a ja'a. Yaadni kun akka ibsutti, adeemsa baruufi barsiisuu keessaa jeequmsi ammas jedhamu kan hinjirre ta'uu mul'isa. Kanumarraa ka'uun, yaadni

kun dhimma ilaalamu kanaan yoo walqabatu maal jechuu akka ta'e himuuf gaaffii" barattoonni yaada maaliif callisoo ta'an,jabbina hirmaan isaaniitiif moo barsiisaan naamusa daree uumsisuurratti cimaa waan ta'eef?" akka argama daawwannaa dareettiin walqabsiisuun xiinxalamutti; barattoota jajjaboo ta'an duwwatu gaaffii al tokko tokkoo dhiyeessu. Kanarraan kan hafe barattoonni kanneen biroon waa'ee dhimma dhuunfaa isaanii ta'anii waan odeessan fakkaatu. Akkas jechuunis,hojiiwwan daddamaqina keessaa (Intrinsic motivation of classroom) malee callisanii waan ta'aaniif malli barsiisaan itti gargaaramu isa amaleeffatame ta'uu danda'a.

Heddummi barattootaa si'a sadii kan ka'e.Waanti qabatamaan mana barumsa kana keessa jiru yoo hubatamu,haaluma kutaa malaa keessatti dhiyaatetti,daree tokko keessa akka guddu-galeessaatti saddeetamatu jira. Kunis,akka saayinsii isaatti,daree baay'ee guddaadha kan jedhamu jalatti kan ilaalamudha. (Atkins and et al,1995). Akkasumas,akka Brumfit (1984) jedhutti,heddummi barattootaa gochaa kanaaf haala kan mijeessu malee akka rakkina cimaatti kan ka'u miti.Sababni isaas,hojiiwwan barnoota waallee dubbii walquunnamtii keessatti garee muraasa kaasee amma isaa guddaatti dandeetti waliin haasawu kan arriffachisaniidha.(Boqonnaa 2 fuula 24).

### **4.3.Ragaalee Barsiisotaa**

Barsiisoonni Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaa qorannoo kanaaf ragaa kennuuf filataman sadiidha.Haa ta'u malee,gaaffiiwwan gaaffatamanii ragaa akka kennaaniif,afgaaffiin kudha afuriifi bargaaffiin saddeett akka armaan gaditti xiinxala ragaa keessatti deebiiin walfaana kaa'amaniiru.

#### **4.3.1.Xiinxala Ragaa Barsiisotaa**

Haalawwan barsiisonni Afaan Oromoo walhubannoo waallee dubbii daree itti uumaan xiinxalu. Gaaffiiwwan dabalee "B"jala jiran gosoota qorannoo kanaa kan akka mala gochaalee barsiisonni Afaan Oromoo hojiirra oolchaa jiran,qooda barsiisaafi barattootaa,kallattiifi alkallattiin waallee dubbii daangessuu malanirratti fuuleffataniidha.Ergaa barnoota waallee dubbii walquunnamtii jalatti qabatamummaa deebii barsiisotaa murteessuuf gaaffiileen lamaafi isaa ol ta'an gaafatamanii jiru. Gaaffiileen kun barsiisota sadi kan mana barumsa Biiftuu sadarkaa lammaffaa barsiisaniirraa kan fudhatameedha. Kana malees,gaaffiiwwan kun tokko hanga kudha afuritti kan

caasseffaman yoo ta’u,kudha shanii hanga digdami lamaatti ergaafi eenyummaa waallee dubbii yaada barsiisotaan ijaarame argachuuf jecha banaa kan ta’aniidha.

Deebii gaaffilee haala barsiisotaa adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii keessatti mul’atu ilaalchisee gaafatamaniif kenname (gaaffilee tokko,lama,ja’a,kudha afur).Akka gaaffiin kun hubachisutti,Afaan Oromoo sadarkaa kanatti kan barsiisan;barsiisonni ogummichaaf hawwii guddaa qabu.

Haaluma kanaan,yaada qabxii amala barsiisotaa keessa tokko ta’e kanaa akkas jechuudhaaf gaaffilee ijoo kan akka “Haalli fedhii baay’ee olaanaan kun itti ibsamu ykn hojiirra oolu maal ta’uu qaba?” mala fedhii kamiitin yaada kan barsiisuu? jedhan kaasuun murteessadha.Akka beektonni akka LittleWood (1981),Atkins and et al (1995) yaada rime barnoota waallee dubbii afaan barsiisuu yayyaban;akkasumas,haala hojiirra oolinsa isaa sakkatta’an,kan kutaa sakkatta’a wabiilee jalatti eeraman akka ibsanitti,barsiisaan afaan tokko barsiisu tokkoo fedhii ogummichaa qaba kan jechisiisu hojiilee walquunnamtii waallee dubbii filachuurratti,qindeeffachuurratti,haala hirmaannaa fedhii barattootaa duukaa deemun qixeessuurratti,barattootaa waliin akka mari’aattan hirmachuurratti;meeshaalee deggeersa barnootaa adda addaa gargaaramuufi gilgaalota kitaaban ala ta’an fedhii barattootaa yaada keessa galchan dareetti hojjechisuurratti si’aayina keessaa adeemsicha keessatti yoo mul’iseedha. Adeemsi kun akka deebiin barattootaa,hoggaantootaafi daawwannaa dareetti geggeeffameera hubatametti,baayyee gadi aanaadha. Kanaafuu,deebiin barsiisotarraa argame kun hanqina hubannoo maalummaafi kallattiiwwan hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtiirraa ka’uudhaan kan kenname fakkaata. Kana malees,barsiisonni kun hirinna maalummaa tooftaa waallee dubbiiitiin mala barnoota afaanii isa barsiifata mul’isu kanaan barsiisuun iyyuu kan isaanitti toluu ta’uu akka danda’u dubbatan.Gaheen yookiin faayidaan waalleen dubbii afaan tokkoo barsiisuuf laatu,akka ilaalcha barsiisota kanaatti,baay’ee guddaadha. Dhiibbeentaan gara jatamii torbaa dhugaa kana yoo mul’isu,harki sodoommii sadii fedhii giddugaleessa ta’e agarsiisu.

Yaadni kun barbaachisummaan barnoota waallee dubbii barnoota afaanii keessatti baay’ee guddaa akka ta’e haa agarsiisu malee,beekumsi barsiisonni qabxiilee shoorri waallee dubbii barnoota afaanii tokko keessatti qabu xiinxaluun ka’umsa kaayyoo qorannoo kanaa waliin deemudha.kaka’umsa isaan dhimma kanarratti qaban xiinxaluuf gaaffii banaa (Open ended

questionnaire) gaaffatamanii deebiin isaan laatan “Ergaa dabarsuu,ogummaa afaanii guddisuu, afaan waltessuu,furmaata kennuufi dandeetti ragaa kennuu guddisuu”kan jedhuudha.

Akka Atkins and etal (1995),(boqonnaa 2 fuula 11 irratti), kaa’etti, gaheewwan ijoo ta’an walitti dhufeenya hirmaattootaa agarsiisu.Xiyyeeffannoo ergaa tokkoo waliin haasawwan walirraa hincinne (On going discourse);yeroo gochi tokko itti hojjetameefi haala dubbatan yookan dhaggeeffatan keessa jiru kan ibsuudha.

Deebiin laatamaniifi dhugaa barreeffama keessatti ka’e yoo walbiraa qabaman sadarkaa yaada rimeetiin kan walirraa fagaatu miti.Hubannoon barsiisota waallee dubbii Afaan Oromoo kaayyoo eegameef tajaajila akka hinjirre mul’isa.Haawwiin barattoonni seera waallee dubbii Afaan Oromoorratti maree garaagaraa adeemsiisuuf qaban jabba ta’uun ni argama. Dhibbeentaan sodoommii sadii daran olaanaa;dhibbeentaan sodoommii sadii olaanaa;kan biroon dhiibbeentaan sodoomii afur giddugaleessa.Kana malees,barattootumtii gaaffataman iyyuu fedhiin isaanii guddaa ta’etu argama.Kara biraatiin,gaaffiin “Yeroo maree adda addaa geggeessuuf kennan hoo?” jedhu ka’ee,hanqinni jiraachuun isaa biraa gahame.Adeemsa kana hoggaantoonni immoo barsiisaa kan giddugaleessa godhateedha jedhu.Akka daawwan dareetis mare adda addaa adeemsiisuun akka hin jiree mul’isa.

Kanaafuu,gaaffiin “hanqinni barnoota waallee dubbii walquunnamtii hojiirra oolchuuf rakkoon eessaafi eenyu bira jira?” jedhuu yoo dhiyaate deebiin haala adda addaatiin haa kennamu malee, akka kaayyoo ibsa qabxii kanaati deebiin “barsiisaan muuxaannoo barattootaa hirmaachisuuf carraa hin kennu” kan jedhutu argama.Hirmaannaa hojii baruufi barsiisuu waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti sodaan barattoonni gaaffii garaagaraa gaafachuurratti qaban, harki caalaan dhibbeentaa jatamii torba olaanaafi baayyee olaanaadha. Kana haa ta’uu malee,barattoonni yartuun dhiibbeentaa sodoomii sadii sodaa kanaa akka hin qabne odeeffannoon gaaffii kanarratti dhiyaate ni mul’isa.Kana malee,bu’aan deebii barattootaa,daawwan daree yaaduma kana kan cimsuudha. Adeemsiicha keessatti sodaan barattootaa rakkoo inni fiduufi ibsi isaa madda odeeffannoo kana dura bu’aa gaaffilee barattootaa gaaffii jalqaba fuula 30 jalatti dubbatamee argama.

Deebii gaaffilee malawwan barsiisonni hojiirra oolchan ilaalchisee gaafatamaniif kan deebi’ee; akka yaad deebii armaan oliirra hubatamutti,ergaa waallee dubbii Afaan Oromoo garaagaraa

barsiisuuf malleen akka filannootti dhiyaatan hunduu gulaantaa adda addaarratti hojiirra oolaa kan jiraniidha.

Odeeffannoon barsiisotaa kana haa ta’u malee,qindeessittoonni barnootaa akka jedhanitti,gochii kun qabatamaatti kan barsiisaa jiddugaleessa godhatedha yoo jedhan.Kunis,tooftaleen marii rakkoo furuuf,gaaffiifi agarsiisi garaagaraa tajaajila kennaa akka hin jirre mul’isa.Kana malees, gabaasi adda daawwii daree harki caalaan barsiisaan kan inni irratti xiyyeeffatu ibsa kennuurratti akka ta’e ibsamee jira.

Barattoonnis,barsiisaan akka gahee isaati ibsa laachuu;yaadannoo barreessuufi gilgaalota garaagaraa sirreessuurratti kan xiyyeeffate ta’uun isaa gara duraatti ibsamee jira.Kanaafuu,malli barnoota waallee dubbii Afaan Oromoo dareetti hojiirra oolaa jiru isa barsiifata ta’u isaati. Kanaan alas,odeeffannoo barsiisonni kennan kan dubbiiirratti hundaa’e ta’uun ni argama.

Haalumaa fuuleffannoo barsiisotaatiin yoo ilaalamuu,waliin mareen (Discussion) sadarkaa dura yoo fudhatu (dhibbeentaa dhibbatti) aansuudhaan malli rakkoo furmaataafi ibsa laachu (lecture) haala tokkoon sadarkaa gahaa ta’een (ala jaatamii torba) tajaajilaa jira.Haata’u malee,tooftaan rakkoof furmaataa yeroo inni hojiirra hin oolee ni jira.Dhibbeentaan sodoomii sadii kan ta’uu dhugaa kana mul’isu.

Akka tartiiba lammaffatti,tooftaa mariitti fufee,dhibbeentaan jaatamii torba agarsiisutti,tooftaa gaaffiiwwanitu haalan hojiirra oolee argama.Haa ta’uu iyyuu malee,akkuma mala rakkoo furmaataatti hirinni tooftaa kanatti gargaaramuu ni jira.Gara sadarkaa isaa dhumaatti hojiirra oolaa jiru agarsisaa (Demonstration) yoo ta’u,akka dhibbeentaan jatamii torba agarsiisutti malli kun akka hojiirra hin oolee agarsisa.Akka argannoo kanaatti garuu (harki jaatamii sadii) haalli hojiirra oolinsa isaa jiddugaleessa kan ta’eedha.

Waallee dubbii daree Afaan Oromoo keessaa ogummaawan afaaniitiin wal qabsiisanii barsiisurratti,walquunnamtii keessatti dhibbeentaan dhibbii tokko;dhaggeeffannaa keessatti dhibbeentaan jaatamii torba;barreeffama keessatti dhibbeentaan jaatamii torba hojiirra oola kan jirudha.Kanumarraa ka’uun,ogummaa dhaggeeffannaa waallee dubbii waliin barsiisuurratti barsiisonni hanqina yartuu ni qabu.Odeeffannoon barsiisotarraa argame kana haa fakkaatuu malee,” yaaxini waallee dubbii akka ogummaatti barsiisuu” jedhu,akka kutaa sakkatta’a wabiilee jalatti mari’atametti,bu’aalee odeeffannoo hanga ammaatti barattootaa,hoggaantoota barnootaafi

gabaasa daawwannaa daree irraa argame waliin kan deemu miti. Akka Batstone (1995) ibsutti, adeemsa waallee dubbii akka ogummaa afaanitti barsiisuu keessatti hojiiileen adda addaa kan akka waallichaa haalan erga hubatanii booda cimdiifi gareedhaan shaakaluu, gochawwan adda addaa (different tasks) dareetti shaakaluu, hojiiwwan gilgaalota barreeffama dhaggeeffannaafi haasa keessatti hojjechuu kan of keessaa qabuudha. Kana haa ta'u malee, hubannoo odeeffannoo hanga ammaatti argamaniin ibsa barnoota waallee dubbiiitiin alatti shaakalli haala adda addaattiin dareetti adeemsiffame hin jiru. Odeeffannoon barattoota, daawwannaafi gabaasi hoggaantoota barnootas kanuma cimsa. Adeemsa seera waallee dubbii tokkoo barsiisuu jechuun beekumsi kaayyoo barnooticha seera isa duwwa horachuun alatti adeemsa walquunnamtittiin gama gamana ta'a.

Haala itti gargaarama meeshaalee waallee dubbii dareetiin, akka odeeffannoon yaada kanarratti dhiyaate ibsutti, hirinna guddaa qaba. Dhiibbeentaa jaatamii torba akka giddugaleessatti fuudhachuun, perseentii sodoommii sadii duwwatu itti fayyadama meeshaalee irratti haala gaarii ta'uu mul'isa. Dhiibbeentaan sodoommii sadii sadarkaa baayyee gadi aanaa ta'etti tajaajilarra oola. Qabxiin kun qaaccessaa gaafiilee keessatti, dhi'eessa araffaa jalatti haalan qindeeffamee jira. Itti fayyadamni meeshaalee yeroo mara akka hojiirra hin oolle barsiisonnis hin dhiifne. Odeeffannoon barattoota, barsiisotaafi hoggaantootaa akkasumas, gabaasa daawwannaa daree irraa argame yaada tokko dabarsa. Kunis, hanqinni meeshaalee itti fayyadamni meeshaalee hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtii waallee dubbiiitiin attamitti walqabata? Yaada jedhuuf, adeemsichi xiyyeeffannaa hiika malee walquunnamtii qofarratti fuulleeffachuu isaa ni agarsiisa. Haalli kunis, adeemsa mala barnoota afaanii isa amaleeffannaa ta'uu agarsiisa.

Tooftaaleen ijaarsa waallee dubbiiif kutaatti (Modes of Classroom Discourse Organization) hojiirra olaa jiran yoo hubataman sadarkaa dursaatiin (harka dhibba) kan hojiirra oolaa jiru garee xixiqqoo adda addaatti gargaaramuudha. Akka sadarkaa lammaffaatti harka jaatamii torba daree hundatti fayyadamuudhaan yammuu barsiisaan haala gaariidha olitti dhiibbeentaan sodoommii sadii tajaajila giddugaleessa kennaa jiraachuu isaa mirkannessa. Sadarkaan itti aanu kan yaada, itti gargaarama cimdiiti. Dhiibbeentaan jaatamii torba haala gaariidhaan olitti akka tajaajilu yoo mul'isu dhiibbeentaan sodoommii sadii tasuma akka faayidaa hin kenninee hubachisa. Malli ijaarsa daree sadarkaa dhumaarratti tajaajilu dhuunfaadhaan barsiisuudha. Dhiibbeentaan dhibbii tokko

haala olaanaa ta'een,dhiibbeentaan shantamni sadarkaa gahaa ta'een gaditti akka tajaajiluu agarsiisa.

Odeeffannoon akka deebiin barattoota,hoggaantootaafi daawwannaa daree mul'isutti faallaa kanaati kutaa hundaatti gargaaramuudha.Kunis,ibsa amala tooftaa barnoota afaanii isa asii olitti kennameen tokkodha.Itti dabalees,tajaajila adda addaa itti fayyadamni cimdiifi gareewwan garaagaraa kennaan keessaa inni tokko walta'insaafi (Cooperation) daree gammachisaa (Attractive) uumuudha.Kunis,gama isaatiin yaada waljijjiirraa irraa kan ka'e saalfii (sodaa) barattoota ni xiqqeessa (Celce-Murcia,1984:2).Kanaafuu,odeeffannoo argameen hirinni guddaan ni jira.Akka beekaan kun jedhuutti,iddoo hirinni kun mul'atutti waliin haasa'uun hin jiru,sodaan barattoonni qabannis ni dabala.

Leenjii ogummaa barsiisummaa waallee dubbii walquunnamtii cimsuuf afaaniirratti barsiisotaaf kennaman ilaalchisee,hoggaantoonni barnoota iyyuu akka jedhanitti,dhiibbeentaan dhibbi tasumaa akka hin kennamin,isa walakkaan gaarii ta'uu baatus,darbe darbee leenjiin al tokko tokkoo jiraachuu mul'isa.Rakkoo qorannaan kun itti adeemsifamuun walqabatee,hanqinni leenjii barsiisota Afaan Oromoo barattoota kutaa kurnaffaa waallee dubbii walquunnamtii barsiisaniif kennamuu qabu,daddamaqina gosoota barnoota walquunnamtii,jijjiirama mala yaadaafi waan kana fakkaataniin kan walqabate waan ta'uuf rakkoo guddaa uumuu danda'a.

#### **4.3.2.Waallee Dubbii Barsiisaafi Barataa**

Deebii gaaffilee gahee barsiisaafi barataa adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii keessatti bahan ilaalchisee eeramaniif deebiin laatame;kun akka mul'isutti,carraan haasa'uu yookiin erga wal jijjiiruu,waanta baratamu akkaata gochaatiin barachuu baay'ee olaanaadha. Ibsi karoora gilgaalotaa barsiisonni kennan barattootaaf,adeemsichi isaaniifis haala gaariidhaan kennama. Kanaafiyyuu,barattoonni hojiiwwan garaagaraa hojjechuu irra deebidhaan akka addeeffametti faallaa deebii barsiisotaati.Torri xiinxala kanaa gaaffilee barattootaa (fuula 37) jalatti kennamee jira.Gilgaalota adda addaa kitaaba barataatiin ala ta'anitti gargaaramuurratti walakkaan gadi aanaadha.Dhibbeentaan sodoonii sadii duwwan faayidaa kana yoo mul'isu,dhiibbeentaan sodoonii sadii akkaata giddugaleessa ta'een hojjetamu dhiibbeentaan sodoonii sadii hanqina argarsiisa.

Haala odeeffannoo kanaatiin,barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisan adeemsaafi kaayyoo gilgaalota dareetti hojjetamanirratti cimina guddaa qabu.Akkas haa ta’u malee,dhimmi bu’uura,ibsi isaan kennan utuu hin ta’iin qabiyyeen isaaniifi akkaatan isaan itti dhiyeessan (barsiisanii) dha.

Odeeffannoo hanga ammatti barata,hoggaantootaafi daawwannaa daree irraa argameen, kaayyoofi adeemsi gilgaalota daree keessatti kennan gilgaalota akkatuma barnoota mala barsiifataatiin baratamuuf kan ta’e agarsiisa.Odeeffannoon barattootaa, hoggaantootaafi daawwannaa daree irraa argame hanqina kana kan ibsuu yoo ta’u,ibsi inni qabu ibsa ragaa gaaffannoo barattootaa keessatti laatame jira (fuula 39 ilaalaa).

Haala waallee dubbii barattootaa ilaalchisee,barataafi barataa giddutti geggeeffamu bakka guddaa qaba (dhibbeentaa jaatamii torba).Kanaafiyyuu,harki sodommi sadii tajaajila kana hojiirra oolchuurratti mudda qabaachuu ni mul’isa.Gama walquunnamtii barsiisaafi barataa giddutti adeemsifamutti yoo darbamu gara dhibbeentaa tokko,kan hojiin argamaa jiru agarsiisa. Darbe darbee haala laman isaattiyuu gargaaramuun ni jira.Walumaagalatti,Haala ijaarsa kutaa sadarkaa duraatiin hojiirra oolaa jiru kan barsiisaafi barataa gidduutti.Gochii kun kan barsiisaa guddugaleessa godhate akka ta’e odeeffannoo barsiisonni laataniin ala,yaadni kallatti biro lamaanilee kanuma agarsiisa.Yaaxin kuniifi hiikni ibsawwan baay’ee kan barattootaa (ibsa lama,sadii,afur;kan barsiisota ammo ibsa lama) jalatti kan sirritti addeeffamedha.

#### **4.3.3.Xiinxala Gaaffilee Bargaaffiifi Deebii Barsiisotaa**

Gaaffii kudha Shannaffaa ”Gaheewwan waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo barnoota afaanii keessatti qabu maal maalfaa ta’uu danda’a? ”kaayyoon gaaffii kanaa hubannoo barsiisonni shoorra waalleen dubbii barnoota afaanii keessatti qabu hubachuu ture. Deebiin barsiisonni kaa’an tartiiba xiyyeeffannoo tajaajila waallee dubbii kennaniin akka armaan gadiitti dhiyaate jira. Dandeetti ogummaa afaanii guddisuu,yaada-rime ifa gochuu,ergaa dabarsuu,furmaata kennu,dandeetti ragaa kennuufi afaan tokko guddatee akka waalta’uuf gahee guddaa qabachuudha.

Sosochii barsiisonni Afaan Oromoo kallatti faayidaa waalleen dubbii barnootaa afaanii keessatti qaburratti hunda’an gaariidha.Haala irra caalaatti torraa/detail/dhiyeessa kanaan olitti laatame jalatti kenname ilaalaa.



Gaaffii kudha jahaffaa “Waallean dubbii tooftaa walquunnamtii daree keessaa ittiin barsiisnu maal maal of keessa qaba?”; kaayyoon gaaffii kanaa,barsiisonni sosochii caacculee waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo akka walquunnamtiitti barsiisurratti isaan qaban haalan hubachuu yoo ta’u,deebiin isan kennan;caasaalee hima,gaalee,gochima,sagaleessuu;ergaa waljijjiiruu yookaan waliin dubbachuu;ogummaalee afaanii guddisuufi mataduree;gaaffiilee gaggabaaboo;rakkoof furmaata kennuufi yaadannoo barreessuu fa’i. Akkasumas,hojiichi barsiisaan (Instructor) ta’ee caalmaasaa barataan gochaan walqabsiisee akka qunnamtii barsiisaafi barataa,barataafi barataa giddutti ta’uufi ibsa dubbichaaf barbaachisu hubachuufaa of keessaa qaba jedhu.Bu’uura dhugaa himtee yaada sakkatta’a wabilee keessaa ka’een sosochiin barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa kanatti afaanicha barsiisan haala gaarii irra jiraachu isaati. Kanaaf iyyuu,leenjiin isaaniif kennamu osoo ga’aa ta’e kanarra ni cimu.Dhugaa waa’ee gosoota waallee dubbii kana hojiirra oolchuurratti hanqina qabu.

Gaaffii kudha torbaffaa “Barnoota waallee dubbii keessatti gaheen barsiisaa maal ta’u qaba jettu?”;Deebii gahee barsiisaa ilaalchisee;ibsa laachu,mari’achisaa,gilgaalota adda addaa hojjeechisuu,yaadannoo kennu,cuunfaa yaada maree barattootaaf kennu,kaayyoofi tarsiimoo waallee dubbichaa barattootatti himuufi gaaffilee kennu,seera waallee dubbii ifa gochuu, kitaabilee adda addaa dubbisuu of cimsuu,shaakala geggeessuufi jabeessuudha.Haa ta’u malee,hubannoon barsiisonni qaban gabbataa ta’e haa argamu malee,gaheewwan kana kan akka odeeffannoo barattoota,daawwannaafi hoggaantootaatti,hojiirra oolchuurratti rakkinni ammana kan jedhamu miti kan argamu.Hubachisni kanaas,barsiisonni hubannoo tooftaa kanaa akka waan gahaa ta’eetti haa qabatan malee hojiirra oolcha hin jiran.

Gaaffii kudha saddeetaffaa: “Barnoota waallee dubbii keessatti gaheen barataa maalfaa ta’a jettu?”Deebii gaaffii gahee barataa ilaalchisee gaafatameef;hoji-manee fi hojii daree barreessuu; waliin mari’achuu;gaaffii gaafachuu;yaadannoo fudhachuu;gilgaalota hojjechuu waliin dudubbachuu; deebii kennu;waan haaraa baruuf carraaqu,isa bare hojitti hiiku,qayyabachuufi shaakaluu kan jedhu kennanii jiru.Kun bu’uura himtee barnoota afaanii kan walquunnamtiitiin, deebii dhugaa ta’uu irraa kan fagaatu miti.Gaaffii guddaan,haaluma kanaan duraa hojiirra oolchuurratti odeeffannoo jiruun,barattoonni akka seeraatti hayyoonni ka’aan hojiirra hin oolchan.Sababni isaas wanta barsiisaan gahee hin baaneen kan walqabatu fakkaata.

Walumatiqabaatti,maddi rakkoo kanaa miidhaa adeemsa barnoota afaanii mala barsiiftaa akka ta'e odeeffannoon sirriin afaanirraa argame iyyuu ni mul'isa.

Gaaffii kudha salgaaffaa:"Karoora barnootaa ilaalchisee barsiisonni kan waggaafi kan torbanii ni baaffatu?"Deebii gaaffii karoora barsiisota ilaalchisee dhiyaateef kenname:karoora kan wagga ilaalchisee dhiibbeentaan saddeetamii shan ni qopheeffama;dhiibbeentaan kudha shan hin qophaa'u;barsiisonni hunduu (guutumaa guutuutti) karoora torbanii ni baaffatu;caacculee qophii karoora barnootaa ijoo ilaalchisee kaka'umsa isaan qaban beekuuf gaaffii gaafatameef deebiin akka kanaatti kennamee jiru, kana ta,a: -mataduree,-qabiyyee,-kaayyoo,-hojiiwwan,-yeroo; (seensa,dhiyeessa,cimsa,madaalli guyyaa guyyaa),barsiisonni caacculee qophii barnootaa kan waggaas ta'e isa torbanii kaa'uf yaaluun isaan hubannoo himtee dhimma kana ilaallatu ni qabu jechuun ni danda'ama.Haa ta'u malee,barsiisonni baay'een meeshaalee gargaarsa barnootaafi tooftaalee barnoota waallee dubbichaa akka gosa kanneenitti fudhachuun gaaffiin ykn ilaalchi faayidaa meeshaaleen dandeetti afaanii dagaagiffachuurratti qaban salphaa ta'uu kan mul'isudha.Yaaxini kun ammoo qaaccessa itti gargaarama meeshaalee ilaalchisee kennameen kan walqabatuudha (kan barsiisotaa fuula 44 fi kan barattootaa fuula 34 ilaalaa).

Gaaffii digdamaffaa:"Bu'aan barumsa waallee dubbii Afaan Oromoo kanaa maal jettu?"deebiin barsiisota sadanii mana barumsa kana bu'uura irra deddeebiitin taa'e:ijaarsa afaan tokko kallattii dandeettiwwan arfan itti hojiirra ooluu danda'an ittiin mirkaneessuu,dandeetti afaanicha sirriitti akka gonfaatan,yaada ittiin dabarsuu;barattoonni akka ittiin of ibsan taasisuu;akka itti tajaajilaman gochuu kan jedhan of keesaa qaba.Deebiin kun seerota dhugaa beektonni adda addaa kaa'an (boqonnaa 2 ilaalaa) bu'uura taasifachuudhaan yoo ibsaman,yaada bu'uuraatiin kan barnoota waallee dubbii walquunnamtii duukaa deemudha.

Akka hojiirra oolinsa odeeffannoon barattootaa akka ibsutti qoodni isaanii qabatamaatti yaadannoo barsiisaan barreessuuf barreeffachuu,ibsa kennamuun alatti yaada waljijjiiruufi gochoota garaagaraa dareetti hojjechuun akka hin jirre hubatame. Itti dabalees gabaasni hoggaantoota barnootaafi daawwannaa daree irra argame dhuguma kana kan agarsiiseedha.Kana jechuun ammoo barsiisonni deebii kana kennuu kan danda'an hubannoo wanta dubbisaniirra kan argataniidha malee,dhugaa hojiirra oolchanirraa akka hin taane hubachisa.

Gaaffii digdamii tokkoffaa:”Barnootaa waallee dubbii keessatti barsiisonni odeeffannoo barattoonni kana dura beekanin barsiisuu qabu,Sababni isaas kaka’umsa barumsa ittiin uuma”jedhutti ni amantuu?Kaayyoon gaaffii kanaa,barsiisonni kaka’umsa yaadrimee qaawwa odeeffannoo (Information Gap) irratti qaban hubachuudha.Haaluma kanaan gaaffii barsiisonni yeroo barsiisan,odeeffannoo barattoonni durumaan iyyuu beekan gaafachuu yookaan xiyyeeffachuu qabaa? jedhuuf deebiin kenname,gaaffii qorannoo dhiyaaterraa akka hubachuun danda’amutti,dhiibbeentaan jaatamii torba (eeyyee),sababni isa barattoonni waa’ee wanta beekanii yoo barataan ykn gaafataman,deebisan beekumsa kan birootiif ka’umsa ta’aaf, jedhaniiru.Kana haa ta’u malee,dhiibbeentaan sodoomii sadii qofa miti yoo jedhamu, sababiin akkas ta’eefis,”nuffii hirisuudha” jedhame.Walumaagalaatti,wanti asirraa hubatamu,barsiisonni baay’een barbaachisummaafi yaad-rimee odeeffannoo hubachuurratii hanqina qabu. Sababnisa,akka kutaa sakkatta’a wabiilee keessatti eerametti,sirnoonni ijoon adeemsa barnoota afaan tokko kan waliigalaa taasisan keessaa inni jalqabaa barattoonni yoo yaada waljijjiiran yookiin barsiisaarraa dhagahan dubbataafi dhaggeeffataa gidduu qaawwan walquunnamtti waallee dubbii jiraachuun irraa jira yaada jedhuudha.Barsiisonni kaka’umsa dandeetti kana dhabuun isaanii hojiirra oolinsa mala qoratamaa jirurratti hanqina guddaa qaba.Kanaan alas,akkuma irra deddeebiidhaan ibsametti,daawwan keessatti waliin haasa’uun hin mul’atu ture. Ibsuma barsiisaan kennuufillee,gaaffileen hubannoo cimsan hin gaafataman ture. Kanaafuu,rakkinni kun mala adeemsa barnoota waallee afaanichaa isa barsiifataan kennamu kan jechisiisuudha.

Gaaffii digdamii lammaffaa:“Waallee dubbii mala waquunnamtii ittiin barsiisuuf rakkoolee jiru jettan barreessaa”Deebii caacculee biro (kan gaaffii qorannootiin ala ta’an) hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtii waallee dubbii hambisuu malan ilaalchisee taa’e”wanti waallee dubbii ibsamu,barataan Afaan Oromoo akka waan beekuutti waan of ilaaluuf fedhii barachuu dhabuurran kan ka’e waallee dubbii hubannoo ‘interaction’ kutaatti laafaa ta’u,dubbiidhaan waan darbuuf,waalleen dubbii hafu danda’a.”;rakkoo dubbisuufi barreessuu,rakkoo ergaa yaada garagaraa wal qabsiisuu;barattoonni kaayyoo waallee dubbii dareetti barachuu hin beeku dhabuufi mataduree waallee dubbii qindaawa ta’e hinjiru;kitaabileen deggeersa (Reference books) akka hin jire kan ibsudha. Yaadota deebiin barsiisota kanaa faayidaa hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtii waallee dubbiiitiin walqabsiisuuf,qabxiilee kana gadi tokko tokkoon ilaaluun murteessadha.

“Wanti walquunnamtiin ibsamu haasadhaan waan darbuuf,waalleen dubbii daree keessaa yaadatamu dhiisuu danda’a”. Ibsi yaada kanaa barbaachisummaa barnoota waallee dubbii kan gaaffii keessa galchuudha.Jecha birootiin yaanni kun faallaa yaada Bastone,R (1995) boqonnaa 2 keessatti “Language without discourse would certainly leave us seriously handicapped.” Kan jedhun kaa’e jira. Kana malees,ergaan waallee dubbiiin darbu malee walquunnamtii (haasadhaan) nidarba jedhame seera barnoota waallee dubbii dhiisuun guddifachuurratti akka rakkoo qabu Ur,P 1996:77) ni ibsa.Yaanni kun,gama birootiin,yaada dubbiiidhaan darbuuf bakka guddaa haa kennu malee,gaaffii “Barnoota waallee dubbii daree barumsa kana haala haasatiin shaakalsiisuu wanti dhowwu maali?” jedhuuf barsiisiichi yaad-deebii waan kennu hin fakkaatu.Sababni isaas,hojiira oolinsi faallaa yaada kanaa waan mul’isudha.Walumaagalatti,barnoota waallee dubbii taasumaa dhiisuun furmaata rakkoo hojiirra oolinsa mala kana akka hin taane mul’isa.

“Rakkoo yaadota garaagaraa walqabsiisuu.” Yaada kana haalan hubachuun kan danda’amu ogummaalee barreeffamaafi dubbii keessatti ta’uu mala (Batstone,R,1995).Barnoota waallee dubbii keessatti tarii caasaa tokkotti gargaaramuuf himoota adda addaa yoo ijaaran ergaa addaan ciccite beekuun ni hubatama ta’a.Haa ta’u malee, rakkoo gosoota kanaa qofa utuu hin taane dogoggora seera waallee dubbichaatu shaakala yeroo dheeraa keessa ka’umsa sirreessaa deemuu mala. Kanaafuu,furmaata rakkoo kana kennuuf barsiisaan gosa waallee dubbii tokko akka ka’umsaatti (Input) fudhatee barattoota shaakalsiisuutu irra jira (Batstone,R. 1995).

Haalli kun garuu,daawwannaa godhameen wanti mul’ate hinjiru.Rakkooleen yookaan hanqinni barattoota qunnamuu fedhan kana qofa ta’uu dhiisuu danda’a.Hirinna ogummaa jechootaa,haala gaariin sagaleessuufi kan kana fakkaatan haa ta’u malee,barattoonni akka shaakala geggeessan erga dandeettiwwan kana hunda argatanii booda utuu hin taane,beekumsa akka ka’umsaatti (Input) akka gargaraman taasisuutu dandeetti argame gonfachuu ariffachiisa (LittleWood,1981).

“Barattoonni kaayyoo waallee dubbii barachuu hin beekan.”Qabxiin kun barnoota waallee dubbii walquunnamtiin yoo walqabatu,baratas ta’ee barsiisaa,kaayyoo barnoota waallee dubbii wallaaluun rakkoo guddaa qaba (Atkins et al,1995).Kunis rakkoo haata’u malee,deebiin kun isaa barsiisonni fuula 54 keessatti kennaniin kan walfaalleessuudha.Kaayyoofi qajeelcha gilgaalotaa (barnoota waallichaa himuurratti) jabbinatu argame ture.Hirinni kaayyoo beekumsa barnoota waallee dubbii adeemsicharratti rakkoo akka qabu (Atkins and et al,1995) ni dubbata. Kunis akka waliigalaatti,rakkoo mala barsiisaan dareetti hojiirra oolchuun kan walqabateedha.

“Matadureen ergaa waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoof mijaawaa ta’ee hin jiru, kitaabiileen deggeersa hin jiran”.Rakkinni kun barattootaan,barsiisotaafi hoggaantoota barnootaatiin kan ibsameedha. Rakkoon madda adda addaa barnoota waallee dubbii jiraachuun isaa filannoo qabiyyee,fedhii barattootaa,qophii barnootaa,meeshaalee garagaraafi kan kana fakkaatu irratti rakkina akka qabu kana dura ibsa gaaffiwwan barattootaafi barsiisotaa jalatti eeramee jira.

Akka ibsa kanaatis,walta’iinsi qabiyyee,meeshaafi tooftaan barnootaa kan wal hinsimanne ta’u mul’isa.Kunis,gama isaatiin hojiira oolinsa mala waallee dubbii walquunnamtiirratti daree barumsa keessatti rakkoo kan fiduudha.(Celce-Murcia,1991).

#### **4.4. Raga Bargaaffii Hoggaantootaa Barnootarraa Argame**

Malli baruufi barsiisuu daree keessatti hojiirra olaan kan waallee dubbiifi ijaarsa eenyummaa daree barumsa Afaan Oromoo ilaalchisee kennamedha.Xiinxalli ragaafi dhiyeessi armaan gadii gaaffiifi deebii (Interview) hoggaantootaa hojiirra oolinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtiirratti hirmaatan:qindeessitoota si’a lama;Ittaantoota itti gaafatamtootaa mana barumsaa (Vice Directors) fi qindeessa (Director) mana barumsaa kan waajjira barnoota tokkoorratti kan bu’uurefateedha.

Akkuma hubatamu qabu,malli baruufi barsiisuu tokko eenyummaafi galtee barnoota galmaan gahuufi of ijaare akka dhaabbatu gochuuf qaamni sirriitti geggeessuu jirachuun murteessadha. Kanumarratti hundaa’un itti gaaffatamtoota mana barumsaaf dhimma hojiiilee baruu-barsiisuu ilaalchisee gaaffiwwan dhiyaataniif deebiin isaan kennan duraa duubaan akka armaan gaditti ragaa isaaniitii deggeerame dhiyaateera.

##### **4.4.1. Haala Qabiyyee Waallee Dubbiin Walqabate**

”Barumsi waallee dubbii barataa moo barsiisaa giddugaleessa godhate?” jedhu gaafatameef,haala sirritti jiruun utuu ibsitani.

Qindeessitoota (Unit Leaders): Akka deebii qindeessitootatti harki caalaan akka imaammataatti kan barattoota giddugaleessa godhateedha.Sababni isaa barattoonni fedhii waan hin qabneef, hojiirra ooluutti garuu,rakkoo hirinna teessuma barattootaafi sosochii barsiisotaafi

barattootarraa ka'een,harki guddaan kan barsiisaa giddugaleessa godhateedha jechuun ni hubatama.

Itti aanaa itti gaaffatamaa mana barumsaa (Vice Directors):- Akka deebii itti aantoota itti gaafatamtoota manneen barumsa kanatti,barattoota perseentii shantama giddugaleeffata.Persentii hafe garuu,barsiisonni qofti yeroo raawwatantu mul'ata. Rakkoo walta'ina afaanichaafi hirina madda waallee dubbiiitiin kan ka'e harki caalaan kan barsiisaa bu'uureffateedha.Kana waan ta'eef eenyummaan barattootaa waallee dubbii kanaan ijaaramurratti gaha miti.

Itti gaaffatamtoota manneen barumsaa (Directors):- Akka ibsa hoggaannaa kanaatti,akka imaammataatti barattoota giddugaleessa taasifachuu qaba haa jedhamu malee,rakkoo hanqina teessuma barattootaa,hanqina kaka'umsa barsiisotaa akkasumas hanqina madda kitaabilee waallee dubbiiiraatti fiduun kan ka'een kan barsiisaa guddugaleessa godhateedha.

Akkuma deebiiwwan hordoftoonni hojiirra oolinsa imaammata barnootaa Afaan Oromoo hojjetan jedhanitti,haalaan walfakkaatudha.Innis,akka imaammataatti malee haala qabatmaa mana barumsaatti kan barsiisaa giddugaleessa godhateedha yaada jedhuudha.Deebiin kan barattootaa harki caalaan,daawwannan mirkanneeffannaaf dareetti geggeeffame yaaduma kana dhugoomsa.Kanaafuu,wiirtuu odeeffannoo kanaatiin,gochii mala waallee dubbii barsiifataa dhiibbaa cimaa geessisa akka jiru kan mul'isudha.

#### **4.4.2.Haala To'annoo Barnootaan Walqabate**

”Malli hojiirra oolinsa barnoota waallee dubbii walquunnamtii daree Afaan Oromoo keessaa ittiin too'attan maali?” kaayyoon gaaffii kanaa,ciminaafi laafina hojiirra oolinsa barnoota afaanii barattoota giddugaleeffate akkaata kamiin mirkanneffachuun akka danda'amu, kurmaan kurmaanaan kan to'annu ta'ee waggaa tokkootti ala lama hordoffuun kan geggeeffamuu, supervishinii (daawwannaa daree) geggeessuun keessumattu simisteerratti al-lama yoo hojiirra ooluu baate, rakkoon barataarra, barsiisaarra, hoggaantootarraa akka jiru beekuudha.Akka yaad deebii kanaatti deebiin hoggaantootaa hunduu walfakkaata.Tooftaan itti too'atamu gabaasa barreefamaan itti gaaffatamtoota muummeewwanitti hanga waajjira olaanaa ta'aniitti darbuudha. Kallattiidhaan qaamni daree galee adeemsicha too'ate hin jiru. Daawwanan daree madaalli barsiisotaaf waggaaatti yoo xiqqaate si'a lama adeemsifamullee hangas mara wanta ijaan ilaalamu bu'aa hin qabu.Kanaafuu,caasaan hojii kanaa diriirfame hin mul'atu jechuun ni danda'ama.

Argannoon argame akka ibsutti,haalonni adeemsa baruufi barsiisuu waallee dubbii Afaan Oromoo mala walquunnamtiin ittiin baratamu calaqqisiisan hin jiran.Maddi rakkoo kanaa barsiisaa yookiin barattoota hojiicharratti kallattidhaan hirmaatan qofa ta'uu mala.Barsiisaan akkuma qophii barnoota isa waggaarra kan torbanii yookaan guyyaa qopheeffatu haala hojiirra itti oolche,rakkina muddate,ciminaafi laafina adeemsichaa haala idilee ta'een hubachiise,akkaata hoggaantoonnis hojiirra oolinsa isaa qabatamaadhaan daree galanii ilaalanii wanta jijjiiramuu malu hojjechuuf mijaawaa ture.Haa ta'u malee,kunis utuu hin ta'in hafuun isaa gaafatamuummaa fudhachuufi kabajarratti rakkoo fida. Kanaafuu,hanqinni gadi-jalatti hanga hoggaantootaa barnootaatti akka jiru ni argama.

#### **4.4.3.Haala Walitti Dhufeenya Barnootaan Walqabatee**

”Walitti dhufeenyi qophii hojiirraa oolmaa gabaasa barnootaa manneen barnootaarraa hanga waajjira barnootaatti jiru maal fakkaata?” Haaluma deebii gaaffii lammaffaatiin walfakkaatun, hoggaantoonni gad-jalatti hanga gararraatti hojiirra oolinsa hojii baruufi barsiisuu Afaan Oromoorratti adeemsisan hunduu deebii walfakkaatu kennan:Gabaasa barreeffamaa kaayyoo kan kallattiidhaan kaayyoo qorannoo kanaatiin walgituu baatus,waggaatti si'a tokko yookiin lama taasifamuudha.Daree galamee wanti ilaalame hin ture.Akka meeshaa quunnamtiitti kan tajaajilu gabaasa barreeffamaa yoo ta'u,barattoota walqunnamsiisuun balinaan hin jiru,haala qabatama yeroorrattiin addaan ciccitaafi leenjii adda addaa qopheessuun muuxannoo wal-jijjiirsisuu irratti hanqinni ni mul'ata,wanti daawwannaa daree irratti xiyyeeffate hin jiru.Kana malees,gabaasni barreeffamaas ta'u, kan madaalli barsiisotaarratti hundaa'e haa ta'u malee kallattidhaan kan hojiirra oolinsa waallee dubbii daree barumsa Aaan Oromoo mala kanaa ilaalchise hin jiru. Kaayyoon barnoota barattootaa giddugaleessa godhate akka ulaagaatti haalli fudhatamees hin jiru.Kunis,ammoo laafina hordoftoota barnootichaarra illee akka jiru agarsiisa.

#### **4.4.4. Meeshaalee Deggeersa Barnootaan Walqabate**

”Itti fayyadama qophii karoora barnoota ilaalchisee,meeshaalee waallee barnootaa mana kitaabaafi kabaja yeroorratti barsiisaan maal fakkaata?” Akka deebii hoggaantoota kanaatti, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaan karooraafi meeshaalee deggeersa barnoota ni qopheeffatu, mana kitaabatis ni gargaaramu,yeroo ni eeguu,garuu hojiirra oolinsa ilaalchisee barsiisota hunda jechuun hin danda'amu.Gabaasa hin qaban.Gabaasni gad-jalaa hanga gararraatti jiru qophii

isaanii ilaalchisee kan jiru qofaadha, malee kan deggeersa waallee dubbii walqabatee jiru hin mulatu.

Qophii karooraa barnootaatiifi itti fayyadama yeroorratti barsiisonni cimoo ta'an ni jiru. Haa ta'u malee, gama hojiirra oolinsa tooftaa walquunnamtiitti yoo dhufnu gaaffiiwwan "hojiileen qophaa'an hojiirra oolinsarratti adeemsa kanaan oolanii?," meeshaaleen akka karooratti qophaa'an hojiirra oolinsa isaa irraatti hanqinni jira", "Itti fayyadamni mana kitaabaa eega jiraate, gilgaalonni kitaaban ala ta'an dareetti hojjetaman maaliif baay'ee gadi aanaa ta'e argame? Barattoonni mana kitaabatti fayyadama jiru, Garuu, akka yaadamu miti" jedhanii kaasuun barbaachisaadha. Odeeffannoo jiruun, qabxiileen akka gaaffitti ka'an hunduu kan haalaan hojiirra oolanii hin argaman. Kunis, malli hojiirra oola jiru isaa waallee barsiifataa ta'uu hubachiisa.

#### **4.4.5. Mala Waallee Dubbiin Walqabatee**

Gaaffii Shanaffaa: "Rakkooleen hojiirra oolmaa mala waallee dubbii walquunnamtii maal fa'i?". Akka deebii hoggaantoota kanaatti hanqinni kitaabilee, rakkoo fudhannaa barattootaa, baayina barataa, hanqina meeshalee deggeersa barnootaa (visual or audio) rakkoo ga'umsa, leenjiin adda addaafi hubannoon barsiisotaa kan haalaan beekamaniidha. Rakkoo heddumina barattootaa ilaalchisee, akka xiinxala iyyaffannoo (odeeffannoo) baanaa barattootaaf dhiyaate keessatti ilaalametti, akka rakkootti ka'uurra gosoota barnoota walquunnamtiif haalaa mijjeessudha. Yaada isa xumurraa ilaalaa. Hanqina kitaabiilee ilaalchisee ibsaafi hiikni kenname, gaaffii baanaa barattootaa isa arfaaffaa ilaalaa. Ibsa leenjii barsiisotaatiif fuula 49 (gaaffii barsiisotaaf dhiyaate) ilaalaa. Yaadni hanqina leenjii barsiisotaaf kennamuu qabuu deebii gaaffii ja'afaa armaan gadiin kan walqabate waan ta'eef toorri ibsa yaada kanaa fuula 53 gaaffii barsiisaadhaaf dhiyaate ilaalaa.

#### **4.4.6. Haala Leenjiin Walqabatee**

"Carraawwan leenjii barsiisonni Afaan Oromoo daree kurnaffaa barsiisanii maal fa'i?" Akka deebii hoggaantoota kanaatti, dhiibbeentaan sagaltamii shan leenjiin kallattidhaan mala baruufi barsiisuu waallee dubbii Afaan Oromootis ta'e, akka waliigalaatti, afaanicha ilaalchisee kenname bara kana hin jiru.



Haaluma waliigalaattiin,odeeffannoon itti gaaffatamtoonni banaa kanaan kennan harki caalaan kan deebii barsiisotaafi barattootaatin kan walfaallessuudha.Deebiin hanqina leenjii barsiisonni argachuu qaban ilaalchisee yaada walfakkaatudha.

#### **4.5.Xiinxala Daawwannaa Daree (Result of classroom observation)**

Haala dandeettii waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo ibsuudhaaf dhimmi inni murteessaan haala dhiyeenya /fayyadama afaaniiti.Haala dhiyeenya afaanii kan jedhamus;namoonni dhimma isaanii ibsachuuf afaanitti karaa adda addaa fayyadamuu isaanii kan mul'sudha.Haala dhiyeenya kana keessatti akkaataan ijaarsa waallee dubbii dubbatoonni ykn barreessitoonni dhimma eenyummaa waallee dubbii dhuunfaa isaanii jechaan ijaaranii kan akka ta'umsa waan tokkoo,raawwiiifi muuxannoo ofii isaanii afaanitti fayyadamuun dhaggeeffattoota/dubbistoota isaaniitiif hiran jechuudha.Waallee dubbii ofii haalan qindeeffatanii yaada ofii osoo addan hin kutiin waan barbaadan ibsachuu irratti garaagarummaan namoota gurguddaafi daa'imman gidduutti mul'atu walcaalma haala dhiyeenya afaanii gidduu isaanii jiruudha.

Yaadonni Dabalee''D''jalatti akka qajeelfama waliigalaatti (General guidelines) daawwannaa dareetti ka'umsa taa'an ijoon xiyyeeffannoo barataa;barisiisaa;adeemsawwan, seensaa,shaakala; yaad-deebii (feedback), barsiisaa; si'aayina (Motivation), barattootaafi kan kallattii ykn alkallattiidhaan tooftaawan barnoota waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti hojiirra oolaa jiran kan ilaallataniidha.

Hirmaannaa barattoota;malaawwan hojiirra oolaa jiru sakkatta'uuf,amala barattootaafi kan barsiisaa haalaan xiinxaluuf qabxii ijoon asiin olitti ka'an tokko tokkoon isaanii jalatti wantoonni xixiqqoon garaagaraa akka ulaagaatti kaa'amani jiru.

Haaluma dhiyeessaafi ibsa ragaalee asiin olitti kennamen,hirreen barsiisaafi barattoota dareetti daawwatame isa mala barsiifataa keessatti mul'atu yoo ta'u,daree wantoonni amaleeffana irra deddeebiidhaan hojjetamutti barnoonni waallee dubbii walquunnamtii akki inni itti mul'atu ni jira jechuun rakkisaadha.Kunis,jireenya barattoota isa gara fuuladuraarratti dhiibbaa kan fidudha.

Kaayyoon daawwannaa daree adeemsisuu inni cimaan, akka kana dura “wixine mala qorannichaa” jedhu jalatti dhiyaatetti, adda addummaa deebii barattootaa, barsiisotaafi hoggaantoota hojiirra oolinsa barnoota Afaan Oromoo too’atan giddutti dhalachuu malu walitti fiduu yookiin hiika itti kennuufi yaada ergaa waallee dubbii dhokkate baasuufi kan kana fakkaataniidha. Adeemsi inni biro amanamummaa (Reliability) qorannoo kanaa cimsuudha.

Mala barnoota waallee dubbii walquunnamtii ilaalchisee, barsii sonni, barattoonniifi hawaasni biraan sadarkaa himaatiin wanti isaan beekan ni jira. Odeeffannoon deebii isaan kennanillee wantumaa kalaqame waraqaa gubbaa jiruurratti kan hundaa’e ta’uu danda’a. Kanaafuu, hojiirra oolinsa isaa ijaan ilaalludhaan adda baafachuun murteessaadha. Aeemsa kana galmaan gahuuf, si’a sadi daawwatameera.

#### **4.6. Xiinxala Waallee Qabxii Barataafi Barsiisaa Ilaalchisee Kaa’ame**

Bu’aa xiyyeeffannaa barsiisaafi barattootaa hojiilee baruufi barsiisuu keessatti daawwatame mul’isuutti barsiisaan haala ijaarsa daree (Modes of classroom organization) garagaraa keessaa guddaan (harki jaatamii torba) inni itti gargaaramu garee hundatti. Kana haa ta’u malee, barattoonni jajjaboo ta’an al tokko tokkoo gaaffii yoo dhiyeessan deebii kennun ni mul’ata dhiibbeentaan sodoomii sadii. Akka ibsa Atkins and et al (1995); Bastone, R. (1995); Little Wood (1981) fi beektota birootti, muuxannoo adeemsa barnoota waallee dubbii haala kanaan adeemsifamuun isa amala barsiifataati. Barattoonni ciccimoon tokko tokkoo gaaffii gaafachuun isaanii gaarii ta’e, barattoota muuxannoo hin qabne kanneen biro daggachuu kan fidudha (Bastone, R. 1995).

Barsiisaan ibsa bal’aa waallee dubbii Afaan Oromoo akka matadureetti fudhatame ni kenna, barattoonnis yaadannoo barsiisaan gabateerratti kennuuf ni barreeffatu. Gaheen barata haalaan yeroo dheeraa fudhatu. Kanaafuu, ibsa barsiisaan kennu caasaa isaafi faayidaa isaa ilaalchisee; dhaggeeffachuu, yaadannoo isaa qabachuu, yeroo tokko tokkoo ammo barattoota cimoo gaaffii gaafachuudha. Yeroo tokko tokkoo barattoota ciccimoo ta’an qofa irratti xiyyeeffachuutu mul’ata. Yaanni qabxii kanaa waliin deemu, inni bira haala barsiisaan yeroo sadarkaalee itti gargaaramuudha. Barsiisaan yeroo ibsi fudhatu ‘seensa’, ‘dhiyeessa’, ‘cimsuufi madaalli’ jedhan jalatti kana jedhanii kaa’uun nama dhiba. Sababnis, gochaawan hunda iyyuu barsiisadhumatu hojjeta waan ta’eef.

Akkuma ibsa dhiyeessa armaan olitti kennamen;gaheen barsiisaafi barattoota dareetti daawwatame isa mala barsiifata keessatti mul'atu yoo ta'u;daree muuxannoon akkasi irra deddeebi'ame hojjetamutti haalli barnoonni waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti itti calaqqisu haala gaariin ni argama jechuun nama rakkisa.Kunis,barattootaafi gara fuuldurratti mudda fidu kan danda'udha.

Akkaatan barattoonni yookaan barsiisonni adeemsa baruufi barsiisuu afaanichaa keessatti itti raawwatan keessa inni bahee mul'atu;waallee gaaffiilee barattoonni cimoo ta'an tokko tokkoo dhiyeessan qofa. Akki jireenya barattoota yookiin dalagaawwan garaagaraa akka waallee dubbitti dareetti calaqqisu hin jiru.Waallicha duukaa seera deeman fakkeenya yaartuun adeessutu argama.

Hirina hojiirra oolinsa mala kanaattiif,sababoota ta'an keessaa hanqinni si'aayina keessaa dhabuu (Intrinsic Motivation) isa guddaa ta'uu danda'a (Atkins and et al,1995) akka jedhetti. Akki barattoonni itti gaafatamummaa hojiiwwa dareetti hojjetaman fudhatanii fedhii dalagawwan kanaa of keessatti uumanii haalli walquunnamtii ni cima ture.Kanaafuu,wanti kun dareetti hin mul'atu.Hojiiwwan adda addaa haalicha keessatti hojjetaman ilaalchisee “hanqinni barattootaafi barsiisotaan ka'e kan waallee dubbii ogummalee afaanii (skills) waliin barsiisuu ” caasaa matadureen isa haalaan of danda'ee hin ta'in,kan akka ogummaawwan dubbiisa keessatti haala alkallattiin taa'e,akka mata-dureetti fudhachuudhan hubachiisuutu jira.Gama dhaggeeffannattiin tasumaa kan hinjire yoo ta'u,shaakalli waallee dubbichaa yoomiyyuu barattootaan hojjetame hin jiru.

Odeeffannoon kun akka qabxii hoggaantoonni barnootaafi barsiisonni akka rakkoo hojiirra oolinsa tooftaa kanaarratti muddate jedhanii kaasaniin kan walfakkaatudha.Kunis,qophii barnoota waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromooratti hirinni jiraachuu isaa mul'isa. Kaayyoo adeemsa hiikaatiifi jecha meeshaalee gargaarsa barnootaati fayyadamuun hin jiru. Odeeffannoon kun qabxii hoggaantoonni barnootaafi barsiisonni akka rakkoo hojiirra oolinsa mala kanaarratti qunname jedhanii dubbataniin kan walfakkaatudhu.Yaadni kunis,qophii barnoota caashima Afaan Oromooratti hanqinni jiraachuu isaa ifa godha.

Kara ibsa kaayyoo barnoota waallichaafi qajeelcha gilgaalonni itti hojjetaman ilaalchisee,akkaata giddugaleessa ta'een kennuun jiraatus,gahaa miti.Ibsi kaayyoofi qajeelfamaa ifa haa ta'u

malee,karaa sirriin qabiyyee walquunnamtii irratti kan xiyyeeffate miti.Kunis,hojiin yaada waljijjiirraa mul'isu hinjiru.

Hordoffii daree (Classroom Mangement) ilaalchisee,dalagaleen barattooni akka hojjetan kennameef (kan kitaaba keessatti kennaman) haalota garaagaraa kan jireenya isaanii wajjin waan qabatamarratti wanta hundaa'e waan hinta'iniif guutumaa guutuutti ergaan waallee dubbicha salphaadha kan nama jechisiisuu miti.Akki barsiisaan itti ibsees,gilgaalonni barattooni hojjetanis kan waliin marri barattoota bu'uureffate miti.Barattoota ciccimoo tokko tokkoon ala hunduu kan callisaniidha.Haa ta'u malee,yeroo barsiisaan barattoota ciccimoo irratti xiyyeeffatu kaan isaanii waliin haasa'uun ni argama.Hirmaachuu dhiisanii callisuun kun adeemsa barnoota walquunnamtii afaaniirratti dhiibbaa guddaa kan fiduudha.Atkins and et al (1995);Little-Wood (1981);Batstone,R(1995). Haalli yookiin adeemsi sirreeffamni itti kennamu ilaalchisee,gilgaalota kitaaba keessatti kennamu tokko barsiisaan akka hojii dareefi hoji-maneetti kenneef gabatee barnoota isaaniirratti deebii kennaaf.

Walumaagalaatti,cuunfaan adeemsa daawwannaa daree bu'aan isaa akka armaan gadiiti kaa'ame jira: Adeemsi baruufi barsiisuu kan barsiisaa giddugaleeffatee;gareefi cimdiidhaan mari'achiisuun hinjiru;meeshalee deggeersa barnootaati hin gargaaraman;gaheen shaakala gochu hin mul'atu;dhiibbeentaan torbaatamii shan hojiirra oola jiru mala ibsaati;gareef sirreeffama kennuun hinjiru;kaka'umsi barattoota bira hinjiru:dhaggeeffachuufi barreessuudhaan alatti erga waallee dubbiin yaada waljijjiiruun,dhugaa haala qabatamaa jireenya barataa ta'e tokko agarsiisuun yookiin hojjechisuun hin mul'atu.Gosoota barnoota waallee dubbii kan waliigalaa keessaa (caasaa,hiika,ergaa haala /message characters or pragmantics/ xiyyeeffannaa guddaan caasaarratti kan kennameedha.Adeemsa seera waalichaa barsiisuurratti,kaayyoofi qajeelfama gilgaalonni itti hojjetaman ibsuurratti jabbinni ni argama.

Hubannoo beekumsa waallee dubbii kan kennuu barsiisaa qofa waan ta'eef,barattootaa irraa fuula ifuu osoo hintaane akka isaan nuffantu irra argama.Kanumarraa ka'uun, barattooni gaaffii gaafachuu waan sodaatan fakkaatu.

Akka waliigalaatti,malli barnoota waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti ittiin kennamu isaa barsiiffataatti jechuun ni danda'ama.Kana malees,bu'aan kun akkuma odeeffannoo barsiisotaafi barattootarraa argameen walqabsiifamee ka'ametti odeeffannoo barattootarraa argameen kan walfudhatu yoo ta'u,kan barsiisotaattin kan walitti bu'uudha.

# **BOQONNAA SHAN:GUDUUNFAA,ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA**

## **5.1. Guduunfaa**

Barattoonni Manneen Barumsa Sadarkaa lammaffaa Godinoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman,keessayyuu kan Godina Wallagga Lixaa keessatti argaman,hundi isaanii Waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo daree barumsa keessatti gargaaramuudhaan of ibsuurratti rakkina guddaa akka qaban muuxannoon qoratichaa ni mul'isa. Bu'uurri qoratichaa kana yoo ta'u,argamni rakkoo kanaa dhiibbaa malli barnoota afaanii isa amaleeffannaafi sosochii barsiisonni mala barnoota afaanii waallee dubbii walquunnamtii irratti qabaniidha jedhamee waan tilmaamameef kaayyoon qorannoo kanaa hojiirra oolinsa mala ammayyaa isa walquunnamtii hirmaannaa barattootaarratti hunda'uu kana xiinxaluudha.Barattoota 1626 keessaa dhibba tokko,barsiisota sadiifi hoggantoota mana barumsichaa sadii hirmaatoota qorannichaa ta'uun fudhatamaniiru.

Akkaata qoratichi qorannoo isaa itti eegales akka qabxiiwwan kanatti aananii jiranitti; Malli barnoota afaanii inni amaleeffannaa isa barnoota waallee dubbii irratti rakkoo fiduufi dhiisuu isaa; Sosochii barsiisonni kaayyoo dalagaleefi seerawwan adeemsa barnoota waallee dubbii walquunnamtiiAfaan Oromoorratti qaban sakatta'uudha.Haalota hojiirra oolinsa barnoota walquunnamtii waallee dubbii daree keessatti:hirmaannaa barattootaa,adeemsa filannoo meeshaalee deggeersa barnootaafi hawwii barattootaa eegurratti sochii barsiisonni qabaniifi kanaan kan walqabatan irrattiidha.

Yaadawwan qorannoo kanaaf barbaachisuu walitti qabuuf qorataan kun meeshaalee garaagaraatti gargamee jira.Gaaffiiwwan barattoota kutaa kurnaffaa Afaan Oromoo baratan dhibba tokkoofi barsiisota isaan barsiisan sadiif mana barumsa filatameef kennamee jira.Haalli kan biroon,odeeffannoon haala hojiirra oolinsa mala kana ittiin too'atan hubachuudhaaf,gaaffiifi deebii hooggantoota mana barumsa kan ta'an nama sadiif godhamee jira.

Akkuma kana,hirinni garaagarummaa deebiiwwan qaamota filatamoo qu'annoo giddutti mul'achuu malu guutuuf yookaan ammo amanamummaa dhugaa qorannichaa eeguuf

daawwannan daree geggeeffamee jira. Akkuma kutaa sakatta'a wabilee jalatti eerametti, qabxiilee cimina mala barnoota waallee dubbii walquunnamtii mul'isan keessaa sosochiin kun barnoota afaanii kan barattoota giddugaleeffatu ta'uufi akka tooftaa barnoota afaanii uumamaatiin barachuu isaanii; fedhii, dandeetti, hubannoo, tooftaafi adeemsi isaan itti baratan adda durummaadhaan yaada keessatti kan qabatu ta'uu isaa; waallee afaanichaa duwwa osoo hin taane hiikaafi walitti dhufeenya waalichi hubannoo bu'uura afaanichaa (discours integrant with language skills) irratti kan hunda'ee ta'uu isaa, kana malees, dagaagina dandeettii walquunnamtii (Communicative competence) duwwa utuu hin taane dandeetti ijaarsa hawaasummaa (Social competence) keessattillee kan hunda'uudha.

## 5.2. Argannoo

Haala odeeffannoo dhiyaateen qabxiileen murteessoon kun hojiirra hin oolle jechuun ni danda'ama. Akkuma waliigalaatti, qabxiileen argannoowwan bu'uura qorannoo kanaa kan armaan gadiiti dhiyaataniidha:

1. Waalleen dubbii walquunnamtii daree barumsa Afaan Oromoo keessatti mul'atuufi hojiirra oolaa jiruu.

- ✓ Akkaatan hojiirra oolinsa isaa akkuma hubannoon ilaalametti akka jedhamee jecha himteedhaan dubbatamu kanatti salphaa hin ta'u.
- ✓ Akki walquunnamtii daree agarsiisuuf qophii dalagalee garaagaraafi hojii barnootaa akkasumas, meeshaalee deggeersa barnoota addaan hincinnee barsiisaa kan barbaachisuudha, rakkinni kunis isaa hedduu cimaa ta'ee mul'ateedha.
- ✓ Hordoffii guddina barnootaaf waliirra hin cinne kan barbaaduudha. Kan haa ta'uu malee, akkaatan teessuma barataafi haalli baayina isaanii daree tokko keessa barattootaa saddeetamaa ol waan ta'eef kana hojiirra oolchuuf baay'ee rakkoodha.

2. Ergaan waallee dubbii walquunnamtii daree barumsa keessatti dabarsu qabu irratti miidhaa jiru hubachuuni.

- ✓ Miidhaan malli amaleeffanna (barsiifataa) barnoota afaanichaan geggeeffamurratti fideedha.

- ✓ Barsiisaan yammuu ibsa kennu barattoonni dhaggeeffachuu, yaadannoofi qajeelcha inni kennu ykn isheen laattu barreessurratti fuuleffatu, akkasumatti adeemsa waallee dubbiichaa sammuutti qabachuurratti xiyyeeffatu;
- ✓ Yeroo mara barattoonni hiika akkaata waallee dubbiichaatiif hincarraaqan;
- ✓ Turtii barsiisaan barnoota dabarsuuf fudhatu; yeroo barattoonni ofii isaanii ibsuuf fudhatanii wajjin yoo tilmaamamu, kan barsiisaa baay'ee guddaadha. Dalagalee daree keessa ykn gochii hundumtu barsiisaadhan kan hojjetamaniidha.

3. Eenyummaan barataafi barsiisaa daree barumsa keessatti waallee dubbiitiin ijaarame tasuma waan hin argamneedha;

- ✓ Kanaafuu, sosochiin barsiisonni adeemsa barnoota mala kanaatiin geggeeffamurratti qaban quubsaa miti, barsiisotaafis leenjiin kennamu qabu turees baay'ee muraasa.

### **5.3. Yaada Furmaataa**

Adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti itti gaafatamummaan galma gahinsa afaanii kan qaama tokkoo duwwan mirkannawu danda'a jechuun nama dhibba. Kanaafuu, ogeeyyiin itti gaafatamummaa kanaan gaditti dhiyaatan utuu bahanii adeemsa barnootaa akka yaadota beektonni kaa'aniin hojiirra ooluu danda'a.

#### **1. Barsiisonni Afaan Oromoo:**

- ✓ Barattoonni hojiiwwan garaagaraa kan akka afaanitti gargaaramuun rakkoof furmaata kennuu, amala namoota kan biroo too'achuufi akkaata walquunnamtii adda addaa uumuu sochii miira ofiifi ibsa hiika waanta kanneen irra adda taa'an uumachuufi kan kanaan wal fakkaatan akka hojjetan taasisuutu isaaniirra barbaadama.
- ✓ Kaayyoofi qabiyyee barnootaa ifa gochuudhaan barattoonni keessatti akka qooda fudhatan taasisuu, dalagawwan daree jijjiiruufi mata duree haarawwa kennu, hojiiwwan barnoota dukaa kan deemu meeshaalee adda addaa gargaaramuu; barnoota darbe keessa deebiiwun yaadachisuun kakaa'umsa uumuu.
- ✓ Tooftaalee muuxannoo waallee dubbii walquunnamtii daree guddisuu danda'an fedhii barattootaarratti xiyyeeffachuun qopheessuudha.

- ✓ Barsiisaan barnoota kennu haalaan akka ifa ta'aa jiru gaaffilee hirmaana barattootaaf ta'an adda addaa gaaffachuudhaan hordofuu;
- ✓ Qabiyyee adda baafachuu,odeeffannoo barnoota argachuu,daree barnootan alatti yeroo shaakalaa qabachuu kan qabu barattoota warra dhiira ykn shamarranii qofa akka ta'ee hin mulanne adda baafachuu keessatti barattoonni qoodachuu qabu.
- ✓ Barattoonni hanga sadarkaa kamittiilee yaada ofii ibsuuf sodaa tokko malee akka isaan bilisa ta'an gochuutu irra jira.
- ✓ Mala firoommii walquunnamtiitiin hojiirra oolchuun beekumsa barattoonni duran qaban faana walitti fiduun akka isaan baratan taasisuudha.
- ✓ Barsiisan Afaan Oromoo meeshaalee deggeersa barnoota kanneen akka meeshaalee qabatamaafi fakkii fayyadamuuniifi xiyyeeffannoo kennuun waallee dubbii barsiisuun; barattoonni haala qabatama naannoo isaanii wajjin walitti fiduun walquunnamtii waallee dubbii akka baratan gochuu qabu.

## **2. Barattoonni:**

- ✓ Akkaa waan dandeetti afaan sana qabanitti of ilaalu duwwa utuu hin ta'iin argannoo jechoota waallee dubbii walquunnamtii daree Afaan Oromoo keessatti itti fayyadamaniiifi hiikaa isaa beekuu,yaada isaanii maddisiisuudhaan waa tokko keessatti hirmaachuudha.
- ✓ Hiika waallee dubbii xiyyeeffannoo kennanii barachuun dandeettii waallee dubbii walquunnamtii cimsachuu, Akkasumas,fedhii barachuu afaan isaanii guddisuun dansaadha.
- ✓ Fedhii isaanittiin barnootaaf itti gaafatamummaa fudhachuun barachuu,of kakaasuu miira (Feeling) uumu,daree barnoota keessatti argamuun hojiilee idilee isaanii beekuu qabu.
- ✓ Barnoota waallee dubbii walquunnamtii daree barumsaa Afaan Oromoo keessaa irratti xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.

## **3. Biiron Barnoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa:**

- ✓ Barsiisonni Afaan Oromoo daree kurnaffaa barsiisaniif akkaata walsimu danda'un leenjii garaagaraa mala barnoota waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo akka kennamuuf haala mijjeessuu qabu.



- ✓ Mala baruufi barsiisuu keessatti adeemsa barnoota barataa giddugaleeffate ittiin geggeeffamu uumuudha.
- ✓ Akkaata kitaabonni waallee dubbii Afaan Oromoo of keessatti qabatan itti qophaa'u danda'an haala mijjeessuu qabu.

Walumaagalatti, yaadolee furmaataa kanneen kana fudhachuun xiyyeeffannoon itti kennamee baruufi barsiisuu keessatti, waalleen dubbii daree barumsa Afaan Oromoo keessaa yoo hojiirra oole, dandeettiin dubbii barattoota fooyyaa'a; fedhiin barachuu isaanis ni dabala jedhamee amanama.

## Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing press.
- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*, Addunyaa Barkeessaa (2011). *Sanyii: Jechaafi caasaa isaa. Finfinnee Efficiency Printing Press.*
- Addunyaa Barkeessaa (2014). *Semmoo: Bu'uura Barnootaa Afaaniifi Afoola Oromoo, Oromiyaa Angeles: Heinle and Heinle Publishers.*
- Atkins, et al. (1995). *Skills Development Methodolgy, part 2*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Baily, D. (1994). *Methods of Social Research*. (ed). New York: The free press.
- Batsone, R. (1995). *Grammar*. Oxford: Oxford University Press.
- Best, J. W. and Kahn J. V. (1999). *Research in Education*. 7<sup>th</sup> edition New Deli: Prentice Hall.
- Brumfit, C. J. (1984). *Communicative Methodology in Language Teaching: The Roles of Fluency and Accuracy*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Brown, G. (1994). *Discourse Analysis*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Celce-Murcia, M. (1991). *Teaching English as a Second or Foreign Language*. Second Edition. Los
- Celce-Murcia, M. (1984). "Interaction and communication" Forum-Vol XX (2) pp 2-7
- Celce-Murcia, M. (1988). *Techniques and Resources in Teaching Grammar*. Hong-Kong: Oxford
- Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Companies Inc. Cook, G. (2003). *Applied Linguistics, Oxford Press. Essay*. Finfinnee: Efficiency Printing Press. Finfinnee: Far East Trading PTC. Florida: Academic Press.

- Cooper,L.R and Nahum,F.(1976), “*Language in The Court*”,In Bender. M.L.etal.(ed) *Language in Ethiopia*. London: Oxford University press.
- Crystal,D.(1987). *The Camberage Encyclopedia of Language*.Combridges:Combridge University pres.
- Dastaa Dassaaleny.(2013).*Bu ’uura Qorannoo.Finfinnee*:Far East Trading Plc.Eterprise.
- Genenew Bekele. (1992).*The Problem of Teaching Grammar*.Addis Ababa university (Unpublished,
- Free man,d.(1992).*Language Teacher Education,Emerging Discourse and Change in Classroom Practice*. Hong Gong: University of Hong Gong.
- Glencoe.(2001).*Writers Choice:Grammar and Compension (V-2)*.Texas:Glencoe Megraw Hill
- Gootz,P,J.and Margaret,L.D.(1984).*Ethnography and Qualitative Desgn in Education Research*.
- Gumpers,J.J.(1982).*Discourse strategies*.Combrige,UK;Combridge University press.
- Harmer,J.(1987).*Teaching and Learning Grammar*.Cambridge:Longman.
- Kral.T.J.(19).”*Life-Saving Techniques for the Foreign Language Lost at sea*.”Forum anthology:
- Larsen –Freeman,D.(1991).*Teaching Gramma,in Techniques and Resources in Grammar Teaching*, P.270-278.
- Lema Gemechu.(1997).*Teaching of Passive Voice Addis Ababa University* (Unpublished,Senior
- Lewy,A.(1979).*Handbook of Curriculum Evaluation*.UNESCO:Paris.
- Little Wood W.T. (1981).*Communicative Language Teaching*.Cambridge: Cambridge University Press.
- Malaman.Thomas,A. (1987).*Classroom Interaction*:Oxford.Oxford University Press.
- Mehan,H.(1985).*The Structure of Classroom Discourse*.Handbook of Discourse Analysis,Vol.3: Discourse and dialogue.(pp.119-131)

- Michaels,C.J.(1987).*Text and Context:a new approach to the study of classroom writing*.Discourse Processes,10(4),321-46).
- Michaels,C.J and Collins,J.(1984).”*Oral discourse styles;Classroom interaction and acquisition of literacy,*”
- Michael Halliday,(1985). *Practical Techniques for Language Teaching*.Publication.
- McDonough,J.and Shaw,C.(1993).*Materials and Methods in ELT*:Oxford:Black Well.
- Nasr,R.T. (1972).*Teaching and learning English*. Singapore: Longman Singapore Publisher.  
Press.
- Rechards,J.C and Rogers,T.S (2001). *Approches and Methods*.Combridge: Cambridge University Press.
- Rivers,W.M. (1983). *Communicating Naturally in Second Language*.Cambridge:Cambridge
- Rivers,W.M. (1987). *Interactive Language Teaching*.Cambridge: Cambridge University Press.
- Rymes,B.(2008).*Classroom Discourse Analysis:A Tool for critical Reflection*.Cresskill,NJ;Ham-  
ton press.
- Sowell,E.J. (1996). *Curriculum: An Integrative Introduction New Jersey*:Prentice Hall.  
University Press.
- Ur,P. (1988). *Grammar Practice and Activities:A Practical Guide for Teachers*.Cambridge:
- Ur,P. (1996) *A course in Language Teaching Practice and Theory*.Cambridge:Cambridge  
University
- Ur,P.(1986).*A course in Language Teaching*.Cambridge:Cambridge University Press.
- Wajinryb,R.(1992). *Classroom Observation Tasks:A Resource Book for Teachers and Trainers*.
- Zoltan Dornyei.(2007).*Research methods in applied Linguistic*:Oxford University Press.Website  
[WWW.http//WWW.hose.org](http://WWW.hose.org)

**Dabalee ‘A’**  
**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**  
**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,**  
**JOORNAALIZIMIIFI SAB-QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**  
**OGBARRUUFII FOOKLOORII.**

**Dabalee ‘A’ Haala Daawwannaa Daree**

Barsiisaa: \_\_\_\_\_ Guyyaa: \_\_\_\_\_ Baay’ina barata \_\_\_\_\_ Mataduree \_\_\_\_\_ Wayitii \_\_\_\_\_

Yeroo \_\_\_\_\_ Barnootaa: \_\_\_\_\_

1. Xiyyeeffannoo gama barataarraa barnootarratti. \_\_\_\_\_

✚ Akkaataa barattoonni itti hojjetan: \_\_\_\_\_

A. Dhuunfaadhaan \_\_\_\_\_

B. Cimdiidhaan \_\_\_\_\_

C. Garee muraasan \_\_\_\_\_

D. Garee hundaan (whole class) \_\_\_\_\_

✚ Qooda barataa dareetti \_\_\_\_\_

2. xiyyeeffannoo barsiisaarraatti:

Akkaatawwan barsiisaan barumsarratti yerootti gargaaramu:

○ Yeroo jalqabiifi itti fayyadame \_\_\_\_\_

○ Yeroo dhiyeessa barnootaaf fudhate \_\_\_\_\_

○ Yeroo cuunfaa barnootaa hojjetu \_\_\_\_\_

✚ Gaheen hojii inni dareetti hojjetu:

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

D. \_\_\_\_\_

E. \_\_\_\_\_

✚ Akkaataan barsiisaan barattootaa isaa itti kakaasu:

- A. \_\_\_\_\_
- B. \_\_\_\_\_
- C. \_\_\_\_\_
- D. \_\_\_\_\_
- E. \_\_\_\_\_

✚ Haala itti gargaarama meeshaalee deggeersa barnootaa:

Kaayyoo isaa \_\_\_\_\_

3. Adeemsa dhiyeessaafi shaakala gochaa:

Akkaataa haalonni (contexts) itti uumaman \_\_\_\_\_

Haala xiyyeeffannoo barsiisotaa:

- A. Haala waallee dubbiirratti \_\_\_\_\_
- B. Ibsa caasaarratti \_\_\_\_\_
- C. Haqaawwan hawaasummaarratti \_\_\_\_\_
- D. HUnduma isaa irrattiyyuu \_\_\_\_\_

✚ Carraa shaakala waallee dubbii:

- A. Tasumaa hin jiru \_\_\_\_\_
- B. Baay'ee gadi aanaa \_\_\_\_\_
- C. Gadi aanaa \_\_\_\_\_
- D. giddugaleessa \_\_\_\_\_
- E. Olaanaa \_\_\_\_\_
- F. Daraan olaanaa \_\_\_\_\_

Carraan shaakkalaa haala kamiin fixan bahee?(yoo argame)

- A \_\_\_\_\_
- B \_\_\_\_\_

4. Sadarkaa hirmaannaa

A. d Dalagaawwan barattoonni hojjetan dareetti. \_\_\_\_\_

B. Dalagaleen daree kaayyoo barnootichaa waliin ni deemuu? \_\_\_\_\_

Eeyyee

Lakkii

5.Hordoffii daree (Classroom management):

A.Dalagawwan daree haala ifaadhaan (salphaadhaan) barattootaa kenname?

Eeyyee

Lakkii

B.Barattoonni nuffanii jeeqamanii?

Kaayyoorratti

Gochaawwan dalagaleerratti

C.Akkaataa daree:

- Wacuu\_\_\_\_\_
- Callisuu\_\_\_\_\_
- Sagalee sadarkaa garagaraa\_\_\_\_\_
- Sagalee baabaachisaa\_\_\_\_\_

6.Bu'aa yaad deebii (feedback):

A.kan yeroo fedheeti kennamu\_\_\_\_\_

B.kan dhuunfaadhaan kennamu\_\_\_\_\_

C.kan gareedhaan kennamu\_\_\_\_\_

7.Si'aayina jiru:

✚ Haala daree keessaa:

kan haalaan kaka'e\_\_\_\_\_

Kan jabbinaan hojjetu\_\_\_\_\_

Kan haala biraan dalagu\_\_\_\_\_

8. Daawwana waliigalaa daree (Overall Classroom Observation)

**Dabalee ‘B’**  
**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**  
**KOOLLEEJII NAMOOMAA,QO’ANNOO AFAANOTAA,**  
**JOORNAALIZIMIIFI SAB-QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**  
**OGBARRUUFII FOOKLOORII**

**Dabalee ‘B’ Gaafilee Barattootaa**

**Gaafannoo tooftaa barnoota waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo ilaalchisee barattoota kutaa kurnaffaaf qophaa’e.**

Kabajamaa barataa\_\_\_\_\_

Gaafiiwwan armaan gadii mala barnoota walquunnamtii waallee dubbii daree barumsa Afaan Oromoo mana barumsa sadarka lammaffaa Godina Wallagga Lixaa keessatti hojiirra ooluufi dhiisuu isaa qorachuuf odeeffannoo garaagaraa walitti qabuuf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gaafiilee ijoo qaamawan tooftaa barnoota waallee dubbii asiin olitti dhiyaatan irratti xiyyeeffatan kan armaan gadi jiddugaleeffachuudhaan hojiirra oolinsa mala kanaa sakkatta’uudha.

- ✚ Barnoonni walquunnamtii waallee dubbii Afaan Oromoo haala adeemsa hayyuuleen adda addaa kaa’anitti hojiirra olaa jira moo hin jiru?Yoo hin oolu ta’e rakkooleen jiran maal fa’i?
- ✚ Hubannoon namoonni hojiirra oolinsa mala kanaarratti qooda fudhatan maal fakkaata?.Maalawwan barnoota isa duriitu hojiirra olaa jira moo isaa kan ammayyaati? Utuu malli kun akka mata dureetti fudhatame hojiirra ooluu baate,hirrin adeemsa waallee dubbii afaanichaa akkasumas barattoota mudatan maalfaa ta’uu kan malaniifi kan kana fakkaatan.
- ✚ Yaad deebiin ati gaafiilee kanneeniifi kan birootiif kenniitu bakka gahinsa qorannoo kanaatiif gahee guddaa qaba.



**Hubachisa:**Maqaa kee barreessuun hin barbaachisu.

**Kutaa duraa.Odeeffannoo dhuunfaa**

**Qajeelfama.1ffaa**

Barataa,gaafiilee armaan gadiitiif mallattoo (✓) kana saanduqa keessa kaa'uudhaan deebisi:Galatomi.

1.Maqaa mana barumsa-----

2.Saala:                   Dhiira                      Durba   

3.Umuri:                   15-17                      18-20    20                   

4.Kutaafidaree \_\_\_\_\_Lakkoofsa \_\_\_\_\_

5.Afaan dhalatee argate (mother tongue)\_\_\_\_\_

6.Akkaata kitaaba daree itti fudhatte:

-Dhuunfaadhaan ,-Gareedhaan,-Cimdiidhaan,-Tooftaa kan bira


**Kutaa lammaffaa:Odeeffannoo dhimmoota kan waliigalaa**

**Qajeelfama 2ffaa**

Barataa,gaafiilee armaan gadii deebisuuf akka tolu,hiika ykn furmaata armaan gadii hubadhu.Ergasi booda,mallattoo ( ✓ ) lakkoofsa deebii kee bakka bu'uu danda'u jalatti barreessi. Galatoomi.

-Lakk."5", (Daraan Olaanaa) kan jedhu bakka bu'a,-Lakk."4", (Olaanaa) kan jedhu bakka bu'a,-Lakk."3", (guddugaleessa) kan jedhu bakka bu'a.-Lakk."2", (Gadi aanaa) jedhu bakka bu'a.-Lakk."1", (Daraan gadi aanaa) kan jedhu bakka bu'a,-Lakk."0", (Tasumaa hin jiru) kan jedhu bakka bu'a.

Lakk	Gaafiiwwan odeeffannoof dhiyaatan	Lakk.Deebii bakka bu'an					
		5	4	3	2	1	0
1	Fedhiin ati barumsa waallee dubbiif qabdu ammami?						
2	Barsiisaan waallee dubbitti gargaramuudhaan seera ammayyaa fayyadamuun gaafiifi,seenaa himuu,oduu himuu,yeroo himuufi of ibsuurratti dareetti carraa siif kennu?						
3	Hojii maree adda addaa kanneen akka cimdiin dubbachuu ykn garee muraasan caasaa afaaniirratti adeemsisuu,waan gareen mari'atan gabaasuu,shaakala dubbii akka gootan barsiisaan isiniif kennu?						
4	Barumsa waallee dubbii dubbisa keessatti akka baratan carraa isiin laatu?						
5	Barumsa waallee dubbii dhaddeeffannaa keessatti akka shaakalatan carraa ni argatu?						
6	Yeroo barsiisaan dareetti itti gargaaramuu yoo tilmaamtu kan atii shaakala dubbiif fudhaatuun wal madaallu?						
7	Hojiin gilgaalota garaagaraa kan akka hanqina jiru furuu,waliin dubbachuu,haasadhaan waldorgommuu keessatti akka bara-ttoonni adeemsisaan ni taasisu?						
8	Kaayyoo gigaalota dareetti barsiisaan iftoominan ni Laata?						
9	Iftoomni ykn ibsi qajeelfamoota dalaga gilgaalota dareetti barsisaan kennaan.						
10	Barsiisaan yeroo isaan meeshalee barnoota kan akka gabatee,suura adda addaa barnoota waallee dubbiitiif itti gargaaraman hagami?						
11	Hojiiwwan gilgaalota adda addaa kitaabaan ala ta'an daree keessatti barumsa waallee dubbii hojjetu maal fakkaata?						
12	Waliin haasan barattoota gidduutt dareetti geggeeffamu, barumsa seerluga waallee dubbii ilaalchisee attami?						
13	Hobannoon barsiisaan qabxiilee barumsa waallee dubbiirratti kennan,yaadannoo barreessan,dalaga gilgaalota yaadannoo booda hojjetamaniif deebii kennuu.						
14	Qoodawwan barsiisaa: Yaadannoo ijoo caasaa waallee dubbii barreessuu						
	🚩 Hojiiwwan yaadannoo booda hojjetan ni sirreessuu						

	 Beekumsa barattoonni waalichaarratti hundaa' uudhaan haalawwan dubbiitiin akka shaakalan taasisuu; wantoota adda addaa akka dubbatan ni godhuu.						
15	Qoodawwan barattootaa: <ul style="list-style-type: none"> <li>○ Yaadannoo fudhachuufi gilgaalota hojjechuuf fedhii qabachuu.</li> <li>○ Ergaa waallee dubbiitti fayyadamuudhaan waliin marii geggeessuun, gabaasa laatu.</li> </ul>						
16	Yeroo haasoftu, seera waallee dubbii cabsiina jettee shaakiin ati qabdu hoo?						
17	Akkaatawwan barsiisaan barumsa haala waallee dubbii barsiisuuf uumanii mulisan ammam ta'a?						
18	Gaafiiwwan garaagaraa barsiisaan hubannoo barattootaa madaaluuf gaafatan maal fakkaata?						
19	Hubannoon fakkeenyawwan barsiisaan barumsa waallee dubbii walquunnamtii tokko tokkoon isaa irratti kennaan hima mata keetii akka uumtuuf si fayyaduuf tumsan akkami?						
20	Gilgaalonni ati kana dura maalummaa isaa quba qabdu heddummi isaanii ammami?						

21. Yaadolee kan biroo akka rakkootii hafanii jiru kan jettu, waa'ee barumsa waallee dubbiirratti haala walquunnamtiitiin dareetti akka waliin hin haasofne si daangeessan maal fa'i jettee yaada? yaada keetii wanta xiinxaltu bakka duwwa armaan gadiirratti barreessuun deebisi. \_\_\_\_\_

---



---



---



---



---



---

**Galatoomi!**

## Dabalee ‘C’

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJI NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIZIMII FI SAB-QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,

OGBARRUUFU FOOKLOORII

### Dabalee ‘C’ Gaafiilee Barsiisotaa

Kabajamaa barsiisaa, \_\_\_\_\_

Gaafiileen armaan gadii malawwan barnoota walquunnamtii waallee dubbii Afaan Oromoo mana barumsa sadarkaa lammaffaa Godina Wallagga lixaa keessatti hojiirra ooluufi dhiisuu isaa qorachuuf odeeffannoo garaagaraa walitti qabachuuf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon isaas gaafiilee ijoo handhuura mala barumsa walquunnamtii waallee dubbii ta’an xiyyeeffachuudhaan argannoo tokkorra gahuu dha. Gaafiiwwan kunneen keessaa muraasni isaanii kan armaan gadiitti:

- ✚ Barnoonni mala waallee dubbii walquunnamtii Afaan Oromoo akkaata seera beektonni garaa garaa yaada itti kennanii kaa’anitti hojiirra oolaa jira moo hin jiru? yoo oolaa hin jiru ta’e, rakkooleen mala hojii baruufi barsiisuu irratti mudatan maal fa’i?
- ✚ Ogummi namoota hojiirraa oolinsa malam kannarratti qooda fudhatan qaban maal fakkaata? Mala isaa duriiti (Traditional method) moo isa walquunnamtiitu (Communicative approach) mulata jira? Kanaaf kan kana fakkataniidha.

Gaafiiwwan kana hundaaf, deebiin isin obsaafi gara laafinaan kenniitan galma gahinsa qorannoo kanaatiif bakka guddaa qaba.

**Hubachiisa:** Maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu. Galatoomaa!

**Kutaa duraa. Odeeffannoo dhuunfaa**

**Qajeelfama:** Barsiisaa, gaafiilee yaada kutaa seensa jalqabaa jalatti ka’e ilaalchisee, ibsa adda ta’e

Kan hin barbaachifneef mallattoo (✓) saanduqa kenname keessatti barreessuudhaan deebisaa. Gaafiilee ibsa barbaadaniif, bakka duwwa kennamaniirratti barreessuudhaan deebii kenna.

1. Maqaa mana barumsaa \_\_\_\_\_

2. Saala: Dhi  Dub

3. Umurii: 21-25  26-35  36-40  50 ol

4. Sadarkaa barnootaa:

12+1       12+2       kan biro-----  
12+4       12+3

5. Barnoota ijoo (major)-----Duukaa isaa (minor)

.....

6. Afaan dhalootaa (Mather tongue) \_\_\_\_\_

7. muuxxannoo Afaan Oromoo barsiisuu \_\_\_\_\_

- a) Sadarkaa lammaffaa \_\_\_\_\_
- b) Sadarkaa giddugaleessaa \_\_\_\_\_
- c) Kan biro \_\_\_\_\_

### **Kutaa lammaffaa: Odeeffannoo dhimmoota waliigalaa**

**Qajeelcha:** Gaafiilee armaan gadii deebisuuf akka isinitti tolu, hiiktuu armaan gadii hubadhaa. Kanaan booda, mallattoo (✓) lakkoofsa deebii keessan bakka bu'uu danda'u jalatti barreessaa. Galatoomaa!

**Furtuu:** -Lakk."5", gaalee "Daraan olaanaa" jedhu iddoo bu'a, -Lakk."4", jecha "olaanaa" jedhu iddoobu'a, -Lakk."3", gaalee "giddugaleessa" jedhu iddoobu'a, -Lakk."2", gaalee "gadi aanaa" jedhu iddoo bu'a, -Lakk."1", gaalee "daraan gadi aanaa" jedhu iddoo bu'a, -Lakk."0", gaalee "Tasumaa hin jiru" jedhu iddoo bu'a.

Lakk.	Gaafiiwwan	Lakk.Deebii bakka bu'an					
		5	4	3	2	1	0
1	Fedhiin afaan barsiisuu keessanii						
2	Barbaachisummaan barumsa seerlugni waallee dubbii afaanii keessatti qabu hagami?						
3	waallee dubbii walquunnamtii barsiisuuf malli hojiirra oolu/oolan:						
	a) Ibsa kennu						
	b) Rakkoo hiiku						
	c) Marii adeemsisuu						
	d) Gaafii dhi'eessu (Inquiry)						
	e) Agarsiisa (Demonstration)						
4	Ergaa waallee dubbii ogummaa (skills) waliin barsiisuun hangi jiru:						
	A. Dalagalee gilgaalota dhaggeeffannoo keessatti						
	B. Dalagalee gilgaalota dubbachuu keessatti						
	C. Dalagalee gilgaalota barreeffamaa keessatti						
5	Waallee dubbiirratti carraa barattoonni ittiin shaakaluu,du-bbachuu,walquunnamtii haasawwa garaagaraa ittiin hojje-chuu daree keessatti						
6	Hawwiin barattoonni waalichan baratanirratti waliin mariifi gochawwan garaagaraa kanneenakka seena himuu,falmii geggeessuu (debating) fi kan kana fakkaatan daree keessatti adeemsisuuf qabdan						
7	Kaayyoo gilgaalota dareettibarattoonni dalagan muuxannoo qabaniin ibsuu						
8	Adeemsa (procedure) gilgaalonni ittiin hojjetaman barattootaaf ibsuu.						
9	Gilgaalota garaagaraa kitaaban ala jiran kan akka rakkooleef furmaata kennuuuf muuxannoon isin qabdan,tapha,walbaruufi kan kana fakkaatan barattoota hojjechisuu.						
10	Halli itti fayyadama meeshaalee deggeersa barnoota (Supplementary materials						
11	Halli itti fayyadama waallee daree (Classroom organization discourse used):						
	a) Dhuunfaan						

	b) Cimdiin (pair)								
	c) Garee muraasan								
	d) Daree hunda (Whole Class)								
12	Gosoota walhubannoo waallee daree (Classroom Interaction) yoo jira ta'e:								
	A. Barsiisaafi barattoota								
	B. Barataafi barataa								
	C. Lachuu iyyuu								
13	Leenjiiwwan garaagaraa isiniif kennaman								
14	Gaafii gaafachuuf barattoonni sodaa isaan qaban								

15. Gaheewwan (roles) waallee dubbii barnoota afaanii keessatti qabumaal faata'u danda'a?

---



---



---



---



---



---

16. Waallee dubbii mala walquunnamtiiin barsiisuun maal of keessaa qaba?

---



---



---



---



---



---

17. Barnoota waallee dubbii keessatti gaheen barsiisaa maal maal ta'u ta'uu qaba jettu?

---



---



---



---

---

---

18. Barnoota waallee dubbii walquunnamtii keessatti gahee barataa maal faa ta'u qaba jettu?

---

---

---

---

---

---

19. Sagantaa karoora barnootaa:

a. kan waggaa ni qopheeffattuu? Eeyyee, Lakkii

b. Kan torbanii ni qopheeffattuu? Eeyyee, Lakkii

c. gosoonni ijoo ta'an kan karoora barnootaa maal fa'i?

20. Bu'aan (goal) barumsa waallee dubbii maal jettu? \_\_\_\_\_

---

21. "Barnoota waallee dubbii keessatti barsiisonni odeeffannoo kana dura beekan barsiisuu qabu, sababni isaas kaka'umsa barumsaa ittiin uuma" jedhutti ni amantu?

Eeyyee, Lakkii, Sababa keessan utuu kennitanii:

---

22. Waallee dubbii mala walquunnamtiitiin barsiisuuf rakkoolee jiru jettanii yaadan barreessa \_\_\_\_\_

---

Galatoomaa!



**Dabalee ‘D’**  
**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**  
**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,**  
**JOORNAALIZIMIIFI SAB-QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**  
**OGBARRUUFII FOOKLOORII**

**Dabalee ‘D’ Gaafilee Hoggaantootaa**

Kabajamaa \_\_\_\_\_

Kaayyoon gaafiifi deebii kanaa kallattiidhaan mala barnoota walquunnamtii waallee dubbii Afaan Oromoo mana barumsa sadarkaa lammaffaa Godina Wallagga Lixaa keessatti hojiirra ooluufi dhiisuu isaa sakkatta’uuf odeeffannoo gara waajjira keessaniittiin argamuu danda’u walitti qabuudha.

**Gaafilee**

1. Barumsa Afaan Oromoo keessattuu kan waallee dubbii ykn caaslugaa, mana barumsa sadarkaa lammaffaa keessatti barsiisota moo barattoota giddugaleeffata? Haala mana barumsaa Aanaa /Godina/ kana keessa jiru utuu ibsiitanii? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. Tooftaaleen hojiirra oolinsa kanaa yoo oole ittiin too’attan maal fa’i? waggaatti, kurmaana-tti /simisteerratti/ kan biroo ... si’a meeqa? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

3. Quunnamtiin qophii, hojiirra oolinsa, madaalliifi gabaasa, kan kana fakkaatan, mala barumsa walquunnamtii waallee dubbii ilaalchisee manneen barnoota sadarkaa lammaffaafi kutaa kurnaffaa aanaa, aanaafi godina jiddu jiru maal fakkaata? \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

---

---

4. Barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa kanatti kutaa kurnaffaa barsiisaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti maal fakkaatu, keessumattuu qabxiilee armaan gaditti dhiyaatan irratti?

a) Qophii karoora barnoota kan waggaafi torbanii qopheessuu irratti:

---

---

b) Itti fayyadama meeshaalee gargaarsa barnootaa adda addaa irratti:

---

---

c) Mana kitaabaatti handhuura barnootaa... Gilgaalota adda addaa qopheessuuf fayyadamuu irratti \_\_\_\_\_

d) Kabaja itti fayyadama yeroorratti \_\_\_\_\_

5. Carraaleen leenjjiwwan adda addaa barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaan argatan maal fa' I? ( yoo jiraate

6. Walumaagalatti, tooftaa barumsa walquunnamtii waallee dubbii afaanii barnoota barattoota giddugaleessa godhate hojiirra oolchuuf rakkooleen mudachuu danda'an maal faa ta'u jettanii yaaddu? \_\_\_\_\_

---

---

Galatoomaa!

## **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

**Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa,hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhi'aanee ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.**

**Maqaa \_\_\_\_\_**

**Mallattoo \_\_\_\_\_**

**Guyyaa \_\_\_\_\_**

**Ani Dr. \_\_\_\_\_ barataan kun hojiin isaa kun Ofittisuuf dhiyaachuu danda'u isaa mallattoo kootiin mirkannesseera.**

**Maqaa Gorsaa \_\_\_\_\_**

**Mallattoo \_\_\_\_\_**

**Guyyaa \_\_\_\_\_**